# Gaa’ela Misirroo Kristos Isa Hin Mul'anne

Shreveport, Louisiana USA

65-1125

1 Gooftaa tajaajiluuf jedhee adeemsan adamoof qabu dhiiseera. Kanaaf inni… Asitti argamuu keenyaaf guddifnee in gammadna. Akkuman yeroo darbe isinitti hime, yeroo as dhufnu hubdumaatti namni nuyi of keessaa dhabnu in jiraata.Yoo bara dhufu deebinee dhufne, yoo Gooftaan ture, namni nuyi of keessaa dhabnu in jiraata.

Nama tokkotu jira, nama baay'ee baay'ee gama Hafuuraatiin natti siqutu ture; innis obboleessa keenya Laaylee dha. Ani yeroo hundumaa duuba sanaan yeroon ol seenu, yeroon simatametti dhaabadheen faarfannaa obboleessa keenya Jaakiin durfamu kan garee namoota afuriin faarfatamuun dhaggeeffadhan ture. Galgala kana isaan humna guddaadhaan faarfataa turan. Gaariidha egaa, sagaleewwan kana keessaa inni tokko namoota sadan kana ol gubbaa iddoo sanatti eegaa jirra. Kana booda lafa kana irratti sagalee isaa raawwadhee lammatadhaga'uu hin danda'u. Garuu dhugaadhumatti lammata dhaga'uuf aggaamaan jira,obboleessa, obboleettii keenyaa Moore, biyya isaan keessa…achitti raawatee hingalgalaa'u.

2 Obboleessi keenya Paalmer garbicha Kristos isa guddaa ture. Innijireenya isaa guutuu Waaqayyoof kennuu isaa isa obboleessa keenya Jaak nattihimaa ture nan yaadadha. Isaan hojii mukaa walii wajjin hojjetu turan. Innilaaqana isaa nyaachaa, saandiwiichii isaa harka tokkoon cuffachaa, harka isaaisa kaaniin immoo Macaafa Qulquluu dubbisa ture. Hubattanii? Obboleessi keenuaPaalmer waan baay'ee gurguddoo hojjeteera. Inni hojjetaa mukaa gaarii, ijoolleeisaatiif abbaa gaarii nama turedha, isaan maatii jaallatamoo dha. Gooftaa akkatajaajilaniif maatii isaa hindumaa kaase. Hamman beekutti hundumtisaanii kanfayyaanii fi Hafuura Qulqulluudhaan kan guutamanii dha. Inni kun immoo gumaachanama kam irraa bara kanatti, dhiiras ta'e dhalaa irraa eegamuu dha. Garuu, hubadhaa, wantiinni hojjechaa ture hunduu hamma Waaqayyoof hojjechuu kan isaaf ga'e hin jiru.Egaa galgala kana, wanti inni lafa kana irratti hojjete, waan gaarii hojjeteef badhaaisaa fudhachuuf deemeera, warra duraa wajjin ta'uudhaaf deemeera. Waaqayyolubbuu obboleessa keenyaa haa boqochiisu.

3 Nan beeka, hamma godoon mana Qulqullummaa as jirutti, nan beekainni…sagaleen isaa amma iyyuu as in jiraata. Dhaggeeffachuu dandeessu.Obboleettii keenya Aannaa Jiinee fi obboleettiin ishee Orgaanii fi Piyaanootapahatu, isaan raawwatanii isa hin eegan in jalqabu malee. Obboleessi keenyaPaalmer immoo dhufee faarfannaa isaan harkaa fuudhee itti fufsiisa. Isaan isaqabataniiru. Anis raawwadhee… Faarfannaa inni dura bu'u dhaggeeffachuuf nafanafan eegan ture.

Ijoollee isaa; haadha manaa isaa; akkasumas obboleessa keenyaJaak, inni hiriyaa isaa isa jabaa dha, isaan waggoota kana hundumaahiriyummaadhaan turan; akkasumas obboleessa keenya Braawunii fi haadha warraaisaa, akkasumas Waldaan guutuun; Waaqayyo isin haa eebbisu. Anis akkuma keessanisa dhabeera. Waaqayyo lubbuu isaa qaalii sana ngaan haa boqochiisu hamma nuyinagaadhaan isa arginutti.

Mataa keenya gadiqabannee kadhanna.

4 Ulfaataa Abbaa keenyaa isa Waaqa irraa, amma waa'ee garbicha keeisa guddaa kanaa dubbachaa turre, galgala kana isa inni yeroo hundaa harka nafuudhaa, seequu isaatiin na booji'aa, “Obboleessa koo Branhaam, Waaqayyo sieebbisu” naan jedhaa mana keessa deemu sana yaadeera. Nan beeka galgala kana,inni gara mana keetiitti ol fudhatameera. Kanaaf yaa Waaqayyo jaallatama sinkadhadha, firiin isaa, hojiin isaa isa duukaa akka bu'u, guddatee ijoollee isaafi haadha manaa isaa wajjin akka itti fufu akka gootuuf sin kadhadha. YaaGooftaa akka ishee eebbiftuufan si kadhanna. Ati, “Warra haadha iyyeessaata'aniif abbaa manaa nan ta'a” jettee dubbatteetta. Haadha warraa Paalmerii fiijoollee isaa hundumaaf sin kadhadha. Akka hiriyaattis, akka Abbaattis isadhabuun akkam akka na gaddisiise nan beeka.

5 Egaa, yaa Abbaa, galgala kana asitti argamneerra, guyyicha sanaafonnee keenya akka qopheessituuf si kadhanna. Nuyi hin beeknu. Inni akkuma hojiiisaa akka tasaa dhufuu danda'a. nuyi yoom akka inni dhufu hin beeknu, garuuakka inni dhufu in beekna. Kanaaf yaa Waaqayyo si kadhanna, onnee galgala kanaas jiru hundumaa tuqi. Yaa Waaqayyo kan koos dhiiftee bira hin darbin. Kan koosakkasuma tuqiitii qori. Yaa Gooftaa, yoo wanti hamaan keessa jiraate buqqisiikeessaa baasi. Nuyi si tajaajiluu barbaanna. Kaayyoon keenya guutummaatti sitajaajiluu dha.

6 Galgala kanaa fi guutummaa turban kanaatti Hafuura Kee nurrattidhangalaasi. Godoo mana Qulqullummaa kana maqaa Godoo Jiraataatiin (LifeTabernacle) eebbisi. Inni guutummaa eebba maqichaa fi guutumaa JireenyaWaaqayyoo haa fudhatu, turban kanatti lubbuun bade hunduu haa fayyu, amantoonni hunduu Hafuura Qulqulluudhaan haaguutaman, akkasumas yaa Gooftaa, abdiin nu keessa jiru ammas haa haareffamu.Akkasumas dhukkubaa fi dhibee nutty dhufu irraa akka nu fayyiftuuf si kadhanna.Yaa Gooftaa Hafuurri Qulqulluu kee inni guddaan amma dhufee isaan haa fayyisu.Tokkoon tokoon isaanii akka amananiif isaan dibi. Isa kana hundumaa nuufraawwadhu, yaa Abbaa.

Yaa Waaqayyo amma na gargaari. Ergaa kee sabaan ga'i, an gadan jedhaa.Yaa Waaqayyo, namni itti

hirmaata gama tokko akka dhaabatu sin kadhadha.Hafuurri Qulqulluun dhufee nurratti haa socho'u yaa Goofaa. HaafuurriQulqulluun wal ga'ii kana haa dhuubfatu, yaa Gooftaa. Nuyi hir'ina hir'inabaay'ee akka qabnu in beekna. Nu keessa namni tokko illee isa raawwachuu kandanda'u hin jiru. Isa raawwachuu dandeenya jennee dubbachuu hin dandeenyu.Garuu yaa Gooftaa isa kana kan godhu si isa tokkicha ta'uu in beekna. Kanaafyaa Gooftaa nuyi si barbaaddachaa jirra. Yaa Hafuura Waaqayyoo socho'iihaaromsa nurratti dhangalaasi. Maqaa Yesusiin si gaafannaa. Ameen.

7 Amma guutummaa biyyaatti waldaa toora irra jirtan hundumaaf nagaaWaaqayyoo isiniif dhi'eessuun barbaada. Nuyi toora bilbilaa irra jirra, innisimmoo caasaa xiqqoo fi fooyya'aa ta'e kan karaa obboleessa keenya Peerii GriinBii'umont, Teeksaas irraa nuuf argatee dha. Kanaaf Waldaan guutummaatti, warriguutummaa Amerikaa keessaa ergaa kana hordofaa jiran, galgala kana bilbilaanwal qabsiifamaniiru. Gara lixaan, olii fi gadi kan jiratan, gadi karaaVankoverii hanga Tijuwaanaa, Meksikoo, Saan Joosee, Loosaangeles hunduumaafnagaan keenya isin haa ga'u. gurmuun achi jiratan, nuyi Shirevport irraa nagaaisin gaafanna. Akkasumas karaa Preskoot, Ariizoonaa hundumaaf, gurmuu Tuuksaniifi Siiraa Viistaatti walitti qabamtanii Gooftaa eeggachaa jirataniif nagaaisiniif ergineerra. Karaa Niwu Yoork kana jirtanii fi guutummaa biyyichaakeessa kan jirtan, tokkoon tokkoon keessan Gooftaan haa eebbisu. Galgala kanautuu as biyya Laawusaaniyaa ishee bareedduu fi umurii dheeraa qabdu kanaa utuujiraattanii hawwii kooti, isheen anaaf mana koo isa lammaffaa natti fakkaatti.Ani…

8 Isinuu beektu, isin namoonni Niwu Yoork in beektu, akkaataanhaasaa keessanii xiqqoo na kofalchiisa. Amma galgala kana dhugaadhumatti manakoon jira. Eeyyee. Namoonni as gooda kana jirtan hunduu isa isaan, “Heloo,'d'ere' Branhaam. Obboleettii keenya haadha warraa kee fi 'all the young'ns'fidiitii kottuu nu argi” jedhan dhageessaniittu. Oo, yaa anaa! Inni kun baay'eenatti tole. Inni anaaf Ingiliffa isa dhugaati. Namoota bahaa fi kaabaa,akkasuma bakka garaa graa jirtan gaditti ilaaluu koo miti. Garuu, akkanyaadutti akka warra durii sanatti waanan dhaladheef bifuma sanaan jiraachuunqaba jedhee waanan yaaduufi. Ani ofii kootii gosa warra sanaati. Inni IngiliffaQulqulluu dha.

Ani yeroo muraasa dura asitti ciree warra Biizines Meenii irrattiargameen ture, isaanis “Amma kaanee dhaabannee faaruu biyyaalessaa faarfanna”jedhan. Ani ka'ee dhaabadheen, “Isa fagoo, isa kan Keentuukii duriinfaarfadhan” jedhe. Gaarii dha, egaa inni anaaf faaruu alaabaati. Wanti anibeeku yoo jiraate isa kana dha. Egaa, nagaa isiniif ergineerra. Amma egaa…

9 Nan amana, isaan sambata ganama yeroo ciree warra Biizines Meeniiirratti tamsaasuuf yaalaa akka jiran nan abdadha. Obboleessi keenya Griin boodaisinitti hima, ammaaf ala sana guddistuu sagalee bira waan jiruuf. Kanaaf inniyeroo itti sa'aatiin ciree jalqabuu fi galgala hubdumaatti waan ta'u hubateeisinitti hima. Kabaja guddaadhaan isin galateeffanna. Nuuf kadhadhaa.

10 Egaa warri mandaraa asitti walitti qabamatanii fi Waldaan Jaaksan,galgala kana gargaarsan isin gaafachuuf jedha. Galgala kana ergaa galataadhi'eessaa guutummaa Waldaa sgantaa kana hirmaataa jiranii fi Waldaalee naannookana wajiin jiranii wajjin dhi'eessaa waliin turra. As irratti tarii xiqqoodheeressuun danda'a. achumaanis tarii doktriinii wayiis barsiisuun koo hinhafu. Kanaaf yoo isaa wajjin walii galuudhaabaattan…

Akkuman yeroo baay'ee waa'ee firii Cheerii nyaachuu dubbachuujaalladhu, “Yeroon firii kana nyaachuuf gara isaatti fiigu, firii isaa hin gatuija isaan keessaa baasee gata malee, egaa firii isaa nyaachuu itti fufaa.”

Kanaaf yoon galgala kana waa tuquuf yaale, ani… Gaariidha egaa,afeerraa kana simadhee sababan galgala kana Ergaa galataa dhi'eessuuf dhufeefanqaba, sababiin isaas immoo obboleessi keenya Jaak yeroo hundumaabilisummaadhaan balbala isaa bane, “Waan laphee kee irra jiru lallabi” naanjedha. Kanaaf akka mana kootiittan ilaala.

Tarii asitti, waldaa mandara kanaa kan Obboleessa keenya Jaakiikeessa, tarii tajaajiltoonni Barsiisa (Doktriinii) kanaan waliif hin gallejiraachuu dandeessu. Yeroo baay'ee waltajjii namani itti na afeeree, kottuudubbadhu naan jedhu irraatti waa'ee Doktriinii dubbachuuf maal naan jedhuutunatti dhaga'ama. Egaa, galgala kana gara dhumaatti dhukkubsattootaaf inkadhanna ammaaf garuu tajaajila bifa baratameen itti fufna. Utuun hin jalqabindura waa isin yaadachiisuun barbaada, innis wanti isiniif hin liqimfamne yoojiraate, mormuu dandeessu, ani isin caalaatti hin beeku. Akkasumas naafkadhadhaa.

11 Egaa amma gara Sagalee Waaqayyootti haa deebinee caaffataQulqulla'aa haa dubbifannu. Utuun har'a bakka baay'ee tuttuqee natti tola,sababiin isaa kutaa Macaafaa baay'ee fi yaadannoo baay'een taabileetii irraattibarreessee of harkaa qaba.

Waggaa digdama dura yeroon Waldaa Laayif Taabernakilitti yeroojalqabatiif Waltajjiitti ba'e nan yaadadha. Kutaa Macaafaa fi yaadannoobarreessee fudhee achi hin ba'un ture. Ani yeroo sanatti dargaggeessa waggaadigdamaan ture. Amma garuu ergasii waggaa digdamii shan fixeera, kanaaf ani… yeroolammaffaatiif. Kanaaf…akka kanaan duraatti yaadachuu hin danda'u. Kutaamacaafaa barreessuutu narra jiraata, akkasumas waanan tuquu barbaade gabaabseenbareeffamaan qabadha.

Sagalee Waaqayyoo keessaa Ergaa warra Roomaa boqonnaa 7 waandubbifannuuf Gooftaan nuuf haa eebbisu. Egaa amma isa kana akka burumsa guyyaasambataattin barsiisa.

12 Namoonni dhaabbachaa akka jiran nan beeka. Waldaa Jefersenviileewarra jiratnis akkasuma galgala kana nagaa isin gaafanna, waldaa achiikeessatti galgala kana bilbilaan dhaggeeffachuuf akka walitti qabamtanii jirtanin beekna, utuu as jiraattinii argitanii namoonni asii waldaa guutanii alaguutanii iddoo taa'an dhabaniiru. Egaa, isinis warri kutaa biyya sanaa keessajirtan akkasuma alaa fi mana guuttanii Ergaa kana dhaggeeffachuuf dhuftaniittujedheen yaada.

13 Amma egaa isa kana akka barsiisa guyyaa Sambataatti barachuufdeemna. Waan biraatiif kan qophaa'e miti, nama niraatiif kan qophaa'e miti,yookiin waan kamiifuu miti; waldaa, dhagna Kristoos warra yaada gadi fagoo fikaayyoo dheeraadhaan Gooftaan Yesuus dhi'ootti akka dhufu amanuudhaan isaangeggeessaa jirruufidha malee. Dhi'ootti dhufuu isaa in amanna. Baay'ee tureera,ergan Shireevpoort dhufee waggaa digdamaa ol ta'eera. Oo, wantootni baay'eenta'aniiru erga yeroo sanaatii! Amma egaa bara dhaloota kanaa keessa Gooftaan akkadhufuuf eeggachaa jirra. Bara dhaloota kanaa keessa haaromsi akka ta'uuf anieegaa hin jiru. Ani kanan eegaa jiru bara dhalootaa kana keessa Gooftaan akkadhufu dha.

14 Amma Roomaa boqonnaa 7 baafadhaa. Bakka jirtan hundumaatii,guutummaa biyyaatii Macaafa Qulqulluu keessan akka banattan nan amana. Ammaegaa sirriitti akka dubbiftan barbaanna. Ergaan barreeffama kanaa wal hiikuuhaadha manaa fi abbaa manaa fakkaata, garuu akkas miti. Anaaf inni raajiiWaldaa bara dhumaatiif dubbatamee dha. Mee haa dubbifannu.

Obboloota ko,isin warra seerahubattanitti nan dubbadha; seerri hamma namni jiru duwwaatti nama irrattigooftummaa akka qabu hin beektanii ree?

Fakkeenyaaf dubartiin heerumte tokko,hamma abbaan manaa ishee jiraatu duwwaatti seeraan itti hidhamtee jirti; abbaanmanaa ishee yoo du'e garuu, seera isa ittiin abbaa manaa ishee sanattihidhamteettii hiikamuu isheeti.

Egaa akka kanatti abbaan manaa ishee utumajiruu, dhiira kan biraa wajjin yoo jiraatte ejjituu jedhamti; abbaan manaaishee yoo du'e garuu isheen seera sanattii hiikamteetti, dhiira kan biraattiyoo heerumtes ejjituu hin jedhamtu.

Akkasuma yaa obboloota ko, isin warribu'aa dhagna Kristos taatanii duutanii turtan, seera isa itti hidhamtaniiturtan jalaa hiikamtaniittu! Kanaaf kan nama biraa, kana jechuunis kan isawarra du'an keessaa kaafamee in taatu; kanaan hundumti keenya Waaqayyoof ija ingodhanna.

Yeroo nuyi akka fooniitti jiraachaaturre, hawwiin foonii inni cubbuudhaan guute seerichaan toosifamee, du'aaf akkanuyi ija godhannuuf, bu'aa dhagna keenyaa keessaa in hojjeta ture.

Amma garuu seera isa moofaa dur caafamejalatti utuu hin ta'in, jireenya Hafuuraa isa haaraa keessatti akka hojjennuuf,isa nu hidhate jalaa duunee, seerattiis hiikamneerra.

15 Mee haa kadhannu.

Yaa Waaqayyo jaallatama, nuyi dhugaadhumatti Sagalee Waaqayyoo isaqulqulla'aadha jedhee isa amannu dubbafanneerra. Innis immoo isa nuyi ittiamannu dha, innis immoo cittuun tokko yookiin lakkoofsi tokko illee utuu hinraawwatin akka hin dabarre in amanna. Gooftaan keenya Mul'ata boqonnaa 22irratti, “Eenyu illee jecha tokko yoo itti dabale yookiin jecha tokko yoo irraahir'ise, akkasuma ga'een isaa Macaafa Jireenyaa irraa akka hir'ifamu” jedheeisa nutty dubbate in amanna.

Isa kanas in beekna, sagalee kana karaa malee hiikuudhaan,seexanni akkuma Hewaaniif karaa malee hiikuu isaatiin, jecha tokkittii akkaisheen shakkitu gochuudhaan, guutummaa dhala namaa hunkurama kana keessattikuffiseera. Jecha tokkittiidhaan!

Wlakkeessa macaafa Qulqulluutti immoo akkauma arginu, Gooftaankeenya fayyisaan dhufee waa'ee kanaatiif jecha nuuf kenne. “Namni buddeenaqofaan hin jiraatu, dubbii sagalee Waaqayyoo isa Afaan isaa keessaa ba'uhundumaan malee.”

Itti aansees, of eeggachiisi guddaan Macaafa Mul'ata Yesus Kristoskeessatti kenname, “Eenyu illee namni jecha tokko itti dabalu yookiin jechatokko irraa hir'isu ga'een isaa Macaafa jireenyaa irraa akka duraa fudhatamu”dubbatameera.

16 Yaa Waaqayyo,nuyi in beekna, hammam qodaa caccaboo akka taane inbeekna, funyoo jireenyaa isa ciccitu irra deemaa akka jirru in beekna, innisimmoo jireenya duuti keessa jirudha (ol gara gubbaatti yoom akka waamamnu hinbeeknu), yaa Gooftaa waan yaada garaa keenyaa keessa jiru hundumaa duubattidhiifnee, waan yaada sammuu keenyaa keessaas akkasuma dhiifnee, galgla kanakallattiidhumaan gara Sagalee keetii haa ilaallu, ati immoo haafuura kee isaQulqulluudhaan nu gidduutti argamii hiikkaa sagalee keetii nuuf kenni. Isa kananuuf raawwadhu.

Hafuurri kee nurratti roobee yaada garaa keenyaa sagalee keetiinnuuf haa dibu, nuyis galgala kana jireenya keenya isa duraa irra warrafooyya'an taanee, warra Yesuus Kristoosiin arguuf isatti dhi'aatan nu godhi.Nuuf dhaga'I yaa Gooftaa, bara keessa jiraachaa jirru kana akka hubannuuf,akkasumas bara kana keessa Waaqayyo saba isaa qopheessaa akka jiru akkahubannuuf; bara hamaa, bara dukkanaan liqinfame isa nuyi keessa jiraachaa jirrukana akka hubannuuf nu gargaari. Yaa Waaqayyo, isa dubbatu qofaa utuu hin ta'inwarra dhaggeeffatanis isaan dibi. Hundumaa keenya, lapheen keenya Sagalee keetiif akka raafamu nu godhi.‟Waaqayyoon sodaachuun jalqaba ogummaati.” Isa kana nuuf raawwadhu yaa Abbaa,maqaa Gooftaa Yesusin si kadhanaa. Ameen.

17 Wantiitan armaan gaditti tuquu yaaluuf deemuu fi Caaffata waliinilaaluuf deemnuuf mata duree kennuufiin barbaada, yoo fedha Gooftaa ta'eluqqisa baay'ee barsiisa kana duukaa deeman, jechuunis Ergaa Galataa isa hinmul'anne kana duukaa kan deemu baay'eetu jiru. Innis: Gaa'ela Misirroo Kristos Isa Ijaan hin Mul'anne. Gaa'ela MisirrooKristos Isa Ijaan hin Mul'anne kan jedhudha. Ergaa galata dhi'eessuu hinfakkatu. Ta'us Caaffata Qulqull'aa kamiif iyyuu, hundumaa isaaf galatadhi'eessuu qabna.

Bara kana keessa jiraachuu kootiif Waaqayyoon nan galateeffadha,bara seenaa biyya lafaa raawwachuuf jedhu kana keessa jiraachuu kootiif. Anihin beeku. Utuu Waaqayyo uumamuu biyya lafaatiin dura waan hundumaa tooraqabsiisee, ‟Akka ati lallabdun barbaada. Gara biyya lafaa deemtee lallabuudhaafbara isa kam keessa dhaquu barabaadda?” naan jedheera ta'ee bara kanan filadhanture, sababiin isaa barri kun anaaf bara Warqeeti waan ta'eef.

Ani dhugaadhumatti utuun bara inni biyya lafaa irra fooniinturetti utuun as tureera ta'ee nan jaalladha. Garuu, amma iyyuu, yeroon amma kuniyyuu yeroo guddaadha, sababiin isaa yeroon kun yeroo Inni namoota warra kanIsaa godhate, warra Inni kan Isaa godhatee wajjin du'aa ka'uuf warra dhi'aatanfudhachuuf dhufaa jiru waan ta'eef. Maal carraan ulfina qabeessi nuyi warradu'uuf jedhanitti dubbachuuf qabnu kun, maal yeroon akkasii! Waa'ee isakanaatiif in gammadna.

18 Adeemsi seenaa cufamuuf akka jedhu in beekna. Seenaan biyya lafaakanaa yeroo dhi'oo keessatti in xumurama, yeroo sanatti nuyi bara haaraatti,gara barkumee isa guddichaatti in tarkanfanna. Akka amanaa tokkotti, an nanamana… barkumee keessatti, barkumeedhaaf Kristos wajjin in moona, kunis Waggaakuma tokkoof lafa kana irraatti in ta'a; saba isaa ulfinaan, warra dhiiga isaanqulleesse qaamaan fudhachuudhaaf deebi'ee qaamaan dhufuu Gooftaa Yesusidha.

19 Phaawolos fakkeenya kana irratti, caaffata dubbifanne kana irrattiwaa'ee seeraa fi ayyaanaa bifa gaa'eelaa fi gaa'ela hiikuutiin wal qabsiiseeibsaa ture. Keeyyiti kun yeroo baay'ee irratti hin lallabamu, sababiin isaaguddates, xiqqaates, dhimma gaa'elaa fi hiikuu gaa'elaa waan ta'eef. Garuuakkasumas dhimma ga'ee gaa'elaa fi kiikuu gaa'eelaa isa guddaa, isa nuyi akkawaldaatti tooraan kaa'uu qabnu, isa nuyi akka Waldaatti, Kristoosittisheerumnee Biyya lafaattis al tokkotti heerumnee, seeraa fi seera qabeessa ta'uuhin dandeenyee, akkuma dubartiin abbaa manaa lubbuun jiru utuu qabduu abbaamanaa biraa wajjin jiraachuu hin dandeenyee kan nutty mul'isuu dha. Ani waa'eeisa kanaa yaada mataa kootiin qaba, akkasumas immoo wanti Macaafni Qulqulluunjedhus dhugaa dha jedheen amana.

Amma egaa, garuu nan amana, akkasumas, akkan amanutti, inni kundhoksaa raajii isa guddaa ifatti ba'e keessaa isa tokko. Nan abdadha, galgalakana akkuma namoota guutummaa biyyaatti nu eeggachaa jiraniin ergaa kana akkageenyu Gooftaan nu gargaara jennee abdanna.

20 Akkas jedhame yeroo tokko, ‟Yeroon barreeffama kana qopheessaature waa dubbasaan ture, kitaaba wanti kun keessatti argamu sirriitti yaadachuuhin dandeenye, garuu sirriitti nan amana wanti kun dhugaadha.) innis (Kitaabaobbo Raayit Muudii nama Chikaagoo keessati kanan dubbise; galgala kanaChikaagoodhaas Waldaa nu dhaggeeffataa jiran baay'ee qabna.) innis immoo, ObboMuudiin Ergaa warra Roomaa boqonnaa 7 erga dubbisee booda gara karaatti fiigee,nama jalqaba argeen, ″Ayyaantuu beektaa?‟ jedhee gaafate.

Namichis deebisee, ‟Ayyaantuu eenyuu?”jedhe.

Obbo Muudiin immoo, ‟Ayyaantuu Waaqayyoo”jedhee deebiseef.

Kanaaf, inni Ayyaanni hamma seera irraa adda akka nu baase yeroohubatetti baay'ee isa gammachiise, ga'een Ayyaanni taphate hammam guddaa dha.Egaa, amma, wanti anai gochuu barbaadu yoo jiraate, yeroon… yeroo hundumaa isakana sabatti nan dubbadha, yeroon karaa biraatiin tooraa ala ba'utti, lafaa olka'ee faarfachuun jaalladha.

Ayyaana dinqisiisaa! Sagalee akkammi'aawu,

Yaa isa miskiina akka kootiifayyisee!

Ayyaana, ayyaana baay'ee mi'aawu!

Ayyaanni caalmaatti haa beekamu!

“NUyi Ayyaana isaatiin fayyine malee waan gochuu dandeenyuunmiti.” Wanti nuyi dandeenyu, wanti nuyi goonu hinduu nutty hin lakkaa'amu.Wanti nu fayyisu Ayyaana isaati. “Karaa amantii keessanii Ayyaana isaatiinfayyitan.”

21 Mee ka'een dubartii Ayyaantuu jedhamtu itti dabala, mee ka'eenishee Macaafa Qulqulluu keessa kaa'a, akka Haadha warraa ishee fo'amteetti,wantin dubbachuuf deemaa jiru waa'ee Durbee Ayyaantuu jedhamtu kanaati. Beekaa,Macaafni Qulqulluun, “Haadha Warraa ishee Fo'atamte” jedhee ishee waama. Inhubattu yoo ta'e jechi “fo'amuu” jedhu, jecha, “Haadha Warraa fo'amte” jedhuirraa kan dhufe dha. Haadha warraa baay'ee keessaa, haati warraa tokkittiinfo'amte.

Akkuma Durbi Qaama Waaqayyoo biyya lafaatti fiddee turte sanaati.Isheen dubartii fo'amtee dha. Waaqayyo Maariyaamiin fo'ate.

Akkasumas Waaqayyo Dubra Misirroo isaaf taatu filateera. Isheen fo'atamteetti.Galgala kana guutummaa biyyaa keessa kan jiratan, nuyi miseensa sana keessaattiargamna jedheen abdadha.

22 Fakkeenyi kun kan agarsiisu walitti dhufeenya Misirroo Kristis,Haadha Warraa Fo'amteeti: Innis akkamitti akka isheen gara isaa akka dhuftu;eessaa akka isheen dhuftu; akkamittiin isheen isatti akka heerumsiifamtu kanagarsiisuu dha. Waldaan asitti arginu kun, wanti nuyi mul'inatti keessa taa'aajirru kun dubartiitti in fakkeeffamti. Dubartiin yeroo hundaa Waldaatti infakkeeffamti, sababiin isaa Waldaan akka Misirrootti in fudhatamti.Misirrottiin, isheen Misirrii Gooftaa Yesus isa kana Ilma Waaqayyooti.

23 Yeroo hundumaa, isin yoo haala dubartiin keessa jirtu qalbiiguutuudhaan ilaaltan, Waldaan eessa akka jirtu arguu keessan agarsiisa.

Amma egaa, wanti dubbatamu kun muraasni isaa namoota tokkotokkotti keessummaa ta'uu danda'a., garuu ergaan Waaqayyoon biraa argadhe, isansabaan ga'uuf yaalaa jiruu wajjin kan wal deeggaruu dha. Hubattanii? Wantauumama keessa jiru akkamittin akka inni ta'aa jiru ilaalaa, haala uumamaa kanailaalaa. Wanti sun karaa Hafuuraatiinis akkasuma in hojjeta.

Amma egaa, yoo haala amala dubartoota biyya lafaa bara kanaaargitaniittu ta'e, amala Wladaa biyya lafaa kanaa arguu keessa agarsiisa.Callisaatii ilaalaa. Eeyyee, amma, akkasumas Hafuurri Misirrummaa Waldaas nijira. Hubattanii?isa kanas ilaalaa. [Iddoo duwwaatu teeppii irra jira.]Sababiin isaa wanti uumamaan Misirroo jedhamee waamamus waan jiruufi.

24 Amma, adaraa ammas, mee Waldaa warra kan keenyaattan dubbadha. Wantihamaan isinitti hin dhaga'amin. Guutummaa biyyaa keessan kan jiratan, warranHaadha Warraa fo'atamtanii dha jedhee yaaduttan dubbachaa jira. Kanaaf yoowantichi tajaajiltiita as keessa jirtan tuqa ta'e, yoo isaa wajjin walii hingaltan ta'e, yeroo xiqqoodhaa nagaa buusaatii hordofaa. Hubattanii? Hubadhaa.Callisaatii dhaggeeffadhaa.

Amala kana yaadaan qabadhaa. Dubartii dubbii kaasuuf deemtu yooargitan, dubartii waan barbaadde gochuuf deemtu yoo argitan, qalbeeffadhaa,Waldaanis waanuma sana gochaa jirti. Yaadaan qabadhaa.

Garuu yeroo Misirroon isheen Hafuuraa haaromsa jalqabdus ilaalaa,yeroo isheen gara toora isheetti deebitee sarara ishee Sagalee Waaqayyoo wajjinwalirra oolchitus sirriitti caqasaa. Ammas ilaalaa, isin hubadhaa, CaaffataQulqulla'aa yeroo sanaas hubadhaa, Ergaan Misirroo sana qulleessee qabu, ErgaanDubartittii ishee fo'amte qabu in jiraata.

Biyyi lafaa, Seexanni inni wallaalchisaan, inni Misirrotti isheejalqabaa gowwomsee Sagalee Waaqayyoo akka hin amanne gochuu isaatiin akka isheenWaaqayyo irratti cubbuu hojjettu gochuudhaan…

25 Ammas akkasuma, bara kana, akkuma Waldaa buyya lafaa kanaa,Wangeela beekumsa sammuutiin qorachuudhaan Sagalee Waaqayyoo irraa fagaattanii,fagaattanii, Wangeela hawaasummaa gootan; dubartoonni biyya lafaa, isaankaraarra jiraatan, miseensa warra akkasii ta'uudhaan, haala qilleensaa walfakkaataa keessa of jiraachisu. Isaanitti himuu hin dandeessan. Isaan duudhaawalii galaa namoonni qaban hundumaa gataniiru. Hubattanii? Karaan Waldaanqabadus isa kana. Akkuma ilaaluu dandeessan Waldaan gara bulchiinsa tokkoottideemaa jirti, akkuma waan biyya lafaa kamiitti walitti dhufaa kan jirtuu fihammuma jabaattee deemtuun immoo gara Roomaatti deemti, sababiin isaa raajiinwaa'ee kanaa dubbatameera waan ta'eefi. Egaa isheen akkasi. Inni kun amalaisheeti.

26 Garuu ammas duuba deebi'aatii Waldaa ishee kan Hafuuraa ilaalaa,garee namootaa, warrii waamamanii ba'an, warri fo'aman akkamitti tokkon tokkoonhaaromsaa keessatti akka waamaman ilaalaa. Bara Maartiin Luuteritti, baraHaaromsaa sana keessa waanuma wal fakkaatutu raawwate. Bara Joon Wesiliittiswaanuma wal fakkaatutu raawwate. Bara Pheenxeqoosxaalummaan jalqabettis waanumaakkasiitu ta'ee ture. Isaan dubartiita sana tooraa Sagalee Waaqayyoo irratideebisaa turan, isaan immoo karaa irraa kaachisu turan. Achitti egaa isheeniddoo bifa hin qabnee sanatti in deebiti. Yeroo namoonni ka'anii toora qabachuubarbaadanitti, Ergaan isaaniif in dhufa, isaanis isaa wajjin toora iirra

inbu'u.

27 Luuter bara tokko keessa Abbaa Ergaa Qajeelummaa ture, Waldaanis,namoonni muraasni isaa wajjiin tooratti deebi'anii turan. Warri hafan immoohaaluuma jiraniin itti fufan. Wesiliin immoo Ergaa Qulqullummaa qabatee dhufe,Waldaanis isaa wajjin hiriirte. Warri Pheenxeqoosxee immoo Ergaa kennaaIddootti deebisuu wajjin dhufan, Waldaanis, warri bar asana fo'aman isaaniiwajjin hiriiran; sana booda booddeetti mucucaatan, duubatti deebi'anii dameeamantummaa keessa badan, hundumti isaniis karicha gadi dhiisanii sokkan.

28 Egaa amma, garuu isin hubadhaa, yeroo namoonni toora SagaleeWaaqayyoo irra bu'uu jalqabanitti Ergaa ho'aan Sagalee Waaqayyoo irraakallattiidhumaan sabaaf in ergamaaf. Isaanis ergicha qabatanii yeroo hundumaatoora isaa irra in deemu. Inni dhugaadhumatti…Waaqayyoo keessa, Nuyi is asanaqabna.

Nuyi maatiwwan qabna. Maatiin as jiru hunduu isa kanaaf maamiladha. Yeroo tokko tokko wanti hunduu barootaaf haala gaarii ta'een isiniifadeemsifama. Sana booda wanti hunduu al tokkotti wal isin jalaa rukuta, akkumagara kibbaa kanatti yeroo baay'ee dubbannee sanaa, “Yeroo roobutti, innidhangalaasa,” achumaanis wanti hunduu akka hin jirre ta'a. Yeroo galgalaa'ekeessa deemaa jirtu. Itti aanee immoo guyyaatu dhufa, sana boodas ingalgalaa'a. Wanti hunduu haala walitti fufiinsa ta'een adeemsifama.

29 Raajichi, Phaawulos asitti kan inni dubbachaa jiru, abbaan manaaishee inni duraa utuu hin du'in dubartiin lammata heerumuu hin dandeessu.Abbaan manaa ishee hamma lubbuun jirutti, nama kan biraatti heerumuu hindandeessu; bifa kamiin iyyuu taanaan isheen kana gochuu hin dandeessu. Hammaabbaan manaa ishee lubbuun jirutti, isheen qofaa ishee jiraachuu qabdi. Isheencubbuu akkasii yoo hojjette, “Ejjituu jedhamtee in waamamti.” Amma kanandubbachaa jiru ishee fooniiti, kunis immoo ishee kan Hafuuraa wajjin walfakkeessuuf jedheen. Dubartiin kun yoo cubbuu akkasii raawwatte milikkita,“Ejjituu” jedhu of irraa qabaatti, kunis yoo abbaa manaa lama al tokkottiqabaattedha. Kanaafuu, kana hojjechuu isheetiin mirgi ishee Waaqayyo fi Waaqairraa duraa fudhatameera. Dhugaadhuatti ishee irraa fudhatameera. Akkataan ammaCaaffata Qulqull'aa kana dubbisetti, isheen dinagdee Waaqayyoo keessaabaafamteetti.

30 Waldaanis yeroo sagalee Waaqayyoo Seera Waldaa fi dame amantummaawajjin waliin maktu akkasuma ta'uu isheeti. Isheen dame amantiitti heerumaa,Misirroo Kristoosis ala tokkotti ta'uu hin dandeessu. Isheeen isa tokkottiiyookiin isa biraattii du'uu qabdi. Seerri asitti isa kana dubbata. SagaleeWaaqayyoo keessa seera gaggaariitu jira. Inni egaa seera Isaati, Phaawuloosisawaa'ee kanaa dubbataa ture. Isheen seera Waldaa biyya lafaatti heerumteeMirirroo Kristos ta'uu hin dandeessu, sababiin isaa, (Isheen) tokkittiinfaallaa warra kaaniiti. Amma yaadadhaa.

“Gaariidha, nuyi canatti inamanna, garuu nuyi sanatti hinamannu” in jedhu.

31 Kristositti heerumtan yoo ta'e, Kristos Sagalee Waaqayyooti.Wangeela Yohaannis boqonnaa took keessatti, “Sagalichi jalqaba waan hundumaature; Sagalichi Waaqayyo bira ture; Sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture;Sagalichi nama foonii ta'ee nu gidduus buufate” jedha. Kristos Sagalee jiraataature. Inni yeroo hundumaa Sagalee ture. Inni amma iyyuu Sagalee dha. Inni yeroohundumaa sichittis Sagalee dha. Inni qaama Waaqayyoo waan ta'eef IlamaWaaqayyoo jedhame.

Ilmi kam iyyuu qaama abbaa isaati, akkuma isin jiinii sanyii abbaakeessanii keessa, yeroo abbaan keessan ijoollee dagaggeessa turetti isa keessaturtaniiti. Garuu inni isinii wajjin hirmaattuu gochuu hin danda'u ture,sababiin isaa abbaan keessan isin hin beeku waan tureef. Garuu, yeroo sanattibiyyoo gabbataa haadha keessanii keessa sanyichi dhaabamuudhaan gara biyyalafaa kanaa dhuftanii fakkaattii abbaa keessanii ta'uu dandeessan, erga sanaabooda inni isinii wajjin hirmaattuu ta'uu dande.

Akkuma kana jiini, urjiwwan yookiin molikiyuulonni utuu hinuumammin dura, isin ilmaanii fi intaloota Waaqayyoo turtan. Isin ilmaanii fiintaloota Waaqayyoo turtan, isin amma fooniin kan mul'attan qaama Waaqayyoo isajalqatti isa keessa turetu fooniin mul'ate. Bifti jireenya bara baraa tokkoqofaatu jira, innis immoo isa isin turtanii dha. Waa'ee isa kanaa wanti isinbeektan hin jiru. Isinis yeroo abbaa keessan isa foonii keessa turtan hinbeektan, garuu immoo fakkaattii isaa taatanii mul'attaniittu. FakkaattiiWaaqayyoo keessatti uumamtan, ulfinaa fi hirmaattuu Waaqayyoo akka taataniifmul'ifamtan.

Kanaafuu, akkuma jiiniin sanyii keessanii utuu isin uumammaan hindhalatin dura abbaa keessan keessa ture, jiiniin Hafuuraa keessanis Waaqayyoonkeessa ture, sababiin isaa isin qaama yaada isaatii isa Inni uumamuu biyyalafaatiin dura qaba turee dha. Sirrii fha. Karaan isa marsu hin jiru. Inni kunsirrii dha.

32 Amma hubadhaa, lubbuun isin keessa jiraataa jiru kun, lubbuuWaaqayyoo isa uumammuu biyya lafaa dura turetu isin keessa jira.

Amma egaa, amma seera dame amantii Sagalee Waaqayyoo wajjin waliinmakuu hin dandeessan, sababiin isaa isan lamaanuu waliif faalla waan ta'aniifi.

Inni kun dhugaadhumatti isa Seexanni ogummaa yaada sammuu isaatiinhewaan irratti raawwatee dha. Isa kana Waaqayyo akka dubbate nan amana, garuu,“dhuguman siin jedha, hin duutu” isheedhaan jedhe. Hubattanii? Isaanis isan inamanan.

Egaa, wanti galgala kana wanti seerri waldaa hojjetus isuma kana.Dameeleen amantii sabaa fi Sagalee Waaqayyoo gargar baasaniiru. Yesus yeroodhufetti, “Seera muka abbaa keessaniif jettanii, abboommii Waaqayyoo irradaddarbitu” hin jennee? Waldaan, “Ameen” jedhan. Karaa seera waldaa keenyaatiinhirmaannaa Hafuura Qulqulluu isa Sagalee Waaqayyoo dibee dhalootaaf hiiku irraadhorkamne. Sabani carraa sagalicha hubachuu akka hin akka hin argannettidameelee amntii keessa gargar isaan facaafne.

Amma, Waaqayyo, Inni , bara dhalootaa hundumaatti, Inni kutaaMacaafa isaatii keessaa waa itti dabala. Hundinuu immoo kan wal fudhatuu dha.

Akkuma qaamni koo itti ijaarameeti. Akka natti himametti innilafaa dugdaa irraa ijaaramuu jalqabe, garuu hundi qama kootii lafaa dugdaamiti. Lfaee dugdaa irraa gara lafee cinaachaatti, gara sombaatti, garaharkaatti, gara irreetti, gara miillaa fi kan kana fakkaataniitti deeme, kunhunduu walitti dhufee nama amma isin argitan kana ta'ee mul'ate.

33 Waaqayyos jalqabtti haaluma kanaan of mul'ise. Humura irrattisakka Yaahwee, Waaqayyo Abbaa ta'ee mul'ate. Sana booda akka Waaqayyo Ilmaa,Yesus Kristos ta'ee mul'ate. Amma immoo inni akka Waaqayyo Hafuura Qulqulluuta'ee mul'ate. Yeroo hundumaatti Waaqayyo isuma tokkicha, Waaqayyo isumatokkichatu karaa sadiin mul'ate.

Amma, as keessatti kan nuyi arginu, tokkoon tokkoon bara dhalootaakeessatti Waaqayyo jalqabaa kaasee Sagalee isaa lafa kaa'aa ture.

Akkuma adeemsa jijjiirama tirannaan dhufeeti. Akkuma, tarii, WantiWaaqayyo jalqaba uume… Mee haa jennu, Waaqayyo jalqabatti biqiloota uume. Ittiannasee immoo bineensota lubbuu qaban uume. Itti aansee immoo nama uume. Akkumajijjirama adeemsa tirannaa, ol guddachaa ol guddachaa dhufe.

Wanti kun Waaqayyo fi Waldaa Isaa keessattis akkasuma ture.Qajeelummaan bara Luuter keessa dhufe. Qulqul…Inni kun Misirroo Isaa ammadhiibee kan baasaa jiruudha. Inni Misirroo Isaa ijaaruutti jira. Qajeelummaanbara Luuter; Qulqullummaan bara Wesilii; kanneen afanis akkauma kana turan,hubadhaa. Inni, Jiirama tirannaa Hafuuraatiin itti dabalaa, itti dabalaa deema,sababiin isaa qaamichi mataa isa ta'e Kristos ta'uudhaaf, dhagna Kristosta'uudhaaf ijaaramaa jira.

34 Egaa, Isheen, akkuma dubartii, isheen yoo Krostos isa ta'eSaglichatti heerumteetti ta'e, Waldaa dame amantiittis yeroo tokkotti heerumuuhin dandeessu, Isheen isatti hidhamteetti waan ta'eef. Isheen… yeroo tokkottiabbaa manaa lamaa wajjin jiraachuu hin dandeessu. Isaan walii walii isaaniitiiffaallaa dha. Inni tokko kan Waaqayyo ergedha, inni kaan immoo namtolchee waanta'eef, isaan waliif faallaa dha. “Dubbii nama hundumaa soba haa ta'u; dubbiinkoo dhugaa haa ta'u” jedheera. Waaqayyo isa kana dubbateera.

Phaawuloos akkuma dubbachaa ture, akkuma Ayyaanni fi Seerri walfaallessan, isaan kun lamaanis wal faallessu. Isa tokko duukaa jiraachuuf, innikaan du'uu qaba. “Isheen yoo isaan walitti makuuf yoo yaalte, ejjituu jedhamteewaamamti.” Oo! Mee itti yaadaa. Yaa Niwuu Yoork, Yaa Ariizoonaa, guutummaanbiyyaa, mee itti yaadaa. Waaqayyo, “Isheen al tokkotti abbaa manaa lamattiheerumuuf yaalii gooti yoo ta'e, ejjituu jedhamtee waamamti” jedhee dubbateera.Maal ejjituun jireenya Waaqa irraatti in galtii? Waaqayyo ejjituu fuudhaa?Raawatee akkas miti. Isa kana akka hin goone nutty dubbateera. “Isheen ejjituujedhamtee Waamamti.”

35 Sana booda, ijoolleen ishee, isheen yoo ejjituu taate ijoolleenishee diqaalaa taati. Diqaalaa! Maalitti diqaalomti? Waldaatti miti,Sagalichatti Diqaalaa taati malee. Isheen diqaalaa dha. Maal suuraan Mul'ataboqonnaa sadii, kan bara dhumaa kanaa, kan bara Waldaa Laa'odiqeyaa akkasii!Maal gareen diqaalaa akkasii! Maal adameen amantii wal makaa akkasii! Bu'aawookun, waan akkasii gochaa, Sagalee Waaqayyoon mormaa, “Akka alaan mul'atuttinama Waaqayyoon fakkachaa, humna nama akkasii keessa jiru immoo mormaa” nuyiKristaana ofiin jedhu. Akkuma raajichi dubbate in ta'u.

36 Gaa'elli dhaabbata angfaa addunyaa kanaati. Gaa'elli jalqabattikan adeemsifame, kan dhaabbates Iddoo Dhaabaa Eeden keessatti.

Dubartiin adaraa amaloota muraa wajjin itti kenname, kan gonkumaaraawwattee isheen xureessuu hin dandeenyutu itti kenname. Dubartiin isa kanaafadaraatu ishee harka jira. Uumama addunyaa kanaa keessa kana akka dubartii hinjirtu. Saree dhaltuun, dhaltuun bineensa kamii iyyuu adaraa dubartiitti kennamekana kan qabdu hin jirtu.

Dubartiin jalqaba uumamaa keessa iyyuu hin turre, sababiin isaaWaaqayyo akka isheen kuftu dursee beeka. Dubartii irraan kan hafe dhalaan biyyalafaa irraa ejjummaa raawwattu hin jirtu. Kan ejjuu

dandeessu dubartii duwwaadha. Isheen utuu jalqaba uumamteetti ta'ee, ogummaan Waaqayyoo inni guddaankaraatti hafa ture. Hubattanii? Nama irraa uumamte (by product) dha.

Garuu sababii isheen gama kanaan amanamummaa dhabdeef, akkasumasimmoo ajajni Qulqulla'aan ittiin isheen fayyuun dandadeessu Waaqayyo biraaisheedhaaf kennameera. Amaloota raawwattee isheen xureessuu hin qabnetuisheetti kenname.

Isheen isaan kana yoo balleessite, bara jireenya ishee guutuuxura'aa in taati. Hammam dhiifamni yoo godhameef illee, ishee qajeeltuu ta'uuhin dandeessu. Isa kana xiqqoo dagi fageessee waraanuun barbaada. Daqiiqaamuraasa booda Caaffata waa'ee kana barbaadee nan argadha. Isa of xureessitesanaaf dhiifamni godhamuufii danda'a, garuu jireenya kanatti qajeeltuu hintaatu. Inni yeroo hundumaa ishee biraa hin hafu. Amma hubadhaa. Inni isheedhaakennameera. Dhiifamni isheedhaaf godhamuu danda'a, garuu isheen qulqulluu ta'uuhin dandeessu.

37 Dhagni ishee adaraa qulqulla'aa Waaqayyo biraa isheetti kennameedha. Saree dhaltuun, simbirri, bineensi kam iyyuu, uumamni kam illee adaraakana hin qaban. Lakki. Tokkittii dubartii qofatti kenname. Isa qabaahuudhaan,isheen… Sababii wanti kun qulqullummaan qabamuu qabuuf, karaa sanaan lubbuungara biyya lafaa dhufa waan ta'eefi. Dhagni ishee ooyiruu lubbuun keessattifacaafamuu dha, kanaaf egaa dhagni ishee adaraa qulqulleeffamee isheettikennamee dha.

Wanti isin baay'een keessan, warri tiyooloojii anaa wajjin irrattiwalii hin galle kunooti. Innis immoo biyya lafaa guutummaatti kan xureesseejjummaa jalqaba irratti raawwatamee dha. Ooyiruun ishee heerumeera. Isheenilmaan lakkuu lama, Abeelii fi Qaayin deesse. Al tokkotti ijoollee lama.Caaffata Qulqulla'aa qoradhaa. Uhuhhuu.

38 Amma qalbeeffadhaa. Dhagni ishee iddoo sanyiin itti faca'u ta'uu isaa fi kanaafis immoo adaraa qulqulluu akka dhagnicha hin xureessineef isheetti kenname akka qabdu ilaalleerra. Amma dubbachaa kanan jiruuf, fakkeenya kana isiniif fudhachaa kanan jiruuf, Waldaan eessa akka dhaabbattu isin agarsiisuufi. Yaa dubartootaa, waa'ee keessan dubbachaa hin jiru. Waan fedhe iyyuu yoo taatan, inni kun isinii fi Waaqayyoon gidduu, yookiin isinii fi abbaa manaa keessan gidduu kan jiru dha. Garuu kanan dubbachaa jiru waa'ee Waldaa fi Kristosi dha.

Amma egaa, wanti isheedhaaf kenname kun, lubbuun Waaqayyo ofii isaatii kennu karaa sanaan akka dhalatuufi. Abban manaa ishee tarii baattuu sanyii ta'uu danda'a, lubbuu kan horachiisu garuu Waaqayyo dha. Inni kun sirrii dha. Ta'uus qaba. Lubbuun hunduu Waaqayyo biraa dhufuu qaba. Lubbuun kam iyyuu Waaqayyo biraa dhufuu qaba. Kan cubbamaa isa godhu yoo karaa irraa kaachifameedha, garuu lubbuun Waaqayyo biraa dhufa. Inni abbaa lubbuuti. Amma isheen…

39 Wantoota sadii, kan isheen raawwattee irraa deemuu hin dndeenye maqaa dha'uun barbaada. Amma yeroon waa'ee kanaa dubbadhu, yeroon waa'ee dubartii ishee uumamaa dubbadhu, akkuma Phaawulos Rommaa boqonnaa 7 keessatti dubbate, isin immoo waa'ee Waldaa yaadaan qabaa deemaa.

Adaraa qulqulleeffamee itti kenname kana amalaatu Gooftaa isheetiin isheetti kenname, kunis amala adda ta'ee dha. Wanti amala kana qabu immoo hin jiru dubartii dhala namaa malee. Sirrii dha. Inni kun immoo Waaqayyoon kan isheetti kenname dha. Isheen amala sana raawattee xureessuu hin qabdu.

Isheen waan dogoggoraa yoo hojjette illee, utuu abbaan manaa ishee ofitti ishee hin fudhatin dura waan raawwatame sana isatti himtee, waan sirrachuu qabu sirreessuutu isaan irraa eegama. Waldaan Seeratti heerumtes akkasuma, isheen heeruma isa lammataan dura gara Kristos dhufuutu ishee irraa eegama. Waan sana isatti himuu qabdi. Yoo isheen waan sana utuu isatti hin himin dhiistee waggaa kudhaniif erga wajjin jiraatanii booda isatti himte, inni ishee baasee kan biraa fuudhuuf mirga qaba. Isa kana Caaffata Qulqulla'aatu dubbata. Ejjummaan jireenya xuraa'ummaati.

"Yaa Yoseef, Maariyaam haati manaa kee kee Hafuura Qulqulluun waan ulfoofteef, ishee of biratti fudhachuu hin sodaatin!" Inni erga ishee kaadhimatee booda, utuu nama hin beeksisin ishee dhiisuuf yaade. Yoo ishee kaadhimatte, hamma karaa Waaqayyootiin ta'etti, isheen haadha manaa keeti.

40 Amma hubadhaa. Isheen adaraa qulqulla'aa, amala Gooftaa irraa amanamummaan irratti gatame of harkaa qabdi. Waaqayyo amala sana isheedhaaf kenne. Akkuma iddoo dhaabaa Eeden sanaa, isheen "Tole" yookiin "Hin ta'u" jechuu dandeessi turte. Adaraa qulqulluu kan dubartummaatu isheetti kenname, adraa kanas cabsuun ishee irraa hin eegamu. Dubartummaan ani as irratti dubbachaa jiru kun waa'ee amala isheeti, waa'ee amala isheen dhiira biratti qabaachuu qabduuti. Nama hundumaa… miti.

41 Foddaa televizhiinii keessatti taatota bebeekamoo warra jedhaman sana yeroo isaan dubartoota dhungatan, yeroo isaan wal haammatanii wal irra galaggalan, yeroo isaan dubartoota hooossan ilaalaa. Dubartiin amala gadhee qabdi yoo taate, waan kana hundumaa in gooti. Kana hin gootu yoo ta'e immoo, isheen kan amala gaarii qabdu in taati. Garuu, hundhaa, garaa ishee keessatti… Xannachoonni sun, xannachi saalaa hidhii keessatti argama. Dhiirri tokko dubartii tokko yoo dhungate, akka waan ishee wajiin ejjeeti. Xannachi saalaa hidhii dubartii fi hidhii dhiiraa keessatti argama. Inni yoo harka ishee

dhungate, hormooniin saalaa isaanii walitti makamuu hin danda'u. Garuu xannachi saalaa hidhii keessatti argama. Warra gati hin qabnee Hoolii Wuud keessaa yeroo ammaa ilaalaa, hundumti isanii, dubartoonni, warri kaanis jaalala jedhanii wal irra gangalatu, ijoolleen durbaa xixiqqoon immoo isaan irraa ilaalu. Hin dinqifatinaa, duudhaan keenya ajaa'ee, tortoree, xuraa'eera, sababiin isaa wanti kun ijoollee dura kaa'ameera waan ta'eefi. Inni kun sirrii dha. Bara dhumaatti akkas ta'uu qaba waan ta'eefi.

42 Amma Waldaa yaadaan qabadhaa. Isheen dhungannaadhaan of jiisaa, waan Sagalee waaqayyoo irraan kan hafe waan hundumaa walitti makaa, seexana, barnoota, qorannaa saayinsawaa fi kanneen biroo duukaa buuteetti.

Saayinsiin, barumsi, wanti hunduu, guutumaan guutuutti faallaa Waaqayyooti. Guutummaan sirna qaroominaa kan nuyi amma qabnu kun gutmaan guutuutti mormituu Kristosi dha. Qaroominni mormituu Kristosi. Sirni barnootaa mormituu Kristosi. Inni Waaqayyoon in morma. Isin, “Qaroominaan mormaa?” in jettu. Guyyaa tokko Waaqayyo qaroomina in qabaata, innis immoo du'aa wajjin walitti dhufeenya kan hin qabnee dha. Qaroominni ammayyaa kun Seexanaan dhufe. Yoo fedha Waaqayyoo ta'e, isa kana Macaafa Qulqulluu keessaa isiniifan mirkaneessa galgala kana. Wantoonni kun hundinuu kan seexanaati. Qaroominni keenya inni haaraan waan kana tokko iyyuu of keessatti hin qabaatu.

Isheen dunbartummaa ququlla'aa kana of harkaa qabdi.

43 Gochaa dhiironni dubartoota irratti raawwatan hin dinqifatinaa, sababiin isaa dubartiinni dhiira irratti wanti raawwatan karaa isaan raawwataniin miti waan ta'eef. Isheen amala ishee kan mul'isaa jirtu qumaxaa uffachuudhaan, wayyaa dhagna maxxanu uffachuudhaan, wayyaa dhiiraa uffachuu fi waan birootiin dhodhommoqaa daandii irra nanaanna'uudhaani. Waan fedhe iyyuu haa jettuu, tarii abbaa manaa isheetiif kun amala gaarii ta'uu danda'a, garuu ilaalcha Waaqayyoo duratti, “Isheen ejjituu dha.” “Ani garuu isinittan hima, namni ija hawwiitiin dubartii ilaale garaa isaatti isheetti ejjeera.” Isheenis isa kanaaf of qopheessuu isheeti.

Wanti Waldaan Biyya lafaa wajiin gootes dhugaadhumatti isuma kana.

44 Qalbeeffadhaa. Wanti isheetti kenname: amala qulqulla'aa, dubartummaa quqluqlla'aa, sana booda immoo haadhummaa quqlqulla'aa, abbaa manaaf abboomamuu.

Mee bara ammaa kana ilaalaa. Magaalota tokko tokko keessatti, magaalonni baay'een, isaan mana sirbaa kan hawaasaa, akkasumas kan miseensa Waldaa qabu. Isaan kooffiyyaa isaanii keessa furtuu kaa'anii, dhuganii in machaa'u. tokkoon tokkoon dubartootaa, dhiira turban sanaaf wajjin jiraachuu barbaadan dhaqanii furtuu koffiyyaa keessaa sana in fudhatu. Hunduu mana sirbaa akkasiiti! Waa'ee kanaa yoo fedha Waaqayyoo ta'e waan baay'ee jechuun danda'a, keessa gadi seenuuf yeroo argachuu hin dandeenye. Xuraa'ummaa akkasii!

Waldaanis amma akkauma gadhee taateetti, isheen waan hundumaa wajjin ejjiteetti, isa kana keessa deddebi'uun immoo hojii ishee miti. Isheen Sagalee Waaqayyoo wajjin jabaattee dhaabachuu qabadi.

45 Mana ijaaruun gaarii dha. Hospitaala ijaaruun gaarii dha. Wantoonni biroon hunduus gaarii dha. Sagantaaleen barnootaas gaariidha. Biyya lafaa kana irra jirra waan ta'eef dubbisuu fi barreessuu qabna. Inni un dinagdee keessaa isa tokko.

Akkuma isa jalqabatti wayyaa uffachuun nuuf hin malu tureeti. Waa'ee kanaa irraati yoo fedha Waaqayyoo ta'e totbana kana keessa nan lallaba. Garuu wayyaa uffachuu qabna, sababiin isaa Waaqayyo wayyaa nuuf kenneera waan ta'eef. Garuu, jalqabatti wayyaan nu hin barbaachisu ture, nuyi golgamnee turre.

Amma isheen cubbuudhaan golgamteetti. Hubadhaa, isheen akkuma yeroo sanaa, amma cubbuu hojjechaa akka jirtu, isheen hin beektu. Amma isheen seexanaan golgamteetti; yeroo sanatti garuu Waaqayyoon golgamtee turte. Garaagarummaan jiru isa kana.

46 Egaa amma kan nuyi hubannu, adaraa qulqulla'aa isheen cabsuu hin dandeenyetu isheetti kenname; innis, dubartummaa, hojii, amala qabaachuu, ijoollee ishee guddisuu, abbaa manaa ishee kabajuu dha.

Bara ammaa kana, waan biyya lafaatti argamu hinda caalchisanii waa'ee kanaa irratti xiyyeeffannaa godhaniiru. Utuu biiroo koo dhuftanii yeroo abbootiin manaa haadha manoota isaanii, warra Waaqayyoof sirraa'anii jiraachuuf waan gochaa turan hundumaa fi erga heerumanii jalqabanii dhiirota biroo wajjin jiraachaa turan hundumaa yeroo isaan dhugaa ba'an utuu argitanii. Oo, “Inni kun…” in jettu. Lakki. Inni kun Warruma Pheenxeqoosxee keessaati. Uhuhhuu. Warri kan biraan na bira hin dhufani. Kanaaf isaan…

Kanan dubbachaa jiru akkataa inni itti karaa argachuu danda'e yoo ta'u, innis yeroo isin waan biyya lafaa fi kan Waldaa, akkasumas faashinii fi waan hundumaa waliin makuu jalqabdanii dha. Warra Pheenxee isa jalqabaa ta'uu hin dandeenyu, guyaan halkan irraa argama. Nuyi irraa kaannee, iddoo ta'e tokkotti, iddoo dukkanaa dalga namatti galu wayiitti jal'annee, achumaan badne.

47 Maal adaraan qulqulla'aan akkasii! Maal itti gaafatamummaan dubartiitti kenname akkasii! Amma isheen Waldaa ishee itti gaafatmummaan wal fakkaataan itti kennametti maaliif akka fakkeeffamtu waliin ilaalla. Akkuma dubartiitti itti gaafatamummaa qulqulla'aan kan haadhummaa, kan amalaa, kan abbaa manaa ishee of kennuu isheetti kenname, akkasumas Waldaatti itti gaafatummaan qulqull'aan kan kadhataa, kan Sagalichaa, kan Kristos isheetti kenname.

Akkuma dubartiin dhiira biraa wajjin karaa irraa jal'atte, Waldaanis sagantaalee inistituushiinii, sgantaalee ijaarsa gamowwanii, ijaarsa manneen barnootaa fi kanneen biroo wajjin karaa irraa jal'ataniiru. Wanti isaa kana na mormisiisu hin jiru. Isaan hunduu gaarii dha. Waan akeekamaniif in fayyadu. Garuu isaan…miti.

Yesus raawwatee, “Deemaa, mana barumsaa ijaaraa” hin jenne, “Deemaa, Sagalicha lallabaa” jedhe malee.

48 Iddoon isaan itti isa didan isa kana. Inistituushiinii, Hospitaalaa fi waan biroo hin ijaarinaa. Isaan kun hunduu gaarii dha, garuu inni kun hojii Waldaa miti. Hojiin isaanii Wangeela lallabuu dha, nuyi garuu waan hundumaa goonee isa kana dhiifne. Nuyi akkuma seexanni godhe sana kallattii isaa jijjiirree, Wangeela muraasaa wajjin, waan biraa wajjin, ammas waan kan biraa wajjin walitti maknee, hamma walitti makama wayii kennuu hin dndeenyeetti waliin laaqne. Addunyaan keenya kunuu, addunyaan martuu badiisa! Gara addunyaan kun itti deemtu ilaalaa mee.

49 Dhi'oo kana gaaxexaa 'Reader's Digest' jedhu dubbisaan ture. Ijoolleen durbaa yeroo xuriin laguu isaanii itti dhaabatu ga'uu isaanii fi dhiirotatti, jijjiramni jireenyaa umurii waggaa digdamaa fi digdamii shanii gidduutti itti kan dhufu ta'uu isaan dubbise. Walkaa bara jireenya isaanii ga'uu isaaniiti umurii jedhame kanatti. Badiisa, (Maaliif?) sababiin isaas qorannoo saayinsii nyaataatiin isa isaan uumamaan argamu daakanii dhagna keenya keessa kaa'anii dha. Nuyi homaa tokko iyyuu miti, hidhaa bissii badiisaan du'aa jiruuti malee.

Egaa amma, Waldaanis akksuma taateetti. Isheen haaluma kana keessa jirti.

Isheen kanatti in fakkeeffamti. Isheen akkasuma amala qati jabeessa Hafuuraan isheetti kenname, Hafuuraa fi Sagalicha akka eegduuf, raawwattee waan biyya lafaatiin ejjummaa akka hin hojjenneef isheetti kenname. Akkuma dubartiin abbaa manaa isheetiif qabaachuu qabdu, isheenis Sagalichaaf kabaja durbummaa ishee qabaattee jiraachuu qabdi. Amanamummaa qulqulluu, dubbii Gooftaa Ishee isa seera waldaa namni bixxile, ogummaa fi damee amantii kamiin gara irraatti isheen ulfeessuu qabdutu isheetti kenname. Amanummaan Waldaatti kenname isa kana.

Yoo isaan, “Gaarii dha, Waldaan koo…” jedhan, ani waan Waldaan keessan amantuttii dhimma hin qabu. Waan Sagalee Waaqayyoon mormu yoo ta'e, waan sana irraa baqadhaa.

Macaafni Qulqulluun, “Yesus Kristos kaleessas, har'as, bara baraanis isuma sana” jedha. Maarqos 16 keessatti, “Milikkitoonni kun warra amanan duukaa in bu'u” jedha. Waldaan waan kana irraa adda ta'e lallabdi yoo ta'e, isin hin godhinaa. Isin waanuma kanaan in duutu. Sagalee Waaqayyoottii lammata dhaladhaa. “Gara biyya lafaa dhaqaa, uumama hundumaatti Wangeela lallabaa.” Inni kun hamma fagaatee hamma inni deemuu qabuu dha. “Warra amanan, guutummaa biyya lafaatti, uumama hundumaa warra amanan duukaa milikkitoonni kun in bu'u.” Akkamitti akka irraa kaanne argitanii? Sirrii dha. Garuu isheen isa kanaaf itti gaafatamti.

50 Garuu amma, safuu fiilmiin Hoolii wuudii dubartoota keenya irraa fuudhe ilaalaa.

Ani as taa'ee jaartolii jaallatamoo taa'aa jiran kannee akka obboleettii keenya Skirader, baay'een as taa'aa kan jiran, kan duuba sana jirtan, ol gubbaa sanatti obboleettii keenya Muuree, isaan kun hawwoota ani waggoota muraasa dura yaadadhuu dha. Haadholiin warra kanaa, isaan iyyuu, utuu akka dubartoota ammaa kanaatti, akka warra miseensa Waldaa ta'an kanaatti karaatti ba'aanii utuu adeemaniiru ta'ee, maraatummaadha jedhanii funyoon hidhamu turan. “Isheen isheen wandaboo uffachuu irraanfatteetti.” Gaariidha egaa, yoo yeroo sanatti maraatummaa ta'e, ammas maraatummaa dha.

Tole egaa, ilaalaa, guutummaan biyya lafaa maraachuun isaa mirkana'aa dha. Ajjeechaa fi wantoota biyya lafaa irratti yeroo ammaa raawwachaa jiru ilaalaa. Argitanii? Maraatummaa!

Wanti hundumtuu Mul'ata fiixaan baasuuf raawwachaa jiru. Turban kana tarii keessa gadi lixnee in ilaalla. Wantoonni dhokatoo ta'an kun wantoota uumamaan mul'atan miti. Isaan wantoota Hafuuraati, wanti namoonni boo'anii watwaatanii, dhagaa fi tulluun, akkasumas wanti biraa akka isaanitti kufuuf isaan hawwisiisu isa kana.

51 Xumurri, walii galli maraatummaa biyya lafaa itti galuuf deemaa jira, karaa qabatee, amma gara itti seenuu irra jira. Maaliif, tarkaanfii miila isaa ilaalaa. Kuunnoo dhi'aateera. Inni karaa irraa as adeemaa dhi'aateera, teessuma Waldaa irra taa'eera, guutummaa maraatummaa, waan namni qaroome in hojjeta jedhamee hin yaadamne hojjetu.

Waan Hoolii Wuudiin dubartoota irratti raawwate ilaalaa. Hammam akka inni ta'e ilaalaa. Inni safuu qulqulluu dubartoonii qaban isaan irraa same. Ittuma caale, ittuma caale, deemaadhuma jirra. Argitanii?

Isheen waan hundumaa dhabdeetti. Isheen akkamitti kana gooti? Sababiin isaa meeshaa afshaala Waldaa jedhamutu jira, akkuma isa iddoo dhaabaa Eeden keessa ture sanaa. Namicha afshaalla tokkotu, seexanatu akkuma isa iddoo Dhaabaa Eedenetti lixe, Waldaatti ol lixee isa kana akka isheen gootuuf ishee sossobe. Isheen sossobamteetti. Dubartiin nan doggore jettee hin yaaddu.

Hewaan nan dogoggore hin jenne. Wanti sun fedhii isheetiin hin raawwanne. Garuu isheen…Macaafni Qulqulluun Ximotewoa isa lammaffaa keessatti, Ximotewos isa duraa 3 keessatti, “Isheen in sossobamte” jedha. Sossobbiin yeroo at waan tokko fedhii malee raawwattuu dha. Inni yummuu ati waan sana akka raawwattuuf sossobamtuu dha.

52 Inni kun egaa dhugaadhumatti waan yeroo ammaa ta'aa jiruu dha. Isheen teelevizhiiniidhaan, gaazexaadhaan, namoota kanaan, waantoota gaggaarii isaan ittiin karaa irra deeman kanaan sossobamaa jirti. Shamarran ammayyaa'oo, isaan gaazexaa ilaallaan gara suuraa achirra jiruutti ija baasu. Isaan gara karaatti ija baasu. Isaan wayyaa suuqii keessaatti ija baasu. Akkamitti seexanni, mi'i sii'ool inni guddaan, namoota gudduu dhufee waantoota kanatti isaan sossobe! Dubartiin ani gaariidha jettee yaaddi. Isheen duutuu dha, akka duute immoo hin beektu. Isheen Waaqayyo irraa fagoo jirti. Akkamitti akka isheen waan hundumaa dhabdee fi akkam akka inni afshaala ta'e argitanii?

53 Har'a, akka isin hubattan nan barbaada. Yesus waa'ee isaa dubbate. Isinis yoo feetan dubbifadhaa, wanti kun dhufee akka raawwatu Yesus lafa kaa'eera (Isa kana beektuu?) sa'aatii isaa isa xumuraatti, battala fannifamuu Isaatiin dura dibbateera. Mee haa dubbifannu, Wangeela Luqaas boqonnaa 23, akkuma barumsa guyyaa Sambataati. Lakkoofsa 27 irraa eegalla, yaadannoo koo irratti qabadheera, Yesus gara gaara Qaraaniyootti deemaa jira. Nan dubbisaa dhaggeeffadhaa. Luqaas 23:27, akkas ta'a jedheen amana, yaadannoon koo akka kanatti kaa'a. Eeyyee. Kunooti.

Saba sana keessaa namoonni danuun isa duukaa turan; isaan keessaa dubartoonni immoo qoma isaanii rukutachaa boo'aafii turan.

Yesus garuu gara isaaniitti gara galee, “Yaa intaloota Yerusaalem, ofii keessanii fi ijoollee keessaniif boo'aa malee, anaaf hin boo'inaa!

Kunoo guyyoonni, 'Dhabduun, kan mucaa hin da'in, harmi hin hoosinis kan ayyaanomanii dha' itti jedhan in dhufu.

Itti yaadaa, yeroo ammaatti salphina isheen mucaa godhachuuf qabdu ilaalaa. Argitanii?

Bara sanatti tullootaan, 'nu irratti jigaa! Gaarotaanis nu awwaalaa!' in jedhu.

Egaa muka jiidhaa erga akkas godhanii, muka gogaa immoo attam godhinnu laata ree?“ jedhe.

54 Dubbiin kun guyyaa itti dubartoonni dhala godhachuu hin barbaanne dubbata. Isaan saree yookiin adurree in barbaadu, yookiin waan kana fakkaatan kan biraa in barbaadu, garuu isheen raawwattee mucaa godhachuu hin barbaaddu. Maaliif? “Isheen dullattii Haadha Hubbard (maqaa namaati) yoo mucaa godhatte.” Argitanii? Isheen hin barbaaddu. Inni kun yaadannoo Hoolii Wuudiiti. Inni, haati manaa isaa dullattii Haadha Hubbard ta'uu ishee hin barbaadu. Kanaaf isheen, akka mucaa hin arganetti karaa wal'aansa baqaqsanii hodhuu ofiif yookiin haadha manaa isaatiif mala dha'a. isaan ijoollee hin barbaadan.

Yesus waa'ee kanaa dubbateera. Inni maal dubbate? “Bara sanatti isaan boo'anii tullootaa fi gaarotaan, 'Nu irratti jigaa' jechuu in jalqabu” jedhe.

Mala ittisa da'umsaa fayyadamuu jalqabdi, kanaaf isheen mana dhiichisa halkanii dhaquu dandeessi. Daa'ima guddisuutti waan rakkattu hin qabdu. “Isheen bica dhabdi. Isheen yeroo ulfooftutti boca in dhabdi. Akka isa durii hin fakkaattu.” Abbaan mana ishee wallaallaa ta'uu isaatiin akka isheen kana gootuuf gadi ishee dhiisa. Isheen dhala isaaf hin godhattu.

Yesus waa'ee kanaa dubbateera. Inni, “Isa kana warri godhaa turan, yeroo sanatti dhagaan waan isaan irratti kufuuf isaan boo'ichatti in galu.” Jedhe. Inni kun dhufaatii Gooftaati.

Isaan saree, adurree kunuunsuuf horii baay'ee dhangalaasu. Inni kun sirrii dha. Waan tokko kunuunsuutu ishee irraa eegama, sababiin isaa uumama Waaqayyoon isheedhaaf kenname waan ta'eef.

55 Nan yaadadha. Dorgommii adamoo guddaan raawwadhe. Bineensa diirii dulloomtuu tokkotu yeroo ho'I gadi bu'u keessa ture, isheen isa dhiiraa wajjin erga wal quunnamtee booda ilmoolee dhalte. Isaan ilmoolee babbareedduu hamma gaarii qaban, tarii paawundii dhibbaa fi isaa ol kan madaalan turan. Isheen isan of uruursaa, of akka ho'isaniif isaan dhiistee deemte, sababiin isaa isheen ilmoolee warra hafan fiduu dhaqxe waan ta'eef. Isaan baatii guraandhalaa keessa dhalatan. Inni kormaa waa'ee kanaa homaa hin beeku.

Isaan keeshaa wayii keessatti dhalatan. Waaqayyo keeshawwan xixxiqqoo sana akkamitti isaaniif banee, ofii isaaniitii, xiqqoo…waan akka feestaalii xiqqooti. Isaan naannoodhuma isaaniitii argatan. Haati isaanii hirriba cimaa keessa jirti. Isheen erga baatii Onkoloolessaatii waa hin nyaanne, kun immoo baatii Guraandhalaati. Isaan isheetti marsanii amma walakkeessa ji'a Caamsaatti ishee hodhu.

Yeroo isheen ilmoolee ishee ilaaltu, isaan babbareedoo fi hammi isaanii dabalee tokkoon tokkoon isaanii paawudii kudhan, yookiin kudha shank an madaalanii dha. Isaan ishee hodhaa turan. Akkamitti aannan akka argattu, inni kun yaada Waaqayyooti. Isheen ofii isheetiis jiraachaa, ilmoolee isheetiifis aannan mirgisaa turte.

Isheen wal quunnamtii sana utuu hin raawwanne ta'ee, utuu ilmoolee sana hin godhanne ta'ee, isheen ol baatee ilmoolee ishee warra waggaan dura godhatte barbaaddee ganna sana guutuu kunuunsiti turte, sababiin isaa amala Waaqayyo isheef kenne waan ta'eefi. Isheen waan ta'e kunuunsuu qabdi.

56 Egaa dubartiin abbaa manaa isheetiif mucaa hin godhattu too taate, isheen saree yookiin adurree ofitti in fudhatti. Isheen waan kunuunsitu argachuu qabdi. Inni kun kennaa uumamaati. Garuu abbaa manaa isheetiif mucaa deessee, waaqayyoon akka tajaajilaniif isaan guddisuu dha, inni kun guutummaa toora jireenya isheeti. Kana gochuu qabdi. Oo, isheen…Oo, yoo isa kana goote, hawaasa ishee warra dubartoota bara 1965 kanaan, warra cubbuu jaallatan kanaan tuffatamti.

Inni kun fakkaattii dhugaa kan Waldaa ammayyooftuu bara kanaati. Waldaan isheen ammayyooftuun iyyuu, wacuu, afaan haaraan dubbachuu, dargaggoonni ishee hojii ergamootaa 2:36 akka amanan raawwaattee hin barbaaddu. Eeyyee. Eeyyee. Argitanii? Eeyyee. Isheen wacuu, iyyuu, caraanuu, “Ameen! Haaleluyyaa!” jechuu tokko illee hin barbaaddu, maaliif, ijoolleen akkasii battalumatti dame amantii ishee keessaa ishee baasu waan ta'eefi. Waan akkasii tokko waldaa isaanii keessatti arginaan, battalatti waldicha keessaa ari'anii baasu.

“Wanti kun utuu adeemsifamaa jiruu maaliif waan akkasii goota?”

57 Kanaaf, hubadhaa, isheen waan ta'e ulfoofteetti, sababiin isaa isheen yeroo hundumaa miseensummaa dhaluu barbaaddi waan ta'eef. Garuu isheen caraanuu, lafarra gangalachuu, afaan haaraan dubbachuu, hojii ergamootaa 2:36 keessaa tookko illee hin barbaaddu, akka yaada isheetti isaan uumama wanti hunduu dalga itti galee dha. Inni sirriidhumatti ishee in qaaneffachiisa. Inni barumsa ishee, nammusa ishee, waldaa saayinsii hawaasummaa ishee faala kaa. Isheen kana goonaan, dabarsanii kaawunsilii itti aanutti ishee kennu. Isheen isa qabaachuu hin dandeessu. Isheen Sagalichaan ulfaa'uu hin barbaaddu, sababiin isaa inni Sagaleedhuma godhachuu danda'a waan ta'eef.

Nama Hafuura Waaqayyoon dhalate, Hafuurri Waaqayyoo isa keessa in jiraata. Waldaa qorannaa sammuutiin itti dabalamuu fi Seera Waldaa tummu, dubartiin rifeensa mataa murachuun, fuula halluun booqqachuun miseensa waldaa ta'uun hin jiru; wanti kun hunduu isa keessa hin jiru. Isa kana hundumaa Sagalee Waaqayyoo keessa argachuu hin dandeessan. Faashinii durii, isa qulqulleeffamaa, mucaa Hafuura Qulqulluun guutamee, Hafuura Waaqayyottii dhalatee, iyyee, caraanee, of irra gangalatee Waaqayyoon ulfeessu argitu.

58 Qabeenyi isheen horatte hunduu is asana. Isheen isa kana hin barbaaddu. Oo, lakki, obboo. Lakki, hin gootu. Yoos maal isheen maal gootiree? Isheen kan halluu fuulaan laaqatte, ishee qumxaa uffattu, hawaasa Iizaabel in deessi, diqaalaa “Adurree” isaaniin jedhan, akks natti fakkaata. Hubattanii? Akkan yaadutti isaan adurree isheedhaan jedhan. Argitanii? Isaan, “Adurree gama sana adeemaa jirtu ilaalaa” jedhan, isaan akkas jedhan, yookiin waanuma kana fakkaatu jedhan, isinuu beektu.

Isheen dhalatteetti, yookiin heerumteetti, isheen abbaa manaa ishee isa jalqabaa wajjin walitti hidhamteetti, Addaam inni jalqabaa haadha manaa ishee ejjituu jalqabaa, Hewaaniin walitti hidhameera. Isin, “Isheen ejjituu dhaa?” in jettu. Dhugaa dha isheen ejjituu turte. Garuu, Oo, isheen Addaam kun, Addaam inni jalqabaa du'eera jettee labsiteetti. “Oo, dhugaa dha, inni yeroo fagoo dura du'eera. Ani lammata dhaladheera” jetteetti. Isheen, “Ani Addaam isa lammaffaa, Yesus Kristos, Sagalichatti Heerumeera” jetteetti.

59 Akkamitti? Waan isheen jaallattu qalbeeffadhaa. Nama ishee jaallatu ilaalaa, nama isheen wajjin jaalalatti kufte ilaaluu qabdu. Sagalichi kana jedha, isheen immoo, “Waldaan koo kana jedha” jetti. Yoos isheen eenyuun jaallachaa jirti? Abbaan manaa ishee eenyu? Firii isheen godhattu eenyummaa ishee mirkaneessa. Dhugaadhumatti inni eenyummaa ishee mul'isa. Qalbeeffadhaa. Isheen jalqabtti Addaam irraa dhalatte, sababiin isaa kun dhaloota uumamaati. Argitanii? Isheen isa kana raawwattee hin dhiifne. Innis immoo jaalala biyya lafaati. Isheen Kristositti lammata dhaladheera in jetti. Garuu, hubadhaa, jaalalleen ishee amma iyyuu Addaami dha, sababiin isaa isheen biyya lafaa jaallatti.

Wanti kan biraan, ijoollee akkamii baattee akka isheen jirtu qalbeeffadhaa. Inni kun abbaan isaanii eenyu akka ta'e isinitti hima; abbaan isaanii Addaam isa jalqabaa ta'uu fi Addaam isa lammaffaa ta'uu isinitti hima. Waldaan Addaam isa lammataatiif ijoollee godhatte yoo ta'e, akkuma isaan guyyaa

Pheenxeqoosxeetti godhan innis waan Addaam inni lammaffaan godhe in godha. Inni kun Ijoollee Addaam isa lammaffaa warra dhugaati. Argitanii? Tole. Uumamni isaanii akka kan isaa fi akka kan isheeti. Eeyyee, obboo. Ijoolleen durbaa ishee warra fuulatti halluu dibatan, warra rifeensa mataa muratan, warra wayyaa dhiiraa, surree uffatanii dha. Macaafni Qulqulluun, "Kana hin godhin" isheedhaan jedha. Isheen rifeensa mataa ishee in muratti. "Inni isheedhaaf salphina."

"Isa kana irratti afaan kee qabi" naan jettu.

Inni kun Waan Sagalichi jedhu dha. Ani uumama pfaan tuqaa jira. Wanti isheen gootu isa kana.

60 Ijoolleen dhiiraa ishee immoo, ijoolleen dhiiraa ishee irraa dhalatan barumas irratti hirkatu, barachuu, mana barumsaa Macaafa Qulqulluu jedhanii isa waaman sanatti, bara dheeraa dura kolleejjii guddaa isa ture sana keessatti, waan akka Inkubeeterii wayii sana keessatti isaan haammachiisanii yaasu. Isaan barbaadduu dame amantiiti, akkuma Qaayin nama amantii in fakkaatu, dhugaadhumatti isaan akkuma Qaayin Sagaichattii diqaalomaniiru; sirrii dha, isaan akkuma Qaayin diqaalomaniiru, dhugaa dha, isaan barbaadduu dame amantiiti. Maal akka inni ta'e hubattanii?

Waaqayyo raawwatee garee amantii hundeessee hin beeku. Inni yeroo hundumaa isa kanaan in morma. Sagaleen isaa isa kanaan in morma.

Garuu isaan isa kanatti qabamanii jiru, kanaaf waan isaan godhantan hubadhaa. Inni kun immoo Abbabbaa fi Immaammaan isaanii eenyu akka ta'e agarsiisa. Dhugaadhumatti. Dhugaadhumatti. Isaan akkuma Qaayin diqaaloman. Innis immoo mucaa inni Hewaan irraa godhatee dha. Yoo isaan Sagalicha irraa kaatan, waan isaan godhatan ilaalaa. Wanti waldaan godhattes isuma kana, waanuma wal fakkaatu.

Barumsii fi qaroominni karaa Qaayiniin kan dhufe ta'uu isaa Sagalee Waaqayyootiin isiniif mirkaneessuu nan danda'a. Inni kun dhugaadhumatti sirrii dha. Isaan waan dubbataniif… nuyi ilmaan Waaqayyoti jedhanii in dubbatu, garuu isaan garee amantiitiin dhalatan, Iskoolaarii barumsaa dame amantii fi waan kana fakkaataniin dhalatan. Inni kun dhugaadhumatti sirrii dha. Afshaala, bareedaa! Yaa anaa! Abbaan isaanii bofichis akkasuma ture. Sirri dha. Akkuma afshaalummaa fi lallaba saayinsawaa kan Qaayin sanaati. Hubattanii? Dhugaadhumatti waan wal fakkaataa dha.

"Obboleessa keenya Branhaam, inni kun dhugaa dhaa?" jettan.

61 Gara Uumama 4:16 deemaatii ilaalaa. Daqiiqaa muraasaaf gara uumama 4:16 tti isin deebisa, akkamitti akka inni raawwate in ilaaltu.

Qaayin fuula Gooftaa duraa in sokke, Eeden irraa gara ba'a biiftuutti, biyya Nod in jiraate.

Qaayin haadha manaa isaa bira ga'e; isheenis ulfooftee ilma in deesse; maqaan isaas "Henok" jedhame; qaayin mandara tokko ijaaree, mandarichas maqaa ilma isaa Henokitti moggaase.

62 Gadi siqee Tuubaal irra yeroo ga'utti, isaan meeshaalee muuziqaa wixinuu jalqaban. Qaroominni Qaayiniin dhufe, sirriitti, magaalaalee ijaaruun, meeshaalee hijjechuun isaan dhufe. Namoonni saayinsaawoon Qaayiniin dhufan, sanyii bofaatiin dhufan. Amma lakkoofsa 25 hubadhaa.

Addaam ammas haadha manaa isaa bira ga'e;

Egaa, inni yeroo tokko ishee bira geenyaan, isheen lakkuu deesse. Caaffata Qulqulla'aa qoradhaa. Isheen Abeeli fi Qaayin godhatte. Al tokkotti ijoollee lama godhatte. Isin…jettan.

Dhi'oo kana, wanti akkasii ta'uu hin danda'u jedhanii natti himan. Dhimmicha Hoolii wuud keessaa arganne. Hoolii wuud keessaa? Dhimmicha amma yeroo kana mana Murtii Tuuksan keessaa arganne. Dubartii tokkotu daa'ima lakkuu, inni tokko gurraacha, inni kaan immoo adii ta'e yeroo tokkotti deesse. Isaan garuu wanti kun ta'uu hin danda'u jedhan. Isheen hanqaaquu gabbate lama al tokkotti qopheessuu dandeessi. Dhimmicha yeroo ammaa mana murtiitti ilaalaa jiru. Saroota irratti wanti akkasii akka raawwatu nan beeka. Bineensonni waan akkasii in godhu. Yeroo isheen achitti dhi'aattetti, abbaan manaa ishee, inni adiin, "Ani mucaa isa kan kootii nan guddisa, isa kaan garuu hin gargaaru" jedhe.

Dubartittiin waan ta'ee ture dhugaa baate. Isheen abbaa manaa ishee wajjin ganama ciiftee, waaree booda immoo namicha gurraacha sanaa wajjin ciifte. Dokteerri, "Hanqaaquu gabbataan wal faana yoo qophaa'e, sa'aatii digadamii afur gidduutti wal quunnamtiin yoo raawwate, wanti akkasii in uumama" jedhe. Kunoo isheenis gooteetti.

63 Egaa wanti asitti ta'es dhugaadhumatti isa kana. Qaayin inni…seexanaan, ganama isaa bofichaan; waaree booda immoo Addaamiin. Isheen… Isheenis ijoollee lama godhatte.

Egaa, Addaam ammas haadha manaa isaa bira ga'e (yeroo lammaffaf); isheen ilma in deesse; …

Yaadadhaa, Macaafa Qulqulluu keessaa iddoon Qaayin ilma Addaam ture jedhu hin jiru. "Inni kan isa hamaa sanaa ture" jedha malee, Addaam miti, "Kan Seexanaa."

…ammas haadha manaa isaa bira ga'e (yeroo lammaffaaf)…ilma deessee maqaa isaa Sheetitti moggaafte; Isheen Waaqayyo iddoo naaf buuse… (Inni sanyii isa dhugaa miti)…Sanyii Addaam isa Qaayin na jalaa ajjeese bakka naaf buuse jette. Kanaaf…

Sheetis ilma godhate; maqaa isaa Henos jedhee moggaase. Bara sana namoonni Gooftaa maqaan waamuu jalqaban.

Dhaloonni hidda dhala Qaayin irraa hin lakkaa'amne, hidda dhala Sheet irraa lakkaa'ame malee.

Kanaaf, "Qaayin isa hamaa sana." Achitti egaa waa'een bofichaa kan dhufu.

64 Amma hubadhaa. Macaafni Qulqulluun ifatti kan dubbatu, "Abbaan manaa ishee inni jalqabaa du'uu qaba" jedha, isa hiikuu miti. Du'uutu isa irra jiraata.

Gaal'elaa fi Wal Hiikuu Gaa'elaa mata duree jedhu irratti lallabaa tureera, isin waa'ee is kanaa in beektu. Amma hunda keessanitti dubbachaa hin jiru, waldaa warra as jiranitti malee warra guutummaa biyyaatti dubbachaa hin jiru. Tole egaa. Egaa Gaa'elaa fi Wal hiikuu Gaa'elaa keessatti waan ta'e in argiru. Yeroo inni…?... Mallattowwan turban banamaniiru, isa kanatu dhugummaa isaa mul'ise.

65 Kanaaf, Addaam isa lammaffaatti, Kristositti, Sagalichatti heerumuudhaaf abbaa amanaa kee isa jalqabaa isa ta'e dame amatii irraa, dursitee du'aan addaan ba'uu qabda, sababiin isaa, isaan keessaa Sagalee Waaqayyoo guutuu isaa kan of harkaa qabu, tokko illee hin jiru. Mee tokkumti illee bakka jiru natti agarsiisaa. "Oo," ati, "kan kooti" jette. Namni kan biraanis akkasuma kan kooti jedhe. Walitti qabaan keessan, hamma dame amatiitti qabamtanii jiratnitti, lamaan keessan iyyuu dogoggortaniittu. Mul'ata boqonnaa 17 dubbisaa. Kanaaf, hubadhaa, wanti kun isin irraa du'uu qaba.

Amma, waldaa warra as jiranitti dubbachaa hin jiru. Hunduma keessan, Waldaa guutummaa biyyaa keessa jirtanittan dubbachaa jira. Abbaan manaa keessan inni duraa isin irraa du'uu qaba. Kristositti makamtanii, amma iyyuu dame amantiitti heerumtanii jirtu yoo ta'e, isin ejjituu dha. Isin Laa'odiiqeyaa dha.

66 Yaa Waldaa guutummaa biyyaa keessa jirtanii, nuyi Yesus kristos, Sagalicha duukaa buuneerra. Misirootti dabalamuudhaaf, Sagalee Waaqayyo isa ta'e, Kristositti heerumuu qabdu. "Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; Sagalichi Waaqayyo bira ture; Sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture; Sagalichi foon uffatee nu gidduu buufate."

Hamma barsiisa dame amantummaa namaatti qabamtanii jiratanitti, isin Sagalee Waaqayyootiin, "Ejjituu" jedhamtu. Hamma barbaadduu barsiisa dame amantii taatanitti, hamma miseensa Waldaa damee amatiin ishee Sagalee Waaqayyoon mormituu taatanitti, "Isin ejjituu dha," Macaafa Qulqulluutu dubbate.

Yesus, "Gooftota lamaaf hojjechuu hin dandeessan. Yookiin Waaqayyoof, yookiin horiidhaaf hojjedhaa" jedhe. Horiin, "Biyya lafaa dha." "Nama biyya lafaa jaallatu, yookiin nama waan biyya lafaa jaallatu, jaalalli Waaqayyoo isa keessa hin jiru." Sanyiin Waaqayyoo (Jaalalli Waaqayyoo) nama biyya lafaa jaallatu keessa hin jiru. Sanyiin Waaqayyoo si keessaan hojjechuu yeroo jalqabu, inni Sagalee Waaqayyooti. Jaalalli biyya lafaa al tokkichatti achi keessa jiraachuu hin danda'u. egaa amma, rifeensi murmuramaan, qumxaanii fi fuullu halluun booqqate sun meerre? Amma eessa jira?

67 Amala Kristos, kan Sagalee Waaqayyoo qabaattanii, Isaafis, dame amantii namtolcheefis al tokkotti hojjechuu hin dandeessa. Inni faallaa Sagaliichaati. Phaawulos asitti dubbateera. "Eessa jira?" Roomaa 7.

Ilmaan Waaqayyoo, warra Sagalee isaatii, garee dame amantii diqaalaa kana keessatti baachuu hin dandeessan. Isa kana gochuu hin dandeessan. Inkubeeterii keessan keessatti ilma Waaqayyoo isa kan Sagalichaa yaasisuu hin dandeessan. Ani Waldaattin dubbachaa jira. Garuu amma iyyuu nuyi nama amantiiti in jettu. Qaayin ilmi Hewaan ejjituus akkasuma ture, inni akka malee nama amnatii ture, iddoo aarsaa ijaaree aarsaa dhi'eesse, akkuma namani amantii kamuu godhu, kornoos kaffale. Garuu Sagalicha eeguu dadhabe. Inni mul'ata dhabe.

68 Wanti tokkichi mul'ata dha, mul'ata Sagalichaa ti. Mul'anni maali? Yesu, "Ani dhagaa hin sochoone kana irratti Waldaa koo nan ijaara, gooftummaan du'aas matumaa Waldicha irratti humna hin godhatu hin mo'us" jedhe. Amantiin mul'ata; sababiin isaa amantiin isinitti mul'isaa jira waan ta'eef.

Abeel amantiidhaan (Mul'ataan) aarsaa isa kan qaayin irra caalu Waaqayyoof dhi'eesse."

Qaayin isaan Aappilii nyaatan jedhee yaade. Isaan amma iyyuu yaada sana qabatanii jiru, garuu akkas miti. Inni ejjummaa dha, dhala bofaati. Yeroo mallatowwan Torban banamanitti, wanti kun mirkaneeffamee labsame. Kitaabni koo isa kana qabatee ba'eera. Mee yaadaa, nuyi amma asitti kuma tokko qabna. Hubattanii? Qalbeeffadhaa. Kunis immoo Hafuuraani, Uumamaa jalqabee hamma Mul'ataatti.

69 Bara dhumaatti mukkeen lamaanuu ija godhatanii maalummaa ofii isaanii in mirkaneessu. Har'a kunoo nuyi Laa'odeqiiyaa fi Misirroo taanee, akkuma Macaafni Qulqulluun jedhutti fuula keessan dura jirra.

"Waaqayyofis, horiifis hojjechuu hin dandeessan." Kristaana safu qabeettii ishee Macaafa Qulqulluutti amantu ta'aa, dhimma dame amantiitti warra hidhamanis ta'uu hin dandeessan. Waan kana wal faana geggeessuu hin dandeessan. Isaan keessaa inni tokko du'ee inni kaan jiraachuu qaba.

Ilma sagalee Waaqayyoos of keessatti baachuu hin dandeessan. Ilma akkasiis Waldaan horuu hin dandeessu. Ijoollee iyyanii, ililchanii, afaan haaraatiin dubbatan tokko illee isaan of keessatti hin barbaadan. Waldaa dameelee amantii keessatti isaan kana keessaa tokko illee gochuun hin danda'amu. Isaan isin hin barbaadan. Isaan warra akkasii horachuus hin danda'an. Isaan namoota harka qabanii urgufanii, "Yoo in amanta ta'e, wanticha argatteetta. Maqaan kee galmee irratti haa galmaa'u malee, wanti hunduu siif in ta'a" jedhu. Hubattanii? Isaan ijoollee Sagalichattii diqaalomanii dha, garuu nama amntiiti ofiin jedhu.

70 Egaa Waldaan beekumsaa fi ogummaa seexanaatiin ulfaa'uutti jirti! Isaan, "Ameen" jechuu akka barataniif namoota isaanii mana barumsaa fagootti ergu. Isaan waan kana hundumaa akkami akka jedhanii fi nama beekaa jedhamuudhaaf baratu. Inni kun maali? Inni kun ulfa Seexanaati. Ssexanii Hewaaniin ulfa maalii ulfeesse? Ulfa Sagalicha amanuu dhabuu, beekaa sammuu ta'uu yummuu ta'u, kunis guutummaa biyya lafaa in mancaase. Wanti Waldaan har'a gochaa jirtus dhugaadhumatti isa kana. Isheen mana barumsaa Macaafa Qulqulluu fi kolleejjii, akkasumas dubbisuu, barreessuu fi herregaan of ulfeessifteetti, isaan hamma warri Hoteentoo galgala warra Gibxii beekan illee Sagalee Waaqayyoo hin beekan. Isaan waa'ee seera waldaa isaanii, kitaaba seera sagadaa isaanii fi waan kan biroo hundumaa in beeku, garuu waa'ee Waaqayyoo waan tokko illee hin beekan.

Isaan yeroo Sagalichi mul'ifame beeku, isaan yeroo Sagalichi dur dubbatamee akkuma dubbatametti dhaloota dhalootaan dhufee raawwataa akka ture beeku. Sagalichi Nohi wajiin dhufe, innis dhaloota sanatti lallabe.

Egaa, utuu Museen yeroo dhufetti, "Ka'aatii markaba tolfadhaa jedheera ta'ee maal ta'a ture?" utuu akkas jedheera ta'ee karaa irraa kaachuu isaati. Garuu inni raajii ture. Inni mul'ata Waaqayyoo qaba ture.

Waaqayyo waan dhugaan ba'ameef isatti kenne. Inni utubaa ibiddaatiin isatti mu'atee Ijollee Israa'el akka geggeessuuf isa kaasee waan inni akka godhuuf isatti hime, innis akkuma isatti himametti in raawwate.

Isaan, "Nuyi akka hin dhumnetti, Museen nutty haa dubbatu malee Waaqayyo nutty hin dubbatin" jedhan.

Inni, "Ani kana booda akkasitti isaanitti hin dubbadhu, garuu ani raajota isaaniif nan kaasa, isaan immoo isaanitti in dubbatu" jedhe.

71 Kunoo Isaayaas isaan dura dhaabatee, "Durbi in ulfoofti" jedhe. Namni akka isaa bara… Akkamitti durbi ulfoofti? "Mucaan nuuf dhalateera, ilmis nuuf kennameera; humni mootummaa isaa gatiittii isaa irra jira; maqaan isaa, 'Gorsaa, dinqii, Waaqayyo jabaa, Abbaa bara baraa, Angafa Nagaa' jedhama. Inni teessoo Daawitii fi mootummaa isaa irratti in mo'a. mootummaan isaas dhuma hin qabu." Wanti kun akkamitti ta'a? Inni akkamitti akka ta'uuf jiru waan beeku hin qabu. Inni waan Waaqayyo jedhe qofa dubbate. Inni kun yaada namaa fi beekumsa namaatiin ala dha. Inni kun qorannoo saayinsiitiin ala dha. Inni Sagalee Waaqayyooti.

72 Ijoollee seminarii keenya waan akka tiyooloojii Macaafa Qulqulluu fi waan akana fakkaatan barsiifan, tiyooloojii namtolchee barsiifna, akkuma Waaqayyo in ta'a jedhee dubbate Waldaa Laa'odiiqeyaa taateetti. Yaa anaa! Yeroo waa'ee kana ilaalu, na rom'isiisa. Yaadrimee beekumsa namaatiin ulfaa'uu! Achi seenta nii barachuuf iyyuu dursitanii mana barumsaa sadarkaa lammaffaa xumuruu qabdu. … qabaachuu qabdu. Muudamuu keessaniin dura Ogeessa dhibee sammuutiin fayyummaan keessan mirkaneeffamuu qaba.

Pheexros, Yaaqoobii fi Yohaannis ogeessa dhibee sammuu dura dhaabataniiru jettanii yaadduu? Yaadadhaa, namoonni dhibbaa fi digdamni kutaa olaanu keessa turan maqaa isaaniitiin illee mallatteessuu hin danda'an turan. Oggeessa sammuu dura dhaabanii akka…hubatu, akka hundi…akka sammuun isaanii sirriitti hojjetuu? Isaan to'ataa sammuu qabu, garuu isa kana beekumsa sammuu namaa yookiin isa kana qorannoo saayinsii miti. Inni humna Waaqayyoo keessaan ture. Yeroo corraan isaa isaan rukutetti, isaan waan Hafuurri Qulqulluun isaan godheen ala waan tokko iyyuu hin goone. Isaan yaada isaanii baakumsa kamitti, waan Waldaa jettu kamitti, waan lubi jedhu kamitti, waan sanatti, waan kanatti hin hiine. Isaan Hafuuraan deddeebi'aa turan; namoota soda of keessaa hin qabne turan.

73 Ergaa Yohaannis isa duraa 2:15 keessatti, "Biyya lafaa jaallachuutti yoo hidhamtan, Jaalalli Waaqayyoo isin keessa hin jiru" jedha. Hubattanii? Kanaaf Sagalee Waaqayyoo isa biyya lafaatti faradu, isa Hoolii Wuudiitti faradu, isa Faashinii isaa hundumaatti faradu, isa mana shubbisa halkanii isaaniitti faraduun ulfoofneerra jechaa akkamittiin isaan kana qabaachaa amantii qabna ofiin jedhu? Inni isaan kanatti in farada. Dubartiin Sagalichaan ulfeete akkamitti, rifeensa mataa ishee murmuratti, akkamitti

halluu fuula dibatti, akkamitti qumxaa uffatti?

Akkamitti lallabaan tokko seeminarii dhaqee baratee, hojii ergamootaa 2:38 utuu arguu, maqaawwan sanaan namni cuuphame seenaa Macaafa Qulquluu keessa akka hin jirre utuu arguu, akkamitti ani Sagalee Waaqayyootiin ulfaa'eera ofiin jechuu danda'a? inni soba isinitti dubbachaa jira. Inni angafummaa isaa gurgureera. Inni waanuma dubbate sanaan ejjummaa raawwateera. Inni diiggaa gaa'elaatiin isa dhiiseera.

Waaqayyo Waldaa amaa qabeettii qabaachuuf jira, dhugaadhumatti Misirrotti qabaachuuf jira.

Macaafni Qulqulluun, “Sagalichi isin keessa hin jiru” jedha. Kanaaf ijoolleen isheen baachaa jirtu ijoollee akkamiiti? Ijoollee dame amantiitiin ulfoofte baachaa jirti. Duuti jaalallee kee isa jalqabaa irraa addaan si baasu hin argamne.

74 “Yoon iyyee afaan haaraa dubbadhe Jonses maal naan jedha? Yoon irra deebi'ee cuuphame maal naan jedhu?” Maal wanti waa'ee hin baafneen kun! Jonsesitti heerumtee? Moo, Waldaatti heerumtee? Moo, Sagalicha isa ta'e Kristositto heerumte?

Egaa, sababii isheen amma iyyuu ijoollee isaaf baachaa jirtuuf isa kana. Isheen ijoollee gosa akkamii qabdii? Maqaa isaan ittiin ijoollee isaanii waaman keessaa muraasni: kaatis (Cats), Biitles (Beatles), Moonisters (monsters), Riikiyis (Rickies), Rikeetaas (Rickettas). Kaatis, Biitles, isaan kun miseensota Waldaati. Dhugaa dha. Isaan ijoollee isaa hundumaa, ijoollee Qaayin, ilmaan bineensa isa afshaala sanaa hundumaa qabu.

75 Amma yeroo xiqqoodhaaf ija hafuuraa banadhaatii gara lubbuu keessanii ilaalaa. Mee naannoo keessan ilaalaa. Amma guutummaa biyyaattan dubbachaa jira. Warri Mana Sagadaa Branhaam keessa jirtan, warri Mana Sagadaa qarqara dhihaatiin, Ariizoonaa fi bakka hundumaa kana jiratan, daqiiqaa muraasaaf ilaalaa. Daqiiqaa muraasaaf of ilaalaa. Isin, “Obboleessa koo Branhaam, Ergaan ati lallabdu dogoggora” in jettu. Mee xiqqoo ishee of ilaalaa. Ergichaan akka walii galtaniif Hafuurri Qulqulluun Sammuu keessan haa banu. Kristos, Sagalichi inni dibame yaada sammuu keessanii haa banu. Sirrii ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaa akka hubattaniif mee inni isin keessa haa seenu. Mee wantoota dhibbaatama jiran keessaa waan tokko, yookiin laman isiniif xuquu yaala.

76 Macaafni Qulqulluun dubartiin rifeensa mataa ishee akka gaggabaasattu in deeggaraa? [Waldaan, “Lakki” jedhan.] Macaafni Qulqulluun maqaa sadan, maqaa “Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulquluun” cuuphamuu in deeggaraa? [“Lakki.”] Wanti akkasii hin jiru. Macaafni Qulqulluun dubartiin wayyaa dhiiraa uffachuu ishee in deeggraa? [“Lakki.”] Gaarii dha egaa, dhibbaatama keessaa isaan kana sadan fudhaatii ibsaa Sagalee Waaqayyootiin barbaadaa.

Isin, “Ani miseensa Waldaati” in jettu. Qaayins akkasuma ture. Hewaanis akkasuma turte. Macaafni Qulqulluun akka raaguttu, bara dhumaattis Waldaan Laa'odiqeeyaas akkasuma in taati.

77 Mee Daani'el 5:12 akka hubttaniif hafuurri Qulqulluun yaada Sammuu keessanii isinnf haa banu. Mootittiin fuula Belxishaazaar dura yeroo dhuftetti, inni raajii Daani'el, isa waan nama rakkisuuf hiiku ta'uu isaa in argite. Hafuura Quqlulluudhaaf iddoo banaa. Inni raajii bara sanaa ture. Mee inni amma gara keessan dhufee laphee keessan keessa qoree, shakkii Sagalee Waaqayyo kanaaf, Ergaa kanaaf qabdaniif furmaata isiniif haa kennu. Inni waan nama rakkisu hundumaa in hiika. Yoos dhugaadhumatti Sagalee bara kanaaf ergame ta'uu isaa in hubattu.

Har'a Ergaa Luuter lallabuu hin dandeessan. Inni isa keessa darbeera, garuu inni miilla. Uhuhhuu. Uhuhhuu. Ergaa Wesilii lallabuu hin dandeessu. Ergaa warra Phenxeqosxee lallabuu hin dandeessu. Nuyi isa kana gararraa jirra. Isaan dame amantiitti qoqqoodamanii du'aniiru. Isaan hoffaa muka maseenaati.

Hoffaan maseenaa baala of irraa qaba, kunis immoo haala Waldaan isheen jalqabaa turte dha. Yeroo sanatti sanyii qamadii isa jalqaba lafatti darbatamee wajjin wal hin fakkaattu.

Inni itti aanee dhufe bulla daraaraa kormaati. Innis immoo amma iyyuu sanyii midhaanichaa wajjin wal hin fakkaatu. Isa duraa irra isatti in siqa. Inni gara fakkaattii sanyii isa dhugaatti deemaa jira. Garuu biqilaan baala baafate sun ija sanyii isa lafatti darbatamee wajjin wal hin fakkaatu. Inni baattuu lubbuu isa ija sanyii keessa tureeti. Garuu inni maal ta'e? Inni akkuma uumama biraa dame yaafate.

78 Sana booda hoo? Lubbuun gara ija midhaanii isa miciree baatuutti fiigde. Inni akka kubbaatti rarra'ee ija midhaanii xixiqqoo kan fakkaatuu dha. Inni ija midhaanii isa dhugaa fakkaata. Garuu isa dhugaa miti.

Sana booda gara qola sanyiitti gadi bu'e. Inni maal godhachuuf gadi bu'e? Qolasanyii godhachuuf.

Egaa, yeroo iji qammadii biqiluuf jedhu fudhaatii ilaalaa. Yesus, “Iji midhaan Qamadii…” jedhe. Ija qamadii sana gargar cabsaa. Qola isaa irraa baaftanii yoo ilaalatan, “Ija midhaan qamadii arganne” in jettu. Of eeggadhaa. Inni dhugaadhumatti ija midhaanii in fakkaata, garuu midhaanummaan xiqqoon tokko iyyuu isa keessa hin jiru. Inni qola sanyiiti.

Warri Pheenxeqoostee jiru “Baay'een isaanii”, akkuma Maatewos 24:24 keessatti, “Isaan yoo isaaniif danda'ame warra fo'aman iyyuu hamma wallaalchisuutti in ga'u” jedheeti. Isin tokko tokkoon qola irraa yaasaa jirtu, garuu amma iyyuu midhaan bira hin geenye. Midhaanni gara dugduuba isaa jira. Hubattanii?

79 Egaa lubbuun dame sana keessaa baatee gara ija midhaaniitti in galti. Sana booda hoo maaltu ta'a? sanyiin midhaanichaa biqilee marguu yummuu jalqabu, yeroo inni guddatee waa dhoksuu barbaadutti, dameen isa irraa in ba'ee in uumama. Asitti nu keessaa maaliif dameen biraa hin uumamne? Kun raawwatee hin ta'u. inni kun ija midhaanichaati. Inni kana caalaa eesa iyyuu hin deemu. Nuyi bara dhumaa keessa jirra. Kanaafuu inni amma maal gochuu qaba? Bilchaachuuf fuula ilma namaa dura dhaabachuutu isin irraa eegama, sigalichi dhugaadhumatti waan dubbachaa jirru kana keessa onnee keessaniitti in bilcheessa. Eeyyee, obboo.

Sana booda, yoo Hafuurri Qulqulluun akka isinitti mul'isu gootan, akkuma isa Mootittiin waa'ee Daani'eel dubbattee in taatu.

80 Tarii, “Wanti kun hundi ayyaana galatoo wajjin eessatti wal arga? Obboleessa koo Branhaam, waa'ee maalii dubbachaa jirataa? Kunoo amma sa'aatii sadii ruubii hir'uu dha. Waa'ee ayyaana galatoo waan tokko iyyuu waan dubbatte hin qabdu” jechuu dandeessu. Inni kun anaaf, Ergaa yeroo kanaaf kennameedha! Eyyee, akkasi.

Abbootiin adeemsa amantii (Pilgrim fathers) argannoo jireenya haaraa isaaniitiif galateeffamuu qabu. Isaan dame amantii Ingilizii durii fi seera Waldichaa dhiisanii, Sagalee haaraa isa bara sanaaf dibametti heerumaniiru, inni kun sirrii dha, inni Sagalee bara isaaniitiif dibameedha.

Nuyis warra godaansa mantii deemanii dha, akkuma Abrahaam biyya lafaa fi waan inni qabu dhiifnee waan baaneef galateeffamuu qabna. Abrahaam godaansa amantii godaane. Waaqayyo amantii du'aa keessaa nu baase. Amma guutummaa biyyaattan dubbachaa jira, du'aa seera waldaa hundaattan dubbachaa jira. Gara maaliitti nu baase? Keessaa nu baasee lafa haaraa isa ta'e Ergaa Haaraa bara kanaaf ergametti nu baase.

Warri Pheenxeqoosxee akkuma Luuterii, Wesilii fi warra hafan hundumaa du'aniiru. Kana booda gurmuun Waldootaa wal duukaa oofaman hin jiraatan. Namoonni gaggaariin amma iyyuu achi keessa jiru, garuu achi keessaa ba'uu qabu.

81 Inni maal godhe? Inni Ergaa isa dhumaa isa ta'e cufaa Mallattowwan Torbanii bane. Isa kana hubattaniittuu? Mallattowwan Torban, isa dhoksaan Waldoota torbanii mallattowwan torbaniin cufamanii turanii dha. Warri Haaressitootaa bara isaanii keessa isa kana raawwachuuf yeroo hin arganne. Isaan umurii dheeraa hin jiraanne. Garuu mul'anni eebbifamaan waa'ee Mallattowwan Torbanii kun, ergaa raajii Ariizoonaa irraa kennameen bara dhumaa kantti banameera.

Guyyaa tokko akkas jedheen Waaqayyoon gaafadhe, “As lafa onaa kana keessatti maal naan hojjechuu barbaaddaa?” jedheen gaafadhe.

Macaafota Kakuu Moofaa Museen akka barreesse beektuu? Dhugaadhumatti isatu barreesse. Macaafonni jalqabaa arfan; Seerri Uumamaa, Seerri Ba'uu, Seerri Lewwootaa fi Seerri keessa Deebii guutummaatti waa'ee seeraa barsiisu. Inni Kakuu Moofaa barreesse. Kana gochuuf immoo hawaasa isaa fi namoota jaallatu hundumaa dhiisee gara lafa onaa dhaquun dirqama isaa ture.

82 Phaawulos Kakuu Haaraa barreesse. Inni kun sirrii dha. Inni Ergaa gara warra Roomaa, Ergaa gara warra Ibrootaa, gara Ximotewoss fi kanneen hafanitti barreesse. Isa kana gochuuf immoo ofii isaa kophaatti baasee, mul'ata Waaqayyo biraa argachuuf waggaa sadiif gammaajjii Arabaa keessa jiraate.

Isin, “Oo, Maatewos, Maarqos, Luqaasii fi Yohaannis hoo?” in jettu. Isaan caaftota warra waan Yesus hojjete caafan turan.

Phaawulos adda baasee Sagalicha bakka tokkotti walitti qabee kaa'e. inni kun sirrii dha. Tole gaariidha egaa, ilaalaa, inni fudhatamee gara gammoojjii erga deemee, namoota jaallatu irraa erga…

In yaadattuu ergaa koo isa Sa'aatiin Meeqa obboo jedhu? Nama meeqatu dhaggeeffate? “Ameen” jedhaa. [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Inni dhugaadhumatti sirrii dhaa? [Ameen.] Egaa nuyi bara dhumaa kanatti mul'ta Ergaa Waaqayyo Gooftaa isa Misirroo bakka tokkotti walitti qabu arganneerra. Barri kakuun kun galameef kan biraan hin jiru. Inni bara kanaaf kakuu galame, innis Miilkiyas 4, Luqaas 17:30, Wangeela Yohaannis 14:12, Yo'el 2:38 keessatti kakuun kun galameera. Kakuuwwan kun dhugaadhumatti akkuma isa Yohaannis Cuuphaan ofii isaa Caaffata qQuqlqulla'aa keessatti adda of baasee dha.

83 Yesus adda baasee of ibse. Isaan maal jechaa turan? “Nama kana irraa fagaadhaa!” “Yohaannis nama lafa onaa ture.” Waldaan isa simachuu hin dandeenye. Inni kun fakkeenya gaarii dha. Har'as Waldaan akkasuma hin fudhattu.

84 Garuu warra fo'amaniif, Waaqayyo warra fo'aman waamaa jira. Isaan beeku; Misirroo ishee amala qabeetti, Sagalicha ishee taate, Waldaa ishee bara dhumaa, Haadha Warraa Gooftaa Yesus Krostos isheen taate, Sagalicha isheen taate waamamaa jirti. Yoo…Yesus Sagalicha. Isa kana nama meeqatu amana? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Tole egaa. Egaa, Misirroon dhagna Dhirsa Misirrooti, kanaaf Misirroon dame amantii ta'uu hin dandeessu. Isheen Sagalee Misirroo Kristos ta'uu mul'ate ta'uu qabdi. Isa kana gochuuf inni kakuu galeera. Inni akkamiiti akka raawwatu dubbateera. Inni raawwatee…hin fayyadamu, inni raawwatee akeeka isaa karaatti hin hambisu. Inni yeroo hundumaa akeeka isaatiin raawwata. Inni ammas akkasuam in godha, inni Misirroo isaa ishee amala qabeettii bara dhumaa waamaa jira, Ribkaa isheen jaallatamtuun Yisihaqiin eegaa jirti. Maal yeroon miidhagduun akkasii!

As irratti kitaabota lama, kan yeroo dhoksaa Bara Waldaa Torbanii dubbifatan isin mudatan ilaaluuf jirra. Macaafota lamatu jiru: Macaafa Jireenyaa, inni tokko, al tokko isa irratti maqaan kee barreeffamnaan, raawwatee maqaan kee achi irraa hin haqamu jedha, inni kaan immoo maqaa isaa Macaafa Jireenyaa irraa in fuuta jedha. Amma waa'ee isa kanaa dhugaadhumatti in ilaalla. Yaadannowwan muraasan of harkaa qabu fixeen, daqiiqaa muraa booda ergan isa kana isin qabsiisee booda nan xumura.

85 Waaqayyoo jireenyi waan qulqulluu ta'ee fi Macaafa keessatti kan galmaa'ee dha. Sababiin jireenyaa Waaqayyo dha. Isa kanatti in amantuu? [Waldaan, “Ameen” jedhan.]

Jireenyi uumamaa nuyi asitti qabnu kun kan jallifamee dha. Jalqabatti jireenya sirrii ta'uutu irra ture, garuu dhaloota uumamaatiin jal'ifameera. Jireenyi jalqabaa, yookiin gaa'elli keessan jalqabaa, uumamaan, gochaa uumamaatiin kan quunnamtanii dha. Namummaan dhala namaa uumamaan dhiiraa fi dubartii walitti fidee, fedhii foonii dhiiraa fi dubartii walitti fidee jireenya keessan isa jalqabaa fide, innis immoo cubbuu fi du'aan kan walitti hidhamee dha. Sanyii bofaa hubachuu akkamitti dadhabduu?

86 Dubartii yeroo argitanitti, isheen galabaa dha; uumamni dhalaan akka ishee hin jiru, akka isheen sossobamtu waan beekuuf seer asana jala galchee ishee uume. Waaqayyo dursee beeka. Inni jalqabaa hamma dhumaatti hin beekuu taanaan Waaqayyo miti. Inni kan dhuma hin qabne miti taanaan,… Isa hundumaa beeku miti taanaan, Isa iddoo hundumaa jiru, Waan hundumaa beekuudhaan kan bara baraa miti taanaan ammas, Isa dhuma hin qabne ta'uu hin danda'u. kanaaf inni waan hundumaa waan beekuuf, dubartittii uume.

Namichi haadha manaa hin hin qabu ture. Haati manaa fi abbaan manaa waanuma tokko turan. Hafuura dhiirummaa fi Hafuura dubartummaatu isa keessa ture.

Inni erga uumama hundumaa xumuree booda gargar isaan baase, galabaa irraa adda isa baase. Seera uumamaa keessatti dhalaan akka dubartitti uumamte hin jirtu. Isheen akkas akka gootuuf uumamte. Akka isheen kana gootu inni dursee beeka. Inni kana hin beeku utuu ta'ee, Waaqayyoon hin turre jechuu dha.

Garuu, hubadhaa, amaloonni Waaqayyoon keessa turan bakkeetti akka mul'ifamantu barbaadame. Inni fayyisaa ta'uutu isa irra ture. Inni guutuu godhee waan uumeef, karaa Isaa irra utuu deemamee namni tokko illee hin badu ture. Oo, daa'ima hin ta'inaa, nama beekaa ta'aa malee. Nuyi daadii isa dhumaa irra jirra. Qalbeeffadhaa.

87 Egaa, uumamni du'aa wajjin kan wal qabatee dha. Abban manaa keessan inni duraa, inni gooftummaa isin irratti qabu uumama keessan isa dhaloota uumamaatiin argattanii dha. Uumamaan, biyya lafaa in jaallattu sababiin isaa isin biyya lafaa fi qaama biyya lafaa waan taataniifi. Sirrii dhaa? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Hawwiin keessan uumamaan biyya lafaa isa dhagna isaa taatan jaallachuu dha. Isin dhagna uumamaati. Isa kana in amantuu? [“Ameen.”] Innis immoo waan isin uumamaan qabdanii dha.

Sababiin isin lammata dhalachuu qabdaniif isa kana. Irraa adda ba'uu qabdu; abbaa manaa keessan isa jalqabaatiif du'uu qabdu. Isaa wajjin jiraachuu hin qabdan. “Gaarri dha, hamma yeroo ta'eetti isa hiikeen, keenyanitti isa fannisa” jechuu hin dandeessan. Lakki, obboo. Barreeffamaan wal hiikuu miti! Du'uu qaba. Uumamni biyya lafaa du'uu qaba. Cittuun tokko illee utuu hin hafin du'uu qaba. Uumama kan biraatiin deebitanii walitti hidhamuu qabdu.

88 Maqaan keessan inni uumamaa, inni dhaloota isa jalqabaa Macaafa Jireenyaa irraatti caafameera. Wanti isin hojjettan hudinuus akkasuma achi irratti barreeffameera. Wanti isin uumama kana jalatti hojjetten hunduu Macaafa Jireenyaa kana jedhamu irratti barreeffameera.

Hubadhaa, Daani'eel keessatti, inni yeroo dhufu, “Inni bara baay'ee dheeraa jiraate tokko teessoo irra taa'ee; rifeensi mataa isaa akka jirbii hiddamaa in addaata; warri kuma kumaatamitti lakkaa'aman isaaf in hojjetu; -Isaan kun Misirroo dha. Macaafni biraanis in baname, innis Macaafa Jireenyaati.” Hubattanii? Durumaan qulqulloonni achi jiru, Waldaan, Misirottiin achi jirti. “Macaafni biraas in baname, innis Macaafa Jireenyaati.

89 Egaa, isin, yeroo isin gaa'ela sana irraa du'a Hafuuraatiin gargar baatan, hawwiin uumamaa keessan immoo rifeensa mataa murachuu dha. Fedhiin uumamaa keessan qumxaa uffachuu fi fuula halluu dibachuu

dha. Fedhiin uumamaa keessan nama barate ta'uu dha, nama bareedaa, nama nama kan biraa caalaatti beeku ta'uu dha. Wanti Hewaan barbaadde isa kana. Wanti tokkichi issheen barbaadde isa kana.

“Mee dubbadhu! Isin namoonni yartuun lama, lallabaa afur hin caalle kan qabdutu na dura dhaabattee dubbattaa? Ani Ph.D, LLn qaba.” Inni kun, inni ati yeroo hundumaa waa itti dabalaa deemtu kun, ittuu Waaqayyo irraa si fageessaa deema. Hubattanii? Hubattanii? Inni kun sirrii dha. Inni kun dhugaa dha. Hubattanii?

90 Wanti Hewaan fudhatte isa kana. Isheen waan akkasiitiin ulfoofte. Wanti Waldaan beektotaa fi mana barumsaa Macaafa Qulqulluutiin godhaa jirtus isuma kana. Ilaalaa, hundumati isanii waliin mormu, kun dhugaadhumattai kufaatii guddaa isa Macaafni Qulqulluun, “Baabiloon” jedhuuti.

Misirrottiin eessa akka dhaabattu beekti. Isheen baay'ee muraasa. Warri fayyuuf jiran baay'eem miti; isaan baay'ee, baay'ee, baay'ee muraasa. “Achitti imoo, 'Kumaatama' in jedha” in jettu. Eeyyee. Isaan waggoota kuma lamaan kana keessa, baroota hundumaa keessaa warra argamanii dha.

Bara Luuterii fi garee sana; isa boodaa isaan dame baafatanii achumaan du'an; sana booda Wesilii dha; sana booda Warra Pheenxeqoosxee fi kanneen birooti. Damewwan xixiqqoon kanneen akka Baaptistii, Presbaayiteriyaanii, Metedistii, Naazereen, Piilgriim Hoolinees, fi kanneen kana fakkaatan, hubadhaa, isaan kun hunduu isaan irraa akkuma baala mukaa harca'an.

91 Garuu, yaadadhaa, inni yummuu gadi deemee iji midhaanichaa bilchaachuu jalqabutti, sanyichi bilchaachuun dura wanti isa keessatti argamu hunduu, hoffaan isaa du'uu qaba. Haaleluyyaa! Iddoo dhaabachaa jirru ilaaluu hin dandeessanii? Lubbuun ammas deebi'ee sanyii midhaanichaa keessa jira. Inni maali? Inni sanyii isuma lafatti darbatame sanaa wajjin tokko, Yesus isuma turetu bifa Misirrootiin mul'ate, humnichuma, Waldichuma, waanuma tokko, Sagalichuma isa ture sana dha. Sagalichumatu xuuxamee kana hundumaa keessa dhufee mataa ta'e. Lubbuun kana keessa deemee as ga'e hunduu namoota isaa in funaana. Amma gara mataatti, gara ol butamuutti dhufaa jira. Yoo gooftaan jedhe waa'ee isa kanaa bor galgala, yookiin galgala tokkon irratti dubbadha.

Gaarii dga egaa, isin gaa'ela keessan isa duraa irraa du'a Hafuuraatiin gargar baataniittu. Amma isin lammata dhalattaniittu, yookiin gaa'ela Hafuuraa isa haaraatti hidhamtaniittu, isatti heerumtaniittu; inni kun kan jireenya uumamaa isa kan biyya lafaa kanaa miti, isa kan jireenya bara baraati malee. Jemii sanyii isa isin jalqabatti turtantu isin argate.

92 Egaa Macaafni keessan inni moofaan, gaa'ela keessan isa duraa duukaa badeera. Amma egaa maqaan keessan inni moofaan isin irraa jijjiirameera. Amma egaa isin, “Maqaan kee inni Macaafa moofaa…” in jettu. Waaqayyo isa galaana wanti hundinuu itti irraanfatame keessatti gateera. Isin Waaqayyoon duratti guutuu taatanii in dhaabattu.

Egaa amma, maqaan keessan Macaafa isa haaraa keessatti caafameera; Macaafa jireenyaa mit, Macaafa Hoolichaa isa Hoolichi iddootti deebisee dha malee. Macaafa gaa'ela keessan isa duraa miti, kan isa haaraa, kan Misirrummaati malee. Haaleluyyaa! Jireenyi keessan inni haaraan Macaafa Jireenyaa isa kan Hoolichaa keessa jira, waraqaa ragaan gaa'ela keessanii, haaleluyyaa, inni jermii keessan inni jalqabaa irraa dhufe isa keessa jira. Amma egaa dhiifamuu cubbuu duwwaa argattan miti, qulqulleeffamtaniittus malee. Ulfaadhu Gooftaa! “Qulqullooftaniittu,” jedha Roomaa 5:1 keessatti. Roomaa 5:1 keessatti, “Kanaafis amantiidhaan qajeelota taane” jedha.

93 Sagalicha ol jedhaatii ilaalaa. Sagalee jechuun dhiifamuu cubbuu jechuu miti. Sagalee jechuun qulqulleeffamuu jechuu dha. Ani isiniif dhiifameera hin jennne.

Fakkeenyaaf, dhugee akkan machaa'ee fi waan gaggadhee wayii hojjechuu koo dhageessan haa jennu. Sana booda na hordofuu jalqabdu. Waan kana akkan hin raawwanne erga hubattanii booda dhufatnii, “Obboleessa koo Branhaam, siif dhiiseera” in jettu. Maal naaf dhiistu? Jalqabuma iyyuu ani waan sana hin hojjenne'oo. Hubattanii?

Egaa waan sana hojjedheera utuun ta'ee, ani yakkamaa dha. Garuu situ dhiifama naaf godhe malee, ani yakkamaa miti. Garuu amma iyyuu ani hin qulqulloofne, sababiin isaa akka waanan godheetti lakkaa'ameera waan ta'eef.

Garuu jechi qajeelaa dha jedhu, haa ta'u malee ati raawwattee hin hojjenne jechuu dha. Ameen. Guutummaatti xiyyeeffannaa keessa iyyuu hin galu jechuu dha. Inni akkamitti raawwatame? Macaafni keessan inni moofaanii fi gaa'elli keessan inni moofaan du'ee Macaafa Waaqayyoo isa galaana wanti hundinuu itti irraanfatametti darbatameera, kanaafis inni yaada Waaqayyoo keessa iyyuu hin jiru. Ameen. Isin qajeelota taataniittu. “Kanaafis qajeelota taane.” Inni yakkamee ture. Isin yakkamtanii turtan. Jalqabatti garuu isin yakka sana hin hojjenne. Gaa'elli inni duraa Galaana Waaqayyoo isa wanti hundinuu itti irraanfatametti darbatameera. Jalqabumatti iyyuu isin isatti hin heerumne. Inni, Dhirsi Misirroo ofii isaatii iddoo keessan bu'ee, leeyyoo keessan baateera. Isin Misirroo isaa ta'uudhaaf, durumaan uumamuu biyya lafaatiin dura yaada isaatiin waan qabamtaniif, inni iddoo keessan of buuse. Isa kana Macaafni

Qulqulluun in dubbata. Isin dhala sanyii isa durumaan yaadaan qabamee dha.

94 Akkamittiin gara isa kana gochuutti dhuftan? Gaa'ela keessan isa jalqabatiin, ejjummaa maatii keessanii isa karaa Hewaaniin dhufeen gara isa kana gochuutti sossobamtan. Inni kun balleessaa keessaniin miti. Dhaloota uumamatiin isin Hewaan ishee ejjituu boodaan dhalattan. Sababiin isin ejjummaadhaan dhalattaniif isa kanaafi. Isin jalqabatti cubbamaa turtan. Inni kun sirrii dha. Sossobamtanii keessa galtan. Isin…hin qabdan. Lakki. Isin miti, balleessaan keessan miti.

Isin raawwattanii isa kana hin goone. Sababiin isaa, germii xiqqoon isin keessaa, uumamuu biyya lafaatiin dura, isin ammaa kana akka ta'u murtaa'e waan ta'eef. Waaqayyo maqaa keessan Macaafa Jireenyaa isa kan Hoolichaa keessatti caafeera.

95 Akkuma seenaa cuucii Joobiraa koo ishee xiqqooti, baay'een keessan dhageessaniitu. Indaaqqoon tokko…Yeroo tokko maanguddoo qotee bulaa tokkotu Indaaqqoo horsiisa ture. Innis Indaaqqoo hedduu waan hin qabneef anqaaquu…Indaaqqoo jala kaa'e. Kanaaf anqaaquu Joobiraa argatee Indaaqqoo haammattuu jala kaa'e. Yeroo isheen cuucota ishee yaaftutti, cuuciin joobiraa sun warra kaanii uumama isaan kofalchiiftu taate, joobira xiqqootu isaan keessa deema. Haadhoon Indaaqqottii, “Kut, kut, kut, kut” jechaa deemti.

Cuuciin Joobiraa sun, “Maal jechuu akka ta'e hin beeku, garuu waan hundaafuu mee ishee duukaan bu'a” jette.

Isaan lafa qonnaa keessa deemanii dhoqqee loonii haadhanii raammoo waa funaannatu. Isheenis, “Kut, Kut, Kut. Wanti kun gaarii dha. Wanti kun gaarii dha. Atis nutti dabalamte. Kunis wanta…” jetti turte.

Cuuciin Joobiraa sun waan isaan nyaatan kana nyaachuu hin dandeenye. Hubattanii? Inni akkasumaan cuucota sanaa wajjin dhaqe malee waan isaa hin beeku. Inni maal akka godhu hin beeku. Isheen sana booda achii deemtee, waan kana, yookiin waan sana nyaachaa turte. Cuuciin joobiraa sunis…inni fedhii nyaataa qaba, garuu akkamitti akka isa nyaatan hin beeku. Garuu cuuciwwan biroon yummuu nyaatan in ilaala, garuu waan adda ta'e tokkotu jira. Inni waan sana hin jaallatu.

96 Kanaaf, gaaf tokko haati cuucii joobiraa anqaaquu lama buustee akka turte in yaadatte. Kanaaf isheen akkuma hafuura Qulqulluu isa guddaa sanaa, balali'aa isa bade sana barbaaduu jalqabde. Guyyaa tokko lafa qonnaa gubbaa, dameewwan sana gubbaa balali'aa turte. Isheen gadi ilaaltee cuucii ishee in argite. Isheen in iyyite. Hollaannaa sagalee wayiitu gurra cuucittii keessaa iyye. [Teeppii irra iddoo duwwaatu jira.] Oo, inni sagalee sirrii dha! Oo! Mee Jermii dhale, inni dhugaadhumatti yaadaan qabamee ture, inni Waaqayyoon yaadaan qabamee ture, Sagalee Waaqayyoo haa dhaga'u, mee inni meeshaa muuziqaa isaaf haa ta'u. Inni dhugummaa isaa in beeka.

Inni, waan damee sanaa nuffeera, “Nutti dabalami. Kottu nuu wajjin deemi. Nuyi paartii hawaasummaa qabna. Nuyi kana qabna. Nuyi…qabna.” In jedhu. Inni kun hunduu cuucii isa xiqqaa sanaaf hin liqimfamu.

Isheen, “Ilma koo, maalumaafuu ati kan garee sanaa ta'uu hin qabdu. Ati kan koo ta'uu qabda. Ati kan kooti” isaan jette.

Inni immoo, “Immammaa, inni kun dhugaa dha. Akkamittiinan keessaa ba'uu danda'a?” jedhe.

Isheen immoo, “Xiqqoo ol utaali. Ani sin qabadhaa” isaan jette. Uhuhhuu. Wanti isin hunduu gochuu qabdan isa kana.

97 Nama ilma Waaqayyoo ta'u hundumaaf, nama jermiin bara kanaaf durumaan yaadaan qabame isa keessa jiruuf dibanni Sagalee Waaqayyoo fuula isaa duratti mul'ateera, inni Ergaa Waaqayyoottii amanee akka Waaqayyo isa Waaqa irra jiruutti in ilaalaa. Maartiin Luuter bara kansaatti isa kana ilaaleera. Wesiliin bara kansaatti isa kana ilaaleera. Warri Pheenxeqoostaalii bara isaaniitti isa kana ilaalaniiru. Amma egaa isin hoo? Uhuhhuu. Isaan gara dame amantiitti deebisa. Kunoo Sagalichi isa ceepha'aa jira; wanta nuyi har'a qabaachuu qabnu isinitti himaa jira, inni immoo dhugaadhumatti waan Miilkiyaas 4 keessaa fi kanneen biroo keessatti bara kanaaf abdachiifamanii dha. Maal ilaaltu? Gara maalii ilaalaa jirtu? Ameen. Kunoo nuyi as jirra. Joobirri inni dhugaan, inni mudaa hin qabne kunoo as jira. “Hoolonni koo Sagalee koo beeku. Sagalee hin beekne duukaa hin bu'an.”

Maaliif? Inni dursee yaadaan qabamuudhaan achi keessatti barreeffame. Isin ilma Waaqayyoo ta'uudhaaf duraan dursitanii muudamtan. Isin uumamuu biyya lafaatiin dura Waaqayyo keessa turtan. Isin bara kana keessa kan asitti mul'ifamtaniif kabajaa fi ulfina Isaa mul'isuu qofaafi. Utuu sagalee isaatiif ulfina hin kenninnii fi Sagalee Waaqayyoo hundumaa irra utuu hin dhaabatin, akkamittiin is kana gochuu dandeessa? Eeyyee, obboo. Isin durumaan yaadaan qabamuu keessaniin gartokkee dhagana Sagalichaati. Sababiin isaa, ilaalaa, Waaqayyo Sagalee dha. Isa kana in amantuu? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Tole egaa, yoos, yoo…Inni yeroo hundumaa Sagalee dha. “Jalqabatti Sagaleetu ture.” Erga

Waaqayyo Sagalee ta'ee, isin Waaqayyo keessa turtan. Sagaleen, ga'een isin taphattan, uumamuu biyya lafaa dura Waaqayyo keessa ture. Inni isin argeera. Isin beeka. Inni isa kantti dursee yaadaan isin qabeera.

98 Ani isinittan hima, akkuma Joobirri sun Sagalee sana adda baafate sana, Kristaanni dhugaatti lammata dhalate Sagalee isa Waaqayyo karaa Sagalee isaa dubbachaa jiru, isa dibamee mul'achaa jiru adda baafatee in dhaga'a. Ilaalaa. Inni ol gubbaa sana ilaale. Inni isa haadhoon Indaaqqoo sun asii kut, kut, jechaa, "Nu duukaa bu'i achi deemnaa. As kottu, asii fi achi deemna" isaan jettu hin ilaalle. Inni uumama isa ofii akka isaa ta'uu barbaadu in arage, qilleensa keessa badee, iyyaa, bilisa ta'ee ol fagaatee ruumichaa fi wantoota biyya lafaa gararraa oole. Haaleluyyaa! Inni akkas ta'uu barbaade, sababiin isaa akkas ta'uutu isa keessa ture.

99 Imlmi Waaqayyo irraa dhalate, ilmi Waaqayyoo, uumama Waaqayyoo qabaachuu qaba. Inni akka Waaqayyoo ta'uu qaba. Inni Waaqayyoof ulfina in kenna. Inni gartokkee dhagna Sagalee Waaqayyooti. Bara dhumaa kanatti immoo, bara Misirroon fudhatamuuf jirtu kantti, akkuma humna isa jalqabatti ture sanaatti, dhaabbilee fi kanneen biroo keessadarbee, keessaa ba'ee Misirroodhaaf dhufeera. Isa kana malee waan boraa ta'uu hin danda'u.

100 Warri Yihudootaa bara isaaniitti, bara inni foon uffatee akkuma raajonni dubbatanitti mul'tetti isaan isa arguutu isaan irra ture. Inni, "Caaffata qulqullaa'oo keessaa jireenya bara baraa qabna jettanii waan yaaddaniif, caaffattoota in qortu; caaffatoonni sunis immoo anaaf dhugaa in ba'u. Egaa ani hojii abbaa kootii hin hojjedhu yoon ta'e, anatti hin amaninaa. Ani hojii abbaa kootii nan hojjedha yoo ta'e garuu, anatti yoo amanuu dhaabaattan iyyuu; hojii kanatti amanaa" isaaniin jedhe.

Isaan immoo, "Abaabiliin keenya lafa onaa keessatti waggaa afurtamaaf maannaa nyaataniiru. Nuyi garamitti akka deemaa jirru beekna" jedhan.

Inni immoo, "Isaan hundi isaanii in du'an," jireenya bara baraattii gargar ba'an, isaan jedhe. Isaan hundinuu in du'an. Isaan kuma lamaan keessaa nama lama qofaatu biyya abdachiifamanitti gale. Nama kuma tokko keessaa nama tokko gale jechuu dha.

101 Maaliif, sanyii kormaa fi hanqaaquu dhalaan qopheessitu yoo fudhanne, tokko qofaatu gabbataa dha. Sanyii kormaas ta'e kan dhalaa kan bilchaatee gabbatu tokko qofaa dha. Tarii warra loon diqaalomsan biratti argitaniittu ta'a. Hubadhaa. As Hanqaaquu miliyoona tokkotu jira, as immoo sanyii kormaa miliyoona tokkotu jira; kana ujummoo pilaastikaatiin gara gadameessaatti dhngalaasanii akka wal fudhatu godhu. Warra jiran keessaa hanqaaquu tokkotu milkaa'a. Sanyiin kormaa miliyoona tokk; hanqaaquun dhalaas miliyoona tokko. Isaan keessaa hanqaaquu tokko qofaatu gabbataa dha. Sanyiin kormaa, seelii tokko qofaatu gabbataa dha. Isaan hundinuu in sosocho'u. Ujummoo yaaliitiin naamunaa xiqqoo fuutanii utuu ilaaltanii, jabbiwwan xixiqqoo wal lolan arguu dandeessu.

Diimonii fi warri gaafa sana wajjin ilaalaa turre, galagala kana nuu wajjin waan jiraniif in yaadattu. Inni na fudhatee gadi bu'ee wanti kun akkamitti raawwatu natti agarsiisee ture. Ujummoo yaalii sana keessa hamma ga'utti kaa'anii jiru. Inni dibichaa fi goromsa kumaatama of keessa qaba ture, garuu tokko duwwaatu lubbuun jiraachuu danda'a. Isaan keessaa tokko qofaa dha! Egaa inni kun isaan keessaa kubbaa isa guddaa dha. Hubadhaa, warra as jiran kana keessaa tokko gara seelii sanyii kormaatti in deema; hanqaaquu kana keessaas tokko gara seelii sanyii kormaa kanaatti deemee, lamaan isaanii wal fudhachuu danda'u. Warri hafan immoo in du'u. Ammaaf jiru garuu in du'u.

102 Sababiin isaa, wanta ta'etu jira, nama ta'etu isa kana gabbisee, isa kanas muude. Yaa obboleessa ko, inni duranii yaadaan qabamuu dha. Sirriitti. Dhiira ta'uu fi dhalaa ta'uu, addisaa adii haa ta'uu dimaa, isa kana kan murteessu Waaqayyo dha. Inni kun kan murtaa'u Waaqayyoodhaani. Dhoksaan isa kanaa isa durbi deessu caala anaaf. Garuu, hubadhaa, warri hafan hunduu in du'u.

Namoota kuma lamatu faarfachaa, ililchaa, waan baay'ee jechaa ba'an. …dubbachaa, hundumatu afaan haaraa dubbate miti. Garuu ilillleedhaan Waaqayyoof ulfina kennaniiru, qaraqa lagichaatti olii fi gadi utaalanii faarfataniiru, waan warri kaan hojjetan hundumaas, hundinuu hojjetaniiru, garuu isaan keessaa nama lama qofaatu biyya abdachiifame sanatti gale. Kaaleb ittti galeera, Iyyaasuu fi kaaleb, isaan kana lamaan qofatu itti gale. Kunis miliyoona tokko keessaa nama tokko jechuu dha. Dhaloota uumamatiin miliyoona tokko keessaa nama tokko jechuu dha. Tokkoon tokkoon isaanii eebba gosuma tokko qabu turan.

Oo, isin yaa warra Pheenxeqoosxee, utuu isinitti hin barfatin in dammaqxu jedheen abdadha.

Miliyoona tokko keessaa nama tokko. Ilaalaa. Bara ammaa kana Kristaanota miliyoona dhibba shantu addunyaa kanarra jira jedhamee tilmaamama. Yesus utuu amma dhufee namoota dhibba shan qofaatu fudhatama jechuu dha, Isataatistiksiin sun dhugaa dha yoo ta'e. Maaliif, adduyaa kana irraa isa jedhame caalaatu dhabamaa oola waan ta'eef. Isaan waa'ee waan kanaa isaan waan beekan tokko illee hin qaban.

103 Bartoonni isaa, "Egaa maaliif barsiisonni seeraa, 'Eliyaas dura dhufuutu ta'a' jedhuu?" jedhanii isa gaafatan.

Yesuus immoo, "Eliyaas kanumaan dura iyyuu dhufeera, isaan garuu isa hin hubanne" jedhe. Hubattanii? Dhugaadhumaati wanti isa irraati in raawwatama jedhamee caaffata qulqullaa keessatti kaa'ametu isa irratti raawwate. Hubattanii? "Ilmi namaas immoo akkasuma harka isaaniitiin dhiphachuuf jira" jedhe. Isaan isa baruu hin dandeenye. Garuu, isaan hundumtuu Waldaa keessa turan. Hundumti isaanii jireenyaaf, jiru warra jedhamn turan.

Isinis dhugaatti Kristaana lammata dhalate ta'aa, garbicha Waaayyoo isa dhugaa, isa Sagalee Waaqayyoo dhaga'u ta'aa, inni dameelee amantii hundumaaa keessa darbee lafa isa dhugaatti gabbate, Sagalichaan lafa qabatee in dhaabata. Inni isa kana dhugaadhumatti in godha. Akkamitti akka inni godhu ani hin beeku. Inni kun akka ta'uuf Waaqayyo murteesseera.

104 Isin jalqabatti gaa'ela keessan isa duraatiin sossobamtanii turtan. Amma dhugaan kam akka ta'e beekaa. Akkauman dubbadhe, ilmoon joobiraa sun akkauma sagalee Dhirsa Misirroo dhaga'een, gara isaatti, gara isa dibameetti, gara Sagalee Waaqayyoo isa bara dhumaa kanaaf dhugaan ba'ameefitti in sokke.

Nohi bara isaatiif Sagalee Waaqayyoo isa dhugaan ba'ameef ture. Isa kana in amantuu? [Waldaan, "Ameen" jedhan.] Gaarii dha egaa, Ergaan isaa bara kanaaf hin hojjetu.

Museen bara isaatiif Sagalee Waaqayyoo isa dhugaan ba'ameef ture. Isa kana in amantuu? [Waldaan, "Ameen" jedhan.] Inni bara kanaaf hin hojjetu. Yesus…

Yohaannis Sagalee dhugaan ba'ameef ture. Isa kana in amantuu? [Waldaan, "Ameen" jedhan.] Inni kan isaa bara Yesus keessa hin hojjenne. Dhugaadhumatti hin hojjenne. Lakki, obboo. "Seerri fi Raajiin amma Yohaannisitti ture; ergasii jalqabee hanga har'aatti mootummaa Waaqayyooti."

105 Macaafa Qulqulluu toora galchanii kan jalqaban Ergamoota. Luuter Sagaleedhan, bara haaromsaatti kutatee keessaa ba'e, Sagaleen isaa, Waldaan isaa bara kanaaf hin hojjetu. Kan Wesiliis hin hojjetu. Kan Warra Pheenxeqoosxees hin hojjetu. Inni bara isaaniiti hojjetee darbeera.

Garuu kun guyyaa biraati. Inni kun bara itti Mallattowwan turban banamanii dha. Inni kun keessummaa akka isinitti ta'u nan beeka, garuu Waaqayyo guutummaatti isa kana mul'iseera. Wanti gaaffii namatti ta'u isa keessa hin jiru. Dhugaadhumatti guutuu dha! Isas Waldaa as jiru kana duwwaadhaafan raabsaa jira miti. Waldaa guutummaa biyyaatti argamtan hundumaattin dubbachaa jira. Hubattanii? Waan gochuu barbaaddan godhaa.

106 Amma isin Sagalee bara isaatiif dibame, isa isin dursanii yaadaan qabamuudhaan, gartokkee dhagna isaa taatan hubadhaa. Isini battaluma isa bartanitti isa jaallattan. Yeroo isa dhageessanitti, battalumatti isin Joobira ta'uu keessan bartan. Kana malees, isin jalqabumatti iyyuu cuuciwwan damee amantii akka hin taane of bartan. Dogoggorri wayii akka achi jiru bartan. Wanta dogoggoraatu jira, inni kun sirrii dha, jalqabatti isaan kiyyeeffamtanii turtan.

107 Inni, Dhirsi Misirroo, leeyyoo keessan isin irraa fuudhee, "Bishaan Sagalichaa fi Dhiiga jireenyaatiin isin dhiqee, leeyyoo keessan Galaana isa Wanti hundinuu keessatti irraanfatamutti darabate." Macaafni Qulqulluun isa kana in dubbata. Abbaan manaa keessan inni duraa, inni isin fuudhe biyya lafaati; Dhirsi Misirroo keessan inni dibame, inni isin kaadhimate, bishaaniin isin dhiqe. "Waldaadhaanii?" [Waldaan, "Lakki" jedhan.] Inni kun miira sirrii hin qabu. Qabaa? ["Lakki."] Isa kana Kitaaba taateen guyyaa guyyaan ta'u kan biyya lafaa irraa argachuu dandeessu, garuu Macaafa Qulqulluu Waaqayyoo irraa argachuu hin dandeessan. "Inni Bishaan Sagalee isaatiin nu dhiqe." Sagalicha keessa! Hubattanii? ...dhaani.

Isin akkuma jalqabtti hin hijjenne santti, isin guutummaatti quqlulleeffamtanii dhaabattaniittu. Amma egaa inni kun Ergaan Waldaadhaaf qabuu dha. Akkuam isin…akka nuyi daqiiqaa keessatti qilleensa keessa ol butamnu. Isin yoo Sagalee Waaqayyoo irraa fi Sagalee Waaqayyoo wajjin, ameenii hundumaa irra, jecha hundumaa irra, mata duree hundumaa irra dhaabattanii jirtu yoo ta'e, isin dhuguma dhaabattanii jirtu. Eessa dhaabachaa jirtuu? Isiniinan jedhaa, warra qola ta'an keessaa dhiibbadhaatii ba'aa. Kottaatii qamadiitti makamaa, iddoon bakka itti fuula Ilma namaa duratti ija bilchaataa godhattanii dhaatii. Haamtuun dhufaa akka jiru dhaga'aan jira. Isin guutuu taatanii, qulqullooftanii, akka waan jalqa iyyuu hin hojjenneetti dhaabattaniittu. Haaleluyyaa!

Kun dubbii ayyaana galatooti! Baay'ee natti tole. Waan kam iyyuu caalmaatti, waa'ee isa kanaatiif nan galateeffa dha.

Isin Misirroo Ilma Waaqayyoo isa jiraataa, ishee qulqulluu, amalqabeettii, ishee cubbuu hin qabnee dha. Dhiirris ta'e dubartiin, namni hafuura Waaqayyoo irraa dhalate, namni dhiiga Yesuus Kristoosiin dhiqate hunduu, akka waan takkaa jalqabatti cubbuu hin hojjenneetti in dhaabata. Isin guutuu dha. Dhiiga Yesus Kristoosi! Akkamitti dandeessanii… Namni tokko yoo…

108 Bor gana in duuta naan jedhamee utuu jiruu, namni tokko yoo bakka koo ajjeefame, ani cubbuu sanattii walaba. Nama ta'etu qooda koo fudhate.

Yesusis, Sagaluchi, qooda koo fudhate. Inni dhufee ana ta'e, cubbamaa, kunis tarii akka isaa, Sagalicha akkan ta'uuf. Ameen. Mee Waldaatti utuu hin ta'in, dhugaadhumatti isatti haa cichinu. Sagalichatti! Ameen.

Oo, egaa yummuu Sagalichi foon ta'ee, foonni immoo Sagalicha ta'ee mul'ifamutti, inni kun egaa walitti hidhamiinsa gaa'ela hafuuraa kan Kristosii fi Waldaati jechuu dha. Wanti Macaani Qulqulluun bara kanatti in ta'e jedhee dubbate ta'aa jira, guyyaadhaa gara guyyaatti raawachaa jira. Maaliif, ibiddi sun lafa onaa keessaa ariifatee, waa fixuuf fiigaa jira, waa'ee isa kanaa ani itti fufuu hin barbaadu malee. Nuyi iddoo Sagalichi sagalee itti ta'u, gara Waldaan itti tokkummooftu, Dhufaatii Yesus jala gaanyeerra. Nan waama Hafuura Qulqulluu, laphee keessan qoree haa ilaalu!

109 Isin guutuu taatanii dhaabachaa jirtu! Isin jalqabuma iyyuu cubbuu hin hojjenne. Waaqayyo irraanfateera. Inni galaana Wanti hundumttii itti irraanfatame keessa jira. Isin raawwattanii isa cubbuu hin goone. Isin isa yakkamaa sanaan yakkamtanii turtan. Garuu dhugaadhumatti, isin jalqaba waan hundumaatti, ilmaanii fi intaloota Waaqayyoo ta'uudhaa warra yaadaan qabamtanii dha. Isin dhiqamtanii dhaabachaa jirtu. Barreeffamni isin ittiin wal hiiktan galtamee, inni ija namaa duraa du'eera, yaada Waaqayyoo keessa iyyuu hin jiru.

Isn Misirroo Kristos ishee amalqabeettii, ishee dhiiga Kristosiin dhiqamtee dha. Ilmi Waaqayyoo inni qati jabeessi, inni amala qabeessi Misirroo Sagalichaa ishee mudaa hin qabne, ishee dhiiga isaatiin dhiqee wajjin dhaabachaa jira; innis foon uffattanii akka mul'attaniif, inni immoo durumaan bobaa Waaqayyo abbaa jala durumaan, yaadaan qabamtanii warri turtan akka isin fudhatuufi, akkuma ofii isaatii turetti. Inni amala Waaqayyoo isa guddaa, "Jaalala" jedhamu ture.

110 Maal iyyuu yoo taatan, isin garboota Waaqayyoo ti, wanti Waaqayyo akka gootaniif isin barbaade kam iyyuu, iddoo isiniif kennamee dha. "Waaqayyo Waldaa keessa kaan Ergamoota, Kaan Raajota, Kaan barsiisota, kaan Eegdota…" kaa'e. Inni isa kana amala dursee yaadaan qabuu isaatiin kaa'e. jalqabatti isinis isa kana turtan.

Gaa'elli kessaan jalqabaa haqameera. Inni tureera. Jalqabumatti iyyuu isin hin raawwanne. Sababiin isaa, waan tokko duwwaatu isa kana isinnif gochuu danda'e, innis immoo Waaqayyotu ofii isaatii gadi bu'ee, bifa ilma Waaqayyootiin, Yesus Kristos ta'ee qooda keessan fudhatee, bishaaniin isin dhiqe, bishaan isa ta'e Sagalee isaatiin isin dhiqe. Sagalichaan malee dame amantiitiin miti! Sagalichi isin dhiqeera. Garuu yoo bishaan Sagalichaa keessa dhaabachuudhaa baattan akkamitti dhiqamuu dandeessu? Yoo isa keessa hin dhaabattan ta'e akkuma Hewaan amma iyyuu godaannisa sana of irraa qabaachuu keessani.

Oo, yaa Hoolaa qalmaa isa jaallatamaa, Dhiiqni kee gati jabeessa

Inni humni isaa hin laafu

Amma Waldaa Waaqayyo inni wabii darbeef hundumaa

Lammata akka hin yakkinetti oolfamaniiru

111 Cubbuun maali? Cubbuun, "Amanuu diduu dha." Maalitti amanuu diduu dha? Sagalichatti amanuu diduu dha. Waaqayyo isa ta'e Sagaleetti amanuu diduu dha.

Qulqulluu, mudaa kan hin qabne; Oo, haaleluyyaa; yeroo dhi'ootti lafa kana gadi dhiifnee samii keessa ol in deemna; Ameen; qophoofnee dhaabachaa jirra. Mee itti yaadaa. Wayyaan keessan dhiiga Sagalichaatiin miicame! Sagalichi dhiiga ta'e. Sagalichi isiniif dhiige, isinis Sagalee dhiiguun miicamtan. Sagalicha dhiigu! Lubbuun Waaqayyo Sagalicha keessa jira, Saglichi immoo xuraa'ummaa ejjaa irraa isin dhiqee, bishaan Sagalichaatiin isin qulqulleessee garaan keessaanii fi yaadni keessan Waaqayyoo fi Sagalee isaa keessatti akka jiraatu godhe.

112 Egaa, dhugaa ta'uu isaa akkamitti beektu? Yummuu Waaqayyo gadi bu'ee isa mirkaneessuuf mul'atu beekuu dandeessu.

"Gaariidha, ani karaa kanaan hin amanu" in jettu. Isaan karaa Yesus hin amanne, Waaqayyo garuu kan qopheesse karaa sana dha. Isaan karaa Nohin hin amanne. Isaan karaa Musee hin amanne. Isan dubbii Balaa'am irra bu'anii, "Nuyi hunduu tokkuma, kottaa walitti in dabalamnaa" jedhan.

Macaafni Qulqulluun, "Warra hin amanne irraa gargar ba'aa" jedheera.

113 Haaleluyyaa! Amma qalbeeffadhaa. Isin is asana qofaa miti, isin cidha gaa'elaa waaqa irratti qoheeffachuuf jirtu. Isin hidhannoo lolaa cidhaa sanaaf durumaan yaadaan qabamee ture hidhaa jirtu, hidhanoo ayyaanaa, hidhanoo cidhaa isa ayyaana ofii keessaniitiin hin arganne sana hidhattaniittu.

Waaqayyotu ofii isaatii godhe. Inni uumammuu biyya lafaa dura isin beekee, cidhichaaf hidhannoo lolaa isin hidhachiisee, maqaan keessan Macaaficha irratti barreesse. Maal ayyaanni galatoo akkasii! Haaleluyyaa! Waaqayyo keenya haa jajamu!

114 Amma egaa gara xumuraatti isa kana nan dubbadha. Hundumti keeya kan beeknu Waldaa ammayyooftuun, Waldaan Pheenxeqoostaalii haala amma keessa jirtuun…dameelee amantii hundumaa bissii tokkottin isaan hidha, sababiin isaa isaan akka kana waan ta'aniif. Yaadadhaa, Inni dursee inkirdaada walitti qabee in guba. Dursee qola qamadii walitti qabee in guba; sana booda Inni qamadii isaa fuudhee gombisaatti in galfata. Isaan hundinuu bissii bissii dhaan walitti qabamaniiru. Bissii Metedisii, bissii Baaptistii, bissii Pheenxeqoostaalii, isaan kun hunduu gara Tokkummaa Waldaa Kristaanaatti deemaa jiru. Xumurri isaa kana. Isaan hunduu in gubatu. Argitanii?

115 Waldaan ammayyaa kun akkuma hundi keenya beeknu, haalaa fi boca amma qabattee jirtu kanatti, bifa kamiin iyyuu taanaan ergama guddaa Waaqayyo bara kanaaf Waldaatti kenne raawwachuu hin dandeessu. Pheenxee meeqatu isa kanaaf, “Ameen” jedha? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Sirrii dha. Argitanii? Inni…

Nuyi Tokkummaa dha, Lamummaa dha, Sadanummaa dha, kana, sana, kan biraati, burjaaja'uu, wal loluu. Inni tokko kana, inni kaan immoo kana, kaan kan biraati. Hundumti isaanii Sagalee Waaqayyoo keessa gadi lixanii fuulatti dubbachuu in sodaatu. Hubattanii? Isaan beeku. Yoo isin waa'ee isaa itti dubbattan, isaan, “Isa kana gochuu hin danda'u. isa kana amanuu hin danda'u. Maal akka inni hojjetuttii ani dhimma hin qabu. Ani…” jedhu. Argitanii? Argitanii? Argitanii? Inni kun Abbabbaa fi Immammaa isin qabdan agarsiisa. “Tarii gaaf tokko lammummaa Presbaayteeriyaanii qabaachuu dandeessa. Tarii kana, sana, yookiin kan biraa ta'uu dandeessa.” Utuu ilma Waaqyyoo taatee siif wayya.

116 Egaa, akkuma nuyi beeknu Waldaan Pheenxeqoostaalii bifamiin iyyuu, haala amma keessa jirtu kanaan Ergaa bara dhumaa kanaaf kenname hojiitti hiikuu hin dandeenye. Dandeesseettii? [Amantooni, “Lakki” jedhan.] Maaliif jennaan, isaan jecha Macaafa Qulqulluu tokko yookiin lama irratti iyyuu waliif hin galan. Akkamittiin akkas gootu? Isaan gochuu hin danda'an. Kanaaf, hubadhaa, dameen amantii alatti hafaniiru. Inni kun sirrii dha.

Kan isaaf filame, namoota isa kanaaf fo'ataman ta'uuf jira.

In beekna, sadarkaan dameelee amantii hundinuu. Warri Pheenxeqoostaalii fi kan hafan hunduu Ergaa Kristaana lammata dhalatee kanaaf isa duraatti du'aniiru. Uhuhhuu. Abbaan manaa keessan inni duraa du'eera. Akka inni du'e isinis beektu. Waaqayyotu akka inni du'u godhe. Inni raawwatameera. Saayinsiin isaa, beekumsi isaa, karaa saayinsaawaan isaan mana barumsaa Macaafa Qulqulluu jedhan hunduu fi wantoonni isaan jedhan hunduu badaniiru. Isaan maal godhan? Gargar qoodamanii, asitti warra tokkummaa, asitti warra sadanumma, asitti warra lamummaa, ol gubbaa kana, gooda kana, bujaajaniiru, ammo nuyi Pheenxeqoostaalii dha ofiin jedhu.

117 Maaliifiif jennaan, guyyaa tokko gara dargaggeessa tokkon dhaqe; namni kun amma iyyuu dhaggeeffataa jira. Akkasumas dargaggeettii miseensa Waldaa ta'ee taate tokkotu ture. Isheen….jette. Ani immoo…jedheen. Ani, “Maal rakkoon?” jedheen gaafadhe.

“Nuyi amnitiin keenya garaagara” naan jedhan.

“Oo, nan gadda. Ati kaatolikii dhaa?” jedheen gaafadhe.

Isheen, “Lakki” naan jettee, miseensa dame Waldaa Pheenxeqoostaalii tokkoo akka taate natti himte.

“Ati hoo?” jedheen gaafadhe. Innis Pheenxee yummuu ta'u, miseensa Waldaa biraati. Oo!

Akkuma isin beektan, Kaatolikiin Roomaa keessaa ba'uu jalqabdeetti, Pheenxeqoostaaliinoo? Nama meeqatu isa kana beeka? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Iddoo amma jiru kana ga'uuf waggaa kuma lama isaanitti fudhateera, isaan kana booda caaffata Qulqulla'aa matumaa hin fudhatan. Matumaa. Maaliif jennaan, Warri Pheenxeqoostaaliis amma irraa jalqabee waggaa digdama booda isa ammaa kana caalaa karaa irraa in kaatu, kunis immoo akkataa duraan tureen kan itti fufu ta'a. maaliif jennaan, dhugaa dha. Argitanii? Inni kun maali? Inni kun maali? Immammaa fi abbbabbaan isaanii maal akka ta'an ilaalaa. Dubartoonni isaanii akka rifeensa mataa isaanii muratan in godhu. Isaan waan barbaadan hundumaa in raawwatu. “Miseensa Waldaa kanaa hamma ta'anitti, inni barbaachisaan isa kana dha.”

118 Oo, hin dinqisiifatinaa, hin dinqisiifatinaa adabbiin Waaqayyoo walirra tuulameeraa! Waaqayyo dhugaadhumatti fuula keessan dura kaa'eera, isin garuu waan dunuunfattaniif arguu dadhabdan. Eeyyee. Banaa mallattowwan torbanii sanaa fi dhugaan Sagalee Waaqayyoo fuula keessan duratti yummuu dhugaan ba'ameefii mirkaneffamuu utuu argitanii yaada gadi ofdeebisuutti balbala cufattan. Dhuga baatonni waaqarraa, guutummaa biyyaa fi bakka kan biraa hundumaa irraa utuu jiranii, milikkitaa fi dinqii abdachiise sanaan yeroo inni raawwatu, isin immoo of cuftanii, “Ani hin beeku. Homaa gachuu hin danda'u. ani…” in jettu. Oo, yaa anaa! Inni du'eera, garuu akka du'e hin beeku. Cubbuu fi irra daddarbaa!

Isin ddutaniittu. Oo, yaa anaa!

119 Nuyi hundi keenya akkuma beeknu Waldaan haala kana keessatti Ergaa bara dhumaa fiixaan baasuu hin dandeessu. Akkamittiin Miilkiyaas boqonnaa 4 achi keessatti fiduu danda'u? isaan waan akkasiitti iyyuu hin amanan. Akkamittiin kana gochuu danda'u? Akkamittiin Lukaas 17:30 amananii achitti ol galchuu danda'u? Akkamittiin Caaffata Qulqulla'aa bara dhumaa kanaaf abdachiifame hundumaa gara sanatti fiduu danda'u? Isa kana gochuu hin danda'an, sababiin isaa isa kanatti hin amanan waan ta'eef. “Akkuma bara Looxitti ta'e, bara dhufa Ilma namaattis akkasuma in ta'a.”

Bara Loox keessa haala Sodoom biyya inni keessa turee ilaalaamee. Haala Waldaan bara sana keessa turte ilaalaa mee. Waan Abrahaam isa fo'ame irratti raawwate immoo ilaalaa mee.

Looxii fi warra dacha Sodoom keessa jiraatan irratti waan raawwate ilaalaa. Mee Biilii Graamii fi Oral Roobertis warra dacha dameelee amantii keessaa ilaalaa. Waldaa Abrahaam ishee fo'amte, ishee dhiibamtee baate immoo ilaalaa mee.

120 Yesus ofii isaatii, Waaqayyo inni bifa namaa uffatee, foon uffatee dhufe milikkita maalii akka ta'e ilaalaa. Isin, “Inni Ergamaa dha” in jettu. Macaafni Qulqulluun immoo inni Waaqayyo ture jedha.

Waaqayyo Goofataa, Elohiimtu bifa foon namaa uffatee, Waldaa isaas bara dhumaatti akkasumatti akka dibu agarsiisuuf achi dhaabataa ture. Yeroon Waaqayyo ammas bifa foon namaa uffatee mul'atu ammas dhufuuf jira. “Akuma bara Sodoomitti ta'e bara dhufa Ilma namaattis in ta'a.” Waanuma wal fakkaatu dha. Caaffata Qulqulla'aa keessatti akka barraaeffamee jiru arganiiru. Dubbisanii… “Isa keessaa jireenya bara baraa qabna jettanii Caaffatoota in qortu.” Isa kana kan dhugaa ba'an immoo caaffatootuma sana. Argitanii? Argitanii?

121 Kanaa isaan akka du'an in beekna. Waaqayyotu ofittummaa isaatiin, saayinsii isaatiin, sagantaa barnootaa isaatiin akka du'u godhe.

Warri Pheenxeqoostaalii hunduu waa'ee ijoollee isaanii gara mana barumsaa Macaafa Qulqulluutti erguu haasa'u turan, warri akka obboleessa keenya Loyate, akkasuma warri naannoo kan jirtan, barattanii hin tajaajiltan taanaan waldaa keessaa isin ari'u. “Garuu, oo, amma waan guddaa dha kun, Ilmi koo mana barumsaa Macaafa Qulqulluu naaf galeera.” Inni boolla itti awwaalamu qotachaa jira. Kaanfuu, amma, har'a isa kana fudhachuu in danda'u jettanii yaadduu?

Bararachuu dhiisuu deeggara jettanii yaadaa jirtuu? Ani akkas miti. Wanti ani isinitti himaa jiru, garaagarummaa bara beekumsaa isa nuyi keessa jiraachaa jirru, bara Waldaan saayinsii fi warra “Xiinxaltoota” jedhaman kanaan ulfa'aa jirtu gidduu jiru isinitti himuu kooti. Waaqayyoon xiinxaluu hin dandeessan.

Tole egaa, luboonni sun xiinxala Waaqayyo isa sirii qabu turan. Masihiin akkamitti akka dhufuuf jiru beekumsa ga'aa qabu turan, Inni garuu karaa isaan xiinxalan irraa karaa baay'ee fagaatuun dhufe. Karaa saayinsaawaatiin miti. “Namichi kun abbaa hin beekamne irraa kan dhalate mitii, akkamitti kana danda'e? Mana barumsaa kanmitti barate? Beekumsi isaa kun eessaa isaaf dhufa? Barumsa kana eessatti barate?”

“Maaliif nu barsiisuu barbaadda? Ati ejjituu irraa dhaltte mitii?” Argitanii? Oo, kun gaarummaa keetiif ta'e!

122 Wanti kana fakkaatu ammas irra deebi'aa jiraachuu isaa argitanii? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Ammas irra deebi'aa jiraachuu isaa argitanii? Saayinsii amantii isaaniin hundumaan, saayiinsii amantii isa manni barumsaa Macaafa Qulqulluu isaanii jedhu; karaan isaan barbaadan isa kana. “Karaan inni ittiin ta'uu qabu isa kana, kana hin ta'u taanaan hin ta'u.”

Waaqayyo yeroo hundumaa gowwaa isaan godhe. Inni yeroo hundumaa karaa adda addaatiin dhufa. Isa kana immoo bara Nohi raawwateera; bara Musee raawwateera; bara Kristos raawwateera; bara Yohaannis cuuphaa raawwateera; bara Ergamootaa raawwateera; bara Wesilii raawwateera; bara Luuter raawwateera; bara warra Pheenxeqoostaalii raawwateera; akkasumas deebi'ee in raawwata. Inni qabiyyee isaa hin jijjiiru. Inni yeroo hundumaa isuma sana ta'ee dhufa. Baroota torban sana keessa, hamma baroota torbaatti wanti dhufan hunduu haaromsa qofaa dha. Mul'ata 10 keessatti akkuma dubbatame, bara kana keessa inni in jijjiirama. Innis taasifameera.

123 Amma waa xiqqoo dubbadheen xumuruuf deemna. Eragama isa guddaa xumuraa jirra. Isaan akkamittiin raawwachuu danda'u? akkuma nuyi beeknu isaan du'aniiru. Waaqayyo bara saayinsaa keessatti akka isaan du'an godhe, maal gochuuf jedhee? Dhoksaa mallattowwan torbanii dhaabbata amantii ishee hin ta'in Misirroof banuuf jedhee. Dhaabbileen amantii banaa mallattowwan torbanii kana, utuu inni guutummaatti sanyii bofaa fi kanneen biroo hundumaan mormuu akkamittiin fudhachuu danda'u. Guutummaan mallattowwan torbanii faallaa waan isaan durii jalqabanii barachaa turaniiti, sababiin isaa isaan barumsa isaanii isa moofaa mana barumsaa Macaafa Qulqulluu isaanii irraa argatu waan ta'eef.

Mallattowwan turban Waaqayyoo kan banaman, achi gaaricha irratti ture. Yaa Waaqayyo, kun dhugaa miti yoo ta'e amma waltajjii kana irratti na ajjeesi. Anis wanti kun utuu hin ta'in, waggaa tokkoo fi ji'a ja'a dura dursee, isa innii "Gara Ariizoonaa dhaqi," waan lafa onaa sanatti ta'utu jiraa, naan jedhe isinitti dubbadheera. Namoonni yeroo sana utuu ergamaan Waaqayyoo torban gadi bu'anii argan har'a galgalas as nu gidduu jiru. Gaazefaan 'Laayif' (Life) jedhamu illee waa'ee kanaa maxxanseera. Waan isa kanaa hundinuu kutaa qorannoo saayintistootaa hawaa (Observatory) keessaa amma iyyuu jira. Egaa isaan amma iyyuu maalummaa wanta kanaa bira hin geenye.

Wanti hunduu jedhamaa tureera, ohoo, badiisni Kaalifoorniyaa inni dhi'eenyatti ta'u illee utuu hin hafin, wantootni kan biraa hedduun dubbatameera. Socho'i lafaa Alaaskaa akkamitti akka ta'u fi guyyoota meeqaaf akka ta'u, akkasumas eessatti akka raawwachuu jiru dubbadheen ture; innis immoo jalqaba milikkita yerichatti ta'uuf jiruuti. Wanti dubbatame jecha jechaan, tokko illee lafa utuu hin bu'in raawwachaa jira; raawwatee utuu hin ta'in hafee hin beeku. Utuu hin raawwatin hafuu isaa gonkumaa argitanii hin beektan. Inni gonkumaa hin hafu, sababiin isaa Sagalee Waaqayyooti waan ta'eef. "Waaqanii fi lafti kun darbuuf jiru, ani garuu bara baraan nan jiraa dha." Inni kun sirrii dha.

124 Waaqayyo mallattowwan torban sana baneera, kanas immoo dhaabbata amantii keessatti godhe miti. Yeroo hundumaa isa kanaan mormaa tureera. Garuu, dhaabbata amantii keessaa Misirrii garee amantii utuu hin ta'in, Misirroosaa fudhachuu danda'a. Inni dhaabbata amantii uumuu hin danda'u. Isaan Sagalee isaatiin in mormu. Egaa inni dhoksawwan torban sana achitti bane. Kunis kan mul'isu, kunis kan agarsiisu wantootni uumamuu biyya lafaatii jalqabanii dhokfamanii turan bara dhumaa jala ilmaan Waaqayyootti akka mul'ifamanii dha. Egaa isaan sabni, isin warri Misirroo dhaabbata amantii hin ta'in akka hubattaniif, isin hubachiisuuf ergamaniiru. Oo, yaa anaa!

Macaafota lama qabdu. Isaan keessaa inni tokko Macaafa Jireenyaa isa kan Hoolichaati. Maqaan keessan duraan dursee achi irratti kan barreeffamee dha. Inni achi irraa mulqamuu hin danda'u, sababiin isaa wanti achi irraa isin duraa fudhachuu danda'u hin jiru, hubadhaa, sababiin isaa inni achi irra jiraachuuf durumaan muudame. Garuu Macaafni jireenyaa inni kan biraan yeroo barbaadetti isa of irraa mulquu ni danda'a. Hubattanii? Inni cufamnaan, bifa kamiin iyyuu isa irraa qalbii jijjiirrachuu hin dandeessan, sababiin isaa fuula firdii dura dhaabbachuuf deemaa jirtu waan ta'eef. Misirrottiin firdiif illee kan dhaabbattu mit; isheen ol in butamti. Akkuma…

125 Gara xumuraatti isa kana nan dubbadha. Yeroon deemaa jira; amma gara sa'aatii sadii fi walakkaa ta'eera. Nuyis immoo yoo Waaqayyo jedhe sa'aatii sadii fi walakkaatti asii ba'uu qabna. Amma nama hafuuraa isa dhugaa ta'aatii dhaggeeffadhaa. Yeroo tokko…

Wantin dubbachaa jiru kun guutummaa biyyaa bira ga'aa jira. Amma Niwuu yoorkitti sa'aatii shanii fi daqiiqaa digdamii shan ta'eera. Karaa oliitiin Filaadeelfiyaa fi guutummaa naannoo sanaatti, qulqulloonni jaallatamoon Waldaa naannoo sana jiru hundumaa keessa ta'aanii dhaggeeffachaa jiru. Karaa oliitiin, karaa gadiitiin naannoo Meeksikootti, karaa oliitiin Kanaadaa fi guutummaa biyyichaatti dhaggeeffataa jiru. Ardii Amerikaa kaabaa keessatti fageenya maayilii dhibba lamaa keessatti namoonni argaman hunduu kallattiidhaan dhaggeeffachaa jiru. Kuma kumaatamaan dhaggeeffachaa jiru.

Yaa Waldaa ergaan isiniif qaba, innis immoo isin abbaa manaa keessan isa duriittii duutanii heerumtaniittu; Sagalichaan heeruma hafuuraa heerumtaniittu. Isin haaraa taatanii dhalattaniittu. Qottanii isa baasuuf hin yaaliinaa. Inni du'eera. Isin Kristaana lammata dhalate yoo taatan, micireen sanyii isheen durumaan yaadaan qabamte sun, Sagalee Sagalee irratti, Sagalee Sagalee irratti, Sagalee Sagalee irratti daddabalamuudhaan hamma guutummaa qaama Kristos ta'utti guutaa deema, inni kun sirrii dha, sana booda inni dhufee Misirroo isaa in fudhata. Amma egaa nuyi waan tokkoof qophoofneerra, innis immoo dhufaatii Gooftaati.

126 Maqaan keessan Macaafa Jireenyaa irra jira. Macaafni jireenyaa Sagalee Waaqayyooti, sababiin isaa Sagalichi Waaqayyoodha, Waaqayyo immoo isa tokkicha Jireenya ta'ee dha. Kanaaf maqaan keessan utuu Macaafni Qulqulluun Sagalee ta'ee hin dhufin dura, isin Macaafa Qulqulluu bakka buutanii turtan jechuu dha. As jiraachuun keessan Sagalicha hin mul'isuuree? [Waldaan, "Ameen" jedhan.] Waldattiin ofii ishee hin mul'iftuuree? Mikiiyaas boqonnaan 4, wantoonni kan biroon hunduu, dhugaadumatti of mul'isee, inni maal akka ta'e hin agarsiisuuree? ["Ameen."]

Yesuus yummuu dhufee turetti, "Hojiin ani hojjedhu, hojii akkan hojjedhuuf abdachiifame miti yoo ta'e, ana hin amaninaa" jedhe. Inni miseensa garee kamii ture? Inni, "Isaan hunduu…Isin kan abbaa keessaanii, kan Seexanaati; hojii isaas in hojjettu" isaaniin jedhe. Hubattanii? Hubattanii?

Waldaa, nuyi bara dhumaa keessa jirra. Ergaan ayyaana galatoo ani isiniif qabus immoo isa kana.

127 Egaa goolabuu kootiin dura, yeroo tokko gara Paarkii biyyaalessaa Gilaashiyeritti ol baanee turre. Yeroo dheeraadhaaf bakka sanaa cabbiin ibiddaa halkan halkan yeroo hundumaa danbali'u dhageenyee turre. Kanaaf namoonni guyyaa guutuu nuffii malee waan sana eegaa oolu, sababiin isaa galagala sana ibidda sana achii waraabbatu waan ta'eef. Isaan dhangala'aa ibiddaa sana akka nama bishaan cabbii

waraabuutti waraabbatu turan. Garuu inni…Ibiddi cabbie sana keessaa gadi jigu, yummuu isa keessaa ba'u bifa sabbata Waaqayyoo fakkaata. Ani, haati manaa koo fi ijoolleen koo, hundi keessa paarkicha keessaa fi naannawaa isaa deemnee guyyaa guutuu ilaalaa oolle. Achuma turree agarsiisa ibiddaa sana ilaaluu barbaannee turre. Kanaaf sichittis deebinee ilaallee dhugaa akka baanuuf waadaa nuuf galaniiru. Guutummaa baatii gannaa keessa bara baraan wanti kun akka uumamu nitti himaniiru. “Gaariidha, dhufnee arguu ni dandeenyaa?” jedheen gaafadhe.

“Kunoo waadaa isinnif galleerra galgala kana. Isa kana waadaa isiniif seenna” nuun jedhan. “Ol gubbaa sanaa isa qopheessaa jiru” nuun jedhan.

128 Hundumaafuu taatee sanaaf qophiin taasifamaa ture! Innis immoo wanta amma ta'aa jiru dha. Taatee sanaaf wanti hunduu qoqopheeffamaa ture, waldaan maqaa isheetiif jettee dhiibbattee, Misirroo isaa biyya lafaa keessaa, dhaabbata amantii keessaa fi biyya lafaa hundaa keessaa, xuraa'ummaa fi waan biyya lafaa keessaa waamtee ba'aa jirti.

Nama hundumaaf; taateen sun qopheeffameera. Namni hundumtuu ba'ee dhaabbachaa jira. “Amma ol gubbaa gaara sanaa utuu wal irraa hin kutin ilaali” naan jedhan.

Karaan inni itti dhufu yeroo hundumaa akka kana. Karaan inni itti yeroo kanatti dhufus akkasuma. Innis immoo karaa inni yeroo hundumaa itti dhufu dha. Karaa dhaabbata amantiitiin miti! Waaqayyo gonkumaa dhaabbata amantiitti dhimma ba'ee hin beeku, gonkumaa!

Haaromsaan yeroo jalqabutti Sagalee Gooftaa fudhatee jalqaba. Erga inni du'ee booda isaan keessaa ba'anii dhaabbata amantii hundeeffatu. Inni kun waan warri Pheenxeqoostaalii fi warri kaan hunduu godhanii dha. Dhimichii haaraa fi waan hundumaa yummuu ta'utti, inni karaa isa sirrii ta'a, karaan wanti tokko itti ba'u isa kana. Sagalee haaraa itti dabalanii ba'anii waldaa ijaaru, dhaabbata amantii uumanii isa duraa irraa foxxoqanii of hundeessu. Karaa kanaan raawwachaa turan.

Egaa mo'uu hin dandeessan, uumama mo'uu hin dandeessan. Uumamni yeroo hundumaa marsaa wal fakkaataatiin naanna'a, innis: jirma, baala, bulla daraaraa, qola sanyii, sanyii qaamandii ti.

129 Amma qalbeeffadhaa. Hundumtuu qophaa'eera. Wanti hundumtuu akka gosa gosa isaatti walitti qabamee gubamuuf qophaa'eera. Namni hundinuus ba'ee dhaabateera. Ani irree kootiin haadha warraa kootti marseen boquu koo ol qabadhee ture. Nuyi waan sana ilaalaa turre. Ijoolleen keenyas nu bira dhaabataa turan, hundumti keessa ol ilaalaa turre. Yaa anaa! Waan ta'etu jira ture, sababiin isaa dhimminee isa eegaa turre waan ta'eef. Waadaatu nuuf galamee ture kaa.

Ameen! Sagalichi isa kana nuuf kakate. “Wanti kun dhufee in raawwata, kunoo, guyyaan koo inni guddaanii fi inni sodaachisaan sun utuu hin dhufin dura ani Eliyaas raajicha isiniif nan erga. Inni garaa ijoollee gara abboota isaaniitti in deebisa.”…?... “Bara dhumaa jala wanti kun in ta'a, Ani hafuura koo ol gubbaadhaa nan dhangalaasa.” “Bara dhumaa jala bokkaan inni duraas, bokkaan inni boodaas al tokkotti isiniif in rooba.” Abdiin abdachiifame kun hunduu, caaffata Qulqulla'aa keessatti kennameera. Nuyi ol ilaalaa jirra. Misirroon isheen dhugaan bara kana guutummaa biyyaa keessa jirtu, akeekkadhuutii ol ilaali. Waldaa, inni guyyoota keessaa gaaf tokko dhufaa jira. Dhugaadhumatti, akkuma jalqaba dhufe sanatti ammas dhufuuf jira. Waan hundumaa qopheessaa. Qola irraa addaan of baasaa. Ilma Waaqayyoo duratti gadi jedhaa. Ol ilaaluu keessan itti fufaa. Dhimmitanii kan eeggattan ta'aa.

130 Hundi keenya ala tokkotti fiixee gaaraa irraa waan tokko dhageenye, sagaleen tokko guddistuu sagaleetiin gadi dhufee, “Wanti hunduu qophaa'eera” jedhe.

Sana booda namni kun, namni yeroo sana bukkee koo dhaabbachaa ture, “Ibiddi haa bu'u' jedhe. Kunoo utuu nuyi ilaalluu dhufuu jalqabe, cattaan ibiddaa inni arrabni isaa laboobu tulluu sana irraa gadi jiguu jalqabe.

Oboleessaa, guyyaa tokko ibiddi roobuuf waan jiruuf, waan hudumaan haa pohoofnu. Nuyi ol in fudhatamuuf jenna. Egaa yeroo ibiddi roobuuf kan qophaa'an haa taanu. Bara dhumaa keessa akka jirru hundumti keenya beekna. Nuyi dhufaatii Gooftaatiif qophoofneerra. Wanti isin gochuu qabdan cubbuu hundumaa irraa addaan ba'uu dha. Waan biyya lafaa wajjin walitti isin hidhu hundumaa irraa gargar ba'aa. “Biyya lafaa, yookiin waan biyya lafaa hin jaallatin.”

“Namni tokko illee barsiisa ofii isaatiin si hin wallaalichisin.” Abdii Waaayyo abdiiche isa ta'e Sagalee Waaqayyoo irra cimii dhaabadhu. Sagaleen sunis sagalee bara kanaaf abdachiifame yoo ta'e, Waaqayyo dhugaa in ba'aaf. Akkas hin ta'u yoo ta'e garuu, inni Sagalaee bara kanaaf kenname miti.

Sagaleen guyyaa shantammaffaatti bu'e, bara kanatti hin hojjetu. Lakki, obboo. Inni warra Pheenxeqoosteef kan kenname ture. Inni kun kan Misirrooti, kan Misirroo ishee mana isheetti galaa jirtuuti. Nuyi waan adda ta'e tokko arganneerra. Warri Pheenxeqoostee ammas isa bakka bu'aniiru. Nuyi bara Mirroo keessa jirra. Bara Museetti Sagaleen Nohi hojjechuu hin danda'u ture; bara Phaawulos keessa immoo seerri Musee hojjechuu hin danda'u ture. Inni, “Seerichaattii duutaniittu waan ta'eef, isa

qabaachuu hin dandeessan” jedhee isaanitti himuuf yaalaa ture.

131 Waldaa, isin warri ani amma galgala kana guutummaa biyyaatti isinitti dubbachaa jiru, yoo dhaabbilee amantii fi xuraa'ummaa biyya lafaa hundumaa irraa addaan of baaftaniittu ta'e, yoo barsiisa namtolchee fi abboommii namaa eguuttii gargar baataniittu ta'e, yoo addaan of baaftaniittu ta'e, yoos egaa ol ilaalaa. Qophaa'aa. Guyyoota keessaa gaaf tokko ibiddi gadi roobuuf jira. Kunoo Waaqayyo mul'inatti gadi isa roobsuuf jira. Yeroo inni dhufutti in qophooftuu? Yeroo inni dhufutti isaa wajjin ol ba'uudhaaf in qophooftuu? Dhoksaan humna Waaqayyummaatiin ol butamuu Misirroo, “Isheen…dhagna du'u irraa gara dhagna isa hin duuneetti in jijjiiramti; battala libsuu ijaatti in jijjiiramti. Nuyi warri gaafa Gooftaan deebi'ee dhufu utuu hin du'in jirru, warra obbaafatan dura hin buunu.”

132 Guyyaa biraa immoo, guyyaa walii galtee waraana dhaabuutti, dacha Tuuksan keessan dhaabadhan ture. Ilmi koo inni xiqqaan hiriira loltootaa ilaaluu barbaade. Ani qo'achaa waanan tureef deemuudhaaf yeroo hin qabun ture. Ani waamicha warra dhukkubsatanii fi kannen biroo biraan qaba ture. Kanaaf inni, “Abbabbaa, isaan ana ol hin galchan” jedhe. “Na geessi” naan jedhe.

Ani immoo, “Tole, haa ta'un” jedhe. Obboleessa koo Simpisan, as jira jedheen yaada; mucaan isaa inni xiqqaanis deemuu barbaade. Kanaaf konkolaataa keessa isaan buuseen gadi fiiguu jalqabe.

Moggaarra dhaabadheen ilaaluu jalqabe. Yeroo xiqqoo booda, fageenya irraa sagalee wayii, “Wompi, wompi” jedhu, waan akka rukuttaa dibbeen dhaga'e. ani achuman dhaabadhe. “Gaarii dha, namoonni kun dhugaadhumatti kitaabota kana hundumaa irraa waa'ee loltootaa dubbisu. Isaan dhugaadhumatti waan akkas godhan fakkaatu” jedheen yaade. Nan yaadadha, jalqaba irratti taankii waraana addunyaa tokkoffaatu dhufe. Yeroo dhuftuttis waan akka xiqqoo wayii fakkaatti. Wanti sana booda dhufes jira; innis immoo taankii guddaa kan waraana addunyaa lammaffaa Shermaan jedhamu kan uuruu caccabsuu danda'u of irraa qabu ture.sana booda inni itti aanu in dhufe, inni itti aanus in dhufe, yeroo muraasa booda haadholiin loltuu wareegamanii in dhufan.

Itti aansuun yeroo xiqqoo booda, guutummaa Ariizoonaa keessa namoonni lola irratti hirmaatanii turan kudha lama dhufan; warra waaana addunyaa tokkoffaa irraa hafan kudha lamatu turan. Sana booda, tuuti tokko, loltoonni hin beekamne, fannoo adii xiqqoon tokkos in dhufan. Konkolaachisaan doonii, umni galanaa, loltoonni fi waardiyyoonni dhaabii, achi dhaabatu turan; isaan kun kutata loltootaa keessaa warra xiqqoo dha. Gama biraatiin immoo aayyoo mataan ishee arrii baase kan badhaasni warqee urjii qoma ishee irratti maxxanfame, dubartiin garaa nama nyaattu, kan abbaan manaa ishee du'e teessee boossi; gurbaan xiqqaan moofaa uffatee jiru tokko fuula isaa achi gara galfate. Abbaan isaa ajjeefameera. Sana booda, dabalataan dhufanii, dhufanii, dhufanii, sana booda loltoota warra haaraa irra ga'e. ani achi dhaabadheen ture. Kunoo ilaalchatti kan namatti tolu ture, garuu nama gaddisiisa!

133 “Yaa Waaqayyo, guyyaa tokko akkasuma waan kana fakkaatu arguufan jira” jedheen yaade.

Guyyaan du'aa ka'uu dhufuuf jira, inni, “Warri duraa warra boodaa itti ta'an, warri boddaas immoo warra duraa itta ta'an” dhufuuf jira. Raajinni warri durii cabsanii jalqaba ka'anii hiriiraan ol gara qilleensa keessa keessaatti in adeemu. “Nuyi warri gaafa gooftaan deebi'ee dhufu utuu hin du'in jirru, warra obbaafatan dura hin buunu. Sagaleen guddisee nama abboomu, sagaleen angafa ergamootaa in dhaga'ama, malakanni Waaqayyoos in afuufama. Kana hundumaa wajjin gooftaan waaqa irraa gadi in bu'a; warri Kristoositti amananii du'an dura in kaafamu.” Bara Luuter irraa jalqabee, bara Wisilii, bara metedistii, bara Presbaayiteriyaanii, gadi bu'ee hsmms bsrs ids dhumutti warri Sagalalicha bara isaanii keessa fudhatan hunduu, isaanii wajjin hiriiruuf jirra, haaleluyyaa.

Waaqayyo isin haa eebbisu. Ibiddi gadi roobuuf waan jiruuf of qopheessaa.

134 Mee yeroo xiqqoodhaaf mataa keenya gadi haa qabannu. Warra qaamaan as jirtan kana hamma sa'aatii sadii fi walakkaatti isin tursuu keenyana dhiba. Namni tokko as jiraa, anmni darzanni tooko as jiraa, warra s jirtan keessaa nama meeqatu, “Obboleessa koo Branhaam, akkaataan itti jiraachaa jirutti nan qaana'e. dhabbilee amantii fi namoota barbaachaa baay'een dhama'e. Sagalee Waaqayyoo wajjin akkan hin jirre nan beeka. Obboleessa koo Branhaam akka ati naaf kadhattun barbaada” jechuu danda'a amma? Harka keessan ol qabaa. Waaqayyo isin haa eebbisu. Waaqayyo isin haa eebbisu. Amma gara iddoo aarsaa kana ilaalaa. Waaqayyo isin haa eebbisu. “Nan beeka…” Amma hin qaanoftan. Hin qaana'inaa.

135 Warri gama fagoo jirtan, guutummaa biyyaatti Niwu Yoorkii hamma kaalifoorniyaatti, Kanaadaadhaa hamma Meeksiikootti; namoonno Waldaalee kana keessatti walitti qabamtan (Iddoo garee tokkoon namoota amanamoo warra ergaa kanatti garaa isaanii guutuudhaan amanan walitti qabanii jiran; isaan warra waamamanii ba'anii dha; warra dhiphina gudaa keessaa ba'anii dha; warra dame amantii keessaa ba'anii dha; isaan miciree lubbuu taatan) galgala kana keessa keessanii wanti adda ta'e akkuma Joobira xiqqoo sanaa wanti isinitti dhaga'ame jiraa, wanti waan kanaan dura dhageessan irraa adda ta'e, garuu immoo laphee keessan keessatti dhugaa ta'uubn isaa kan isinitti dhaga'ame jirtuu? Ati achi kan jirtu, iddoo tokkoo Paasteriin isin keessa dhaabachaa jira. Harka keessan ol qabaa. Isiniifan kadhadha.

Firoota koo, wantoonni kun suuqatti hin hojjetamne. “Karaan gara jireenyaatti kgeessu rakkoo dha, karri isaas dhiphaa dha, namoonni isa argatan uraasa.” Warra sonaan socho'an sana, warra bara Laa'odiiqeyaa duukaa hin fiiginaa yaa firaa. Isaan oliif igadi utaaluu danda'u, muuziqaadhaan shubbisuu danda'u, isaan bu'aa'aa dha. Isaan akka cabbie diilalla'oo dha hin jenne. “Ati bu'aa'aa dha, nama gadadamaa boo'uufiin ta'u, deegaa, jaamaa, qullaa ta'uu kees hin beektu” jedha. Isaan kun warra Pheenxeqoostaaliiti. Maalitti jaamani? Sagalichatti jaaman, Mul'ina Sagalichaatti jaaman; sababiin isaa inni raawwatee karaa dhaabbilee isaaniitiin waan hin dhufneef, isa fudhachuu hin danda'an.

136 Isin tajaajiltoonni galgala kana Tuuksan keessa jiran, isa kanaaf akka itti gaafatamtan hin hin godhu. Waaqayyotu godha. Ani waggaa sadiif achin ture. Ani waldaa jalqabuuf akkan hin turre isinitti himeera. Ani isa kana hin goone. Obboleessa keenya Piirii Griintu jalqabe. Ani waggaa sadi'iif chin ture, isin garuu guyyaa tookollee waltajjii keessan irratti ana hin afeerre. Ani Tuuksan keessa gara waggaa sadiin jiraadhe. Waaqayyo guyyaa tokko lafa onaa kana keessaa na baasa. Ergaan kun immoo jiraachuu qaba. Ani ergicha isin biraan ga'uuf hamma dandeettii koo yaaleera. Maaliif akka akkas gootan nan beeka. Na dhaga'aa jirtuu? Sababiin isin akkas gootaniif, waan dameen amantii keessan isin ariituufi. Isinis beektu, baay'een keessan warri mana nyaataa Fuur keessatti waliin ahaasofne, ergichi dhugaa ta'uu bartaniittu. Isiniif kun qaanii dha.

Kottaa isa kessaa ba'aa. Obboleessa koo, achi keessaa ba'aa. Jireenyi yoo isin keessa jiraate akka Joobira xiiqqoo, isheen waa'ee ishee dubbachaa turee in taatu, Sagalee Waaqayyoo in dhageessu. Guyyaa tokko yaadachuuf jirtu, isa kana yeroo xumuraatiifan isinitti dubba dha. Yeroo xumuraa sun amma bira ga'eera. Galgala kana hin dhuftanii?

137 Yaa Waaqayyo jaallatama, ayyanni keenya har'aa dhugumaan ayyaana galatooti, yaa gooftaa. Yaa Gooftaa bara kana keessa jiraachuu kootti nan gammada. Namoonni gurguddoon durii isa kan arguuf hawwaa turan. Raajonni isa kana arguuf hawwaa turan. Isaan guyyaa kana eeggachaa turan. Abrahaam guyyaa kana in eeggata ture; inni mandara hundee jabaa qabu, isa Waaqayyo akka inni itti ijaaramu qopheessee ijaare in eeggata ture. Mandarichi har'a galgala kana ol nu gubbaatti rarra'ee jira. Yohaannis, hafuurri Waaqayyoo dhuga baatuu baatee bantii waaqaa keessaa utuu gadi b'uu in arge, innis Ilma Waaqayyoo ta'uu isaa in hubate. Egaa, amma itti yaadaa, inni Misirroo isaa filachaa jira.

Yaa Waaqayyo jaallatama, guutummaa lafa hundumaatti, bakka jiranitti laphee isaaniitti dubbadhu. Yaada garaa isaanii jijjiiruu kan danda'u si duwwaa dha. Sanyichi jalqabuma isaan keessatti hin facaane yoo ta'e yaa Gooftaa, isaan hubachuu hin danda'an. Isaan amma… “Jaamaan jaamaa yoo harkise, lamaan isaanii boollatti kufu.” Kunis immoo mirkana, sababiin isaa Sagaleen kee wal fudhatanii kufu jedha waan ta'eef.

138 Amma, yaa Abbaa, akkuma arginu guutummaa biyya lafaatti, addunyaa guutuutti, Afirikaa keessatti, kurmaanaan Afrikaa kibbaatti, Moozaambikiitti, guutummaa biyyichaatti gubaa'ee xixiqqoon waraabbii sagalee kana fudhachaa jiru. Akkasumas sagaleen waraabame kun gara biyyoota kan biroo digdamaatti raabsamuuf jedha. Isaanis hubatanii dhibba dhibbaatamaan socho'uu jalqabaniiru. Ati baay'ina hin barbaaddu, Yaa Gooftaa. Namni inni dhumaa yummuu dhagna isaatti dabalamutti, Kristos in dhufa.

Yaa Gooftaa, galgala kana Misirroofan si kadhadha, warri miira sochiitiin dhiibamanii ba'an, isaan kun, waan biyya lafaa hundumaa irraa addaan of haa baasan. Isaan ho'a ifa ilmaa isa kana ilma Waaqayyoo jala haa taa'an, Sagalee isaatiin haa dhiqatan, jaalala isaatins. Yaa Waaqayyo jaallatama, isa kana nuuf raawwadhu.

139 Namoonni as jiran, warri galgala kana harka isaanii qaban, isaan kutatni hedduun mana qulqullummaa isa guddaa kana keessa jiran si biratti haa mul'atan. Sin kadhadha yaa Waaqayyo, lubbuu haaraan keessa isaaniitti haa biqilu; sin kadhadha, guutummaa biyya kanaatti, guutummaa biyya lafaa bakka sagaleen waraabame kun itti dhaga'amutti, ergaa galataa kana fudhatanii yaada isa keessatti hammatame hubatanii akka hojiitti jijjiiraniif sin kadhadha. Isa kanaaf sin kadhahda yaa Abbaa. Nuuf dghaga'i. Isaan eebbisi. Isaan kan keeti.

Nan beeka yaa Abbaa, namoonni gara aarsaatti akka dhufan gochuun keenya kan amaleeffatameedha. Yaa Waaqayyo jaallatama, ergama koo hundumaa keessatti, biyya kamitti iyyuu, guutummaa addunyaatti namoota gara aarsaatti waameen kadhadhaaf; gurraachi, adiin, keeloon, daalachi, bakka fedhan yoo jiraatan; sooressi, hiyyeessi, yaada garaa garaa kan qaban, kadhattoonni, eenyuun yoo ta'an iyyuu isaaniif nan kadhadha.

Warri dhaabbilee amantii, warri haala mataa isaaniitiin jiraatan, warri warri ofii isaanii giddu galeessa godhatan, Oo, yaa Waaqayyo, isaan “Qullaa, gadadamoo, nama boo'uufiin ta'u, jaamaa; garuu immoo isa kan hundumaa of irratti hin beeknee dha.” Akkasuma in ta'a jette dubbatteetta, akkuma kanas ta'aa jira.

Kanaaf yaa Abbaa, galgala ilmaan kee hundumaa akka waamtu sin kadhadha. Addunyaa kana irraa bakka hundumaatti, tarii sagalee Gooftaa akka beekaniif Joobira xiqqoo sana irra bu'ee haa qabatu. Isa kana nuuf dhaga'I, yaa Gooftaa. Isaan hundumaa dabarseen sitti laadha maqaa Yesusiin. Ameen.

140 Warri as jirtan akkuma mataa keenya gadi qabannetti turra. Name hamma yoonaatti fayyina hin argatin jiraa, namni garaa isaa Waaqayyoof hin kennine jiraa, waan siif godheef Yesus galateeffamuu hin qabu jettee yaaddaa? Akka yaada kootti, yoo cubbamaa taatan, waaqayyo irraa fagoo jirtu, garuu immoo wanti ta'e laphee keessan rurrukuta. [Obboleessi keenya Branhaam puuppiitii rurrukute.] Ilmoolee Joobiraa sana keessaa tokko ta'uu keessan baakuun akkam gaarii dha! Isin anma gadadamaa dha, hamma Waaqayyotti harka laattanitti immoo nama gadadmaa taatanii itti fuftu. Maaliif Yesus Kristos fayyisaa lubbuu keetii godhattee fudhattee, ayyaana galatoo isa guddaa, isa takkaa ta'ee hin beekne kanatti hin dabalamtu.

Ol gubbaa iddoo aarsaa kana dhuftee dhaabachuu ni feetaa? Cubbamaan kami iyyuu, dhiiras ta'e dubartii, dardaras ta'e dubra, miseensa waldaa haa ta'uu haa dhiisu, nama kamiif iyyuu nan kadhadha. Miseensa waldaa ta'uun Kristaana si hin taasisu. Iddoon aarsaa banaa dha. Namni cubbamaan as dhufuu barbaadu, dhufee Gooftaa Yesus Kristos haa fudhatu. Dhugaadhumatti callisanii…

Warri miseensa dhaabbilee amantii taatan tokko tokko, callistanii nyaata indaaqqootti nyaachaa, “Nuyi miseensa kanaati, innis immoo raakkoo homaa hin qabu” in jettu. Cuuphaan Hafuura Qulqulluu inni dhugaan maal akka fakkaatu baruu barbaadduu? Kottaa, in argattuu.

141 Iddoon aarsaa banaa dha. Nuyi qophaa'oo dha. Amma kottaa, teessuma keessan irraa ka'aatii kottaa. Ol kottaatii iddoo aarsaa kana jilbeenfadhaa, si obboleessa koo, inni dhufaa jira.

“Galateeffannaa, Oo yaa Waaqayyo, guddiseen si galateeffadha. Jireenyi koo guutuummaan isaa, achitti yaa Gooftaa, akka waan hin jirree ture. An raawwadhee dheebuu ba'ee hin beeku. Yaalaan ture. 'Bara dhufu nan murteessa. Torban dhufu nan murteessa, yeroo itti ananutti waamicha innddi aarsaa nan dhaga'a. Guyyaa tokko nan dhaqa' jedheen yaadan ture. Murteesseen dhiisa, murteesseen dhiisa. Garuu, yaa Gooftaa, wanti dogoggora ta'e tokko anaa wajjin akka jiru nan beeka. Wanti adda ta'e akka jiru yeroo hundumaa nan amana. Kanaaf yaa Gooftaa, galakala kana cubbuun koo, amanuu diduun koo ana irraa akka miicamuuf waamicha karaa Ilma Waaqayyootiin naaf godhameef sin galateeffa dha. Ani galgala kana fuula kee dura dhufee, si duratti jilbeenfadhee kennaa eebba kennaa galataa isa guddaa isa Yesus Kristos qaraaniyoo irratti du'uu isaatiin naaf kenne fudhachuuf fuula kee duratti jilbeenfadheera.”

142 Ni dhuftaa? Amma namoonni as naannoo iddoo aarsaa jilbeenfatanii jiru. Maaliif kaatee hin dhuftu? Dhufuu barbaaddeetta. Dhufuuf yaalaa turteetta.

Amma waa'ee obboleessa keenya Laayilee Paalmerin yaadaa jira, inni obboleessa keenya jaallatamaa dha. Inni ala kana oobdii keessa taa'aa ture, kanaaf mucaa isaa marga keessa taphachaa jirtuun qabeen isa yaadadhe, inni barcuma irratti hidhamee hamma socho'uu dadhabutti du'ee ture. Yeroo itti bakka kana gadi dhiistu hin beektu. Dhuaadhumatti sa'aatii itti deemuuf jirtu hin beektu. Tarii galgala kana ta'uu danda'a, kanaaf amma maaliif hin murteessitu?

Yaa Namootaa, kottaa. Wanti isin dhiibaa jiru wayii isinitti hin dhaga'amuu? Namoota as jirtan keessaa baay'een keessan iddoo aarsaa kana dhufuu akka qabdan nan beeka, namoonni ja'an yookiin torban as jiran kanak qofaa miti sa ba'uuf kan male. Amma egaa, yoo na amantanii gara waltajjii kanaa ilaaltan, waan ta'uuf jiru in argitu, amma isin na amanaa. Guyyaa tokko Sagaleen koo callisuuf jira. Lammata dhaga'uu dhabuuf jirtu. Utuun dhaqeera ta'ee jettanii gaabbuun keessan hin oolu.

“Garuu, obboleessa Branhaam, ani miseensa Waldaan ture” in jettu. Wanti isin turtan sun garaa garummaa isiniif fidu tokko iyyuu hin qabu. Niqooeemos miseensa Waldaa ture. Yohaannis, Pheexiros, Yaaqoob, Phaawulos fi warri hafan hundinuu miseensa Waldaa turan.

143 Hamma guyyaa gaaf tokkoo, yookiin halkan tokkoo wanti ta'e isatti dhufee isa fideetti, Phaawulos miseensa Waldaa ture. Miseensumma waldaa ilma Waaqayyotti jijjiirrate. Hin dhuftanii? Oo, inni baratee ture. Inni nama barate ture. Inni mana barumsaa beekamaa, isa barsiisota biyya sana keessa jiran keessaa ogummaa guddaa kan qabu Gamaali'el itti barsiisutti akka barate in beeka. Garuu waan tokko akka isa barbaachisu in beeka ture.

Hin dhuftanii? Ammas al tokko irra deebi'een isin waama. Eessatti…Asi yookiin biyya kessa, bakka kam iyyuu yoo jiraattan, wal ga'ii waan fedhee keessa yoo jiraattanis sa'aatii galataa kanatti hunduma keessan nan gaafa dha. Yaadadhaa, sagaleen waraabamaa jira; as qofaatti miti, Waaqa irrattis waraabamaan jira.

Ni beektu, sochiin keessan guyyaa guyyaa waraabamaa akka oolu saayinsiidhaan mirkanaa'eera. Isaan isa kana dhugoomsaniiru. Yaadadhaa, teelevizhiiniin isa kana dhugoomseera. Teelevizhiiniin suuraa hin omiishu. Suuraan isinuma. Inni akkuma jirutti waan isin hojjettan qofa gara chaaneliitti dabarsa. Maalumaafuu isin achi jirtu. Hubattanii? Yummuu isin harka keessan sochooftan, sochiin sun guutummaa biyya lafaa bira dhaqa. Inni waraabamaa jira. Waaraabbiin kun guyyaa tokko dhaabatee, inni waraabame aalbemii keessa kaa'amuuf jira.

144 Guyyaa firdiitti immoo deebi'ee dhufuuf jira. Achitti egaa dubartiin rifeensa mataa murachaa, ani

Kristaana ofiin jettu dhuftee dhaabachuuf jirti. Achitti egaa yaada sagalee Waaqayyon mormu, isa akka yaada keetti sirrii sitti fakkaatu qabattee fuula isaa dura dhaabachuuf jirta. Isa dhoksuu hin dandeessu. Yaadadhaa, teelevizhiiniin, saayinsiin iyyuu dhugummaa waan kanaa ni beeka. Ati kan as dhaabachaa jirtu, as jiraachuun akka sirra jiru utuu beektuu, yaadadhu, waraabamaa waan jirtuuf guyyaa firdiitti yaaduma amma si keessa jirutu deebi'ee yaada sammuu keetiitti dhufa. Innis immoo waraabamuuf jira. Inni waraabame sun utuu taphatuu guutummaan biyya lafaa arguuf jira. Biyyi lafaa maaliif hin… Eragmoonni Waaqayyoo hunduu, guyyaa firdiitti ija baasaanii achitti si ilaalu.

"Asitti, yummuu suuraan keessan waraabamaa jiru kanatti yoo natti yeelloftan, ani immoo guyyaa firdiitti isinitti nan yeella'a. Ani Sagalee koo dibee isinitti ergeera. Isin immoo hin amanne. Isin waan ta'e jala of dhoksitan."

"Oo, ani gaarummaadhaan ga'eessa. Ani kana godheera. Ani Hafuuraan shubbiseera. Ani afaan haaraatiin dubbadheera" in jettu. Warri Waaqayyoon hin beeknes akkasuma godhu. "Ani iyyeera." Warri Waaqayyoon hin beeknes akkasuma godhu. Yoos maaliif Sagalicha irraa garagaltaree?

Maaliif didda?

Maaliif gara isaa hin dhuftu amma?

Maaliif didda? Maaliif didda?

Maaliif gara isaa hin dhuftu amma?

Maal eegada, yaa obboleessa koo?

Oo, maaliif akkas boodatti harkifattaa?

Iddoon inni jiru mana qulqulleeffame dha.

Miseensa dhagna isaa keessaa tokko si godhachuufi!

Maaliif didda?

Oo, ilmoo Joobiraa, amma kottu.

Oo, maaliif dhufuu diddaa?

145 Yaa Gooftaa sin galateeffa dha. Galanni koo guddaa dha. Yaa Gooftaa galatan siif dhi'eessa; nyaata lafarraa kanaaf jedhee miti. Garuu, yaa Gooftaa barri dhumuu kunoo ga'eera. Nyaata Hafuuraa kanaafan si galateeffa dha, yaa Gooftaa, nyaata Hafuuraa inni ta'e akka banamuuf isa abdachiifamee ture mallattowwan torban kanaafan si galateeffa dha.

"Inni kun isa kana irraa adda kan ta'ee dha" jechaa jirtu. Lakki, lakki.

Jecha tokko itti dabaluu hin dandeessan. Jecha tokkos… Inni durumaan dhokatee achi keessa jira. Inni itti mallattoodhaan cufamee ture.nama meeqatu isa kana hubate? "Ameen" jedhaa. [walgaan, "Ameen" jedhan.] Hubattanii?

"Tole egaa, inni kun dhoksaa sichi mul'achuuf jiruu dha" in jettu.

Inni durumaan caafameera. Jecha tokko itti dabaluu, yookiis jecha tokko irraa hir'isuu hin dandeessan. Hubattanii? Inni durumaan achirra jira. Inni bara dhumaa kana keessa ifatti ba'ee mul'achuuf jira.

146 Hin dhuftanii? Firakoo, amma as kottu. Hubachuu hin dandeeessu yoo ta'e, as kottu. Jilbeenfadhuutii waa'ee isaa Isatti dubbadhu.ani siif ibsuu hin danda'u yoo ta'e, inni siif in ibsa, inni wanta nama rakkisu hundumaa in hiika waan ta'eef.

Teessoo isaa qulqulluu keessatti…

Oo,maaliif hin dhuftu, maaliif didda?

Maalii gara isaa hin dhuftu amma?

Yaadadhaa, isa kana kan waraabaa jiru jira, teeppii kana qofaadhaan miti, Waraabbii guddaa isa kana Waaqayyooti malee. Tokkoon tokkoon keessan, sochiin hunduu, yummuu mataa keessan gadi qabattan, yummuu laphee keessan gadi qabattan, yaanni mataa keessan keessa deddeebi'u, hubadhaa, wanti kun hunduu ulfinaan waraabamaa jira. Inni waraabes guyyaa firdiitti taphachiifamuuf jira. Meerre murtoon keessan? Oo, akkamittin guyyaa sanatti akka jijjiiramu gochuu dandeessu?

147 Takka eeguutu narra jiraata, namoonni baay'ee baay'een iddoo aarsaatti dhufaa jiru waan ta'eef. Hubattanii? Tarii yoon xiqqoo dheeresse isaan keessa namni as ba'uu danda'a, tarii namni kan biraan

Niwuyoorkii, filaadelfiyadhaa, kaalifoorniyaadhaa, Ariizoonaadhaa iddoo aarsaatti ba'uu danda'a. iddoo ta'e tokkoo yoona namni iddoo aarsaatti ba'aa jira ta'a. Paaster, bakka jiratan hundumaatti, iddoo aarsaa gadi hin hin dhiisinaatii ol waamaa.

Tarii ayyaana galatoo kan biraa arguu dhiisuu dandeenya. Tarii inni kun isa dhumaa ta'uu danda'a, tarii waraabbiin sagalee kun kan galgala kanaa irratti dhaabbachuu danda'a ta'a. guyaa tokko waraabbiin sagalee kun dhaabachuuf jira. Waraabbiin sagalee kun addaan cite albemii Waaqayyoo keessa kaa'amuuf jira. Sana booda wanti yaada keessan keessa jiru deebifamee taphachiifamuuf jira. Ani garaagarummaa isaa hin barre jechuu hin dandeessan. Ni beektu. “Abbaan inni ana erge yoo isa harkisuu dhaabaate, homtinuu gara koo dhufuu hin danda'u. warri Abbaan koon anaaf kenne hundinuu gara koo in dhufu.”

…hin dhuftu gara isaa?

148 Obboleessa koo, nan amana, utuun bakka isin jirtan sana jiraadhee yaadani xiqqoon ishee ana keessa jiraatee, nan amana hamman danda'u fiigeen iddoo aarsaa qabadha. Eeyyee.

Oo, maaliif didda? Maaliif?

Xumrtaniittuu? Hafuura Waaqayyoo gaddisiisaa akka hin jirre mirkaneeffattaniittuu? Yoos mataa keenya gadi haa qabannu. Hafuura Isaa akka hin gaddisiifne mirkaneeffattaniittuu? Waan inni godhaa isiniin jedhe gochuu keessan mirkaneeffattaniittuu? Amma yaada qulqulla'aadhaan jirtuu? Yaadadhaa, tarii carraa kana lammata deebitanii argachuu dhabuu dandeessu. Taraii waraabbiin adeemsifamaa jiru har'a galgala dhaabachuu danda'a. Tarii inni kun waan hundumaa kan of keessatti qabatu ta'uu danda'a. Tarii teeppiin kun isa dhumaa isiniif ta'uu danda'a. Amma qophaa'oo akka taatan mirkaneeffattaniittuu? erga akkas ta'ee, Maqaa Gooftaa Yesusiin harka keesan keessatti hambiseera.

149 Amma utuu warri qu'aarii suuta faarfachaa jiranii, warra gara gadii jiran kanaaf nan kadhadha. Ani Kristaana addaati. Fayyina kan kennu Waaqayyo akka ta'e nan amana. Sagalicha kan dhaabu Waaqayyo akka ta'e nan amana. Macaafa Isaayaas keessatti, “Ani Gooftaan muka Wayinii sana dhaabeera. Ani eegduu isaati, yeroo hundumaa bishaan nan obaasa, namni tokko illee akka isa hin miinetti, halkanii fi guyyaa isa nan eega, namni harka koo keessa isa butus hin jiru” jedheera. Eenyu illee utuu namoota kana bira, gara iddoo aarsaa hin dhufin dura, ofii kootiin isaaniif kadhadha.

Amma mataa keenya gadi haa qabannu.

150 Yaa Yesus jaallatama, sgalee kee isa raajiin kee dubbate dubbiseera, dubbiin raajotaa immoo dhugaa akka ta'e nan beeka. Ati immoo, “Ani Gooftaan isa dhaabeera” jetteetta. Maaliif jennaan, Ati uumamuu biyya lafaatiin dura Macaafa Hoolichaa irratti caafteetta'oo. “Ani Gooftaan isa dhaabeera, ani eegduu isaati, yeroo hundumaa bishaan nan obaasa, anmi tokko illee akka isa hin miinetti, halaknii fi guyyaa isa nan eega, namni harka koo keessaa isa butus hin jiru” jetteetta. Isaan kun, yaa Gooftaa, tarii waamicha iddoo aarsaa si'a baay'eef dhaga'aniiru. Garuu yaa Goofataa, ati amma iyyuu bishaan isa obaasaa jirta.

Kunoo galgala kana fuula kee dura jiru. Yaa Abbaa, galgala kana waan biyya lafaa hundumaa irraa, cubbuu fi rakkina yaada garaa isaanii keessa jiru irraa haa hiikaman, ulfina keetiin keessa laphee isaanii Sagaleetiif bani. Amma akkas jedhaa, “Yaa Gooftaa Yesus, wanti utuun argachuu qabuu hamma har'aatti hin argati jiru akka jira, keessa garaa kootti nan amana. Yoon yaalaa ture iyyuu, akkuma amma ibsamaa ture, ani indaaqqoo duukaan bu'aa kana ture yoo ta'u, haa ta'u malee waan keessummaa ta'etu natti dhaga'ama ture. Karaa sirrii irra akkan hin jirre natti dhaga'ama. Sana booda, har'a galgala kana gara irree Sagalee isa jiraataatti akkan dhufaa jiru, akkan itti dhi'aachaa jiru natti dhaga'ama. Amma ulfina keetiif yaada sammuu koo isa sirrii qabadhee gara kee dhufeera. Iddoo aarsaa kanaatti gadi gombifameera. Yaa Gooftaa, ani dhugaadhumatti fayyinan barbaada.ani baay'ee beela'eera. Yaa Gooftaa, galagala kana bobaa kee jalatti akka na qabattun barbaada. Yaa Waaqayyo jaallatama, miira sosochiitiin utuu hin ta'in, Hafuura jaalalaatiin bobaa kee jalatti na qabadhu.”

“Ani mucaa keeti. Ilmoo joobiraa isa waa'ee isaa dubbachaa oolan akkan ta'e natti dhaga'ama. Ol utaalaan jiraatii, harka na qabi yaa Gooftaa. Ani teessuma koo irraa ka'ee, kunoo si dura jilbeenfadheera. Yaa Gooftaa harka na qabi. Ol utaalaan jira. Waan biyya lafaa kana irraa koochoo keetti ol na fudhu. Xuraa'ummaa biyya lafaa irraa, hojii koo isa gadhee irraa, aadaa garee amantii kootii irraa gara keettan balali'a. Hafuurri kee Qulqulluun ana irratti dhangala'ee amanuu diduu koo hundumaaf dhiifama akka naaf fiduuf, yaa Waaqayyo gara keettan baqadha. Galgala kana mucaa kee isa haareffame, isa lammata dhalatee fiisa uumama haaraa ta'e na godhi. Harka na qabi. Iyya Indaaqqoo kana jalaa ol fuudhii na baadhu. Hamman balali'uu danda'utti iddoon itti Sagalee Waaqayyootiin sooramu, gara man'ee joobiraattti baadhuu na geessi.”

Yaa Waaqayyo jaallatama, isa kana isaaniif dhaga'i. Isaan kan kee waan ta'aniif, isaan fudhadhu. Inni kun kadha koo isan gadi of deebisee, namoota du'aa jiraniif kadhadhe dha. Yaa Waaqayyo nuuf dhaga'i. bakka isaanii bu'een kadhata kana gara keetti dhi'eessa. Ulfina Waaqayyootiin kadhadha.

Amma akkuma mataa keenya gadi qabannetti jirra.

151 Warri as iddoo aarsaa jilbeenfattanii jiratan na dhibdu. Baay'een keessan ani Kristaana ofiin jechaa turtan, garuu iddoo ta'ee, wanti ta'e, wanti isin kanaan dura hin qabne isinitti dhaga'ameera. Tarii hojii amantii hundumaa hojjettaniittu ta'a. Tarii sagalee ol fudhattanii iyyitaniittu ta'a. Tarii waan hundumaa gootaniittu ta'a. Tarii Hafuuraan shubbistaniittu ta'a. Tarii afaan haaraatiin dubbattaniittu ta'a. Isa kana mormuudhaan namni waan tokko illee dubbatu hin jiru. Inni kun dhugaa dha. Inni kun hunduu gaarii dha. Garuu, hubadhaa, isaan kun kennaa hafuuraa, utuu hafuurach hin qabaatinii ti. Utuu hafuurichi isin keessa jiraateera ta'ee, akka waan isinitti faradameetti isinitti hin dhaga'amu ture.

Dhugaadhumatti warri as iddoo aarsaa jirtan, amma yeroo as jirtan kanatti, hiikamuun keessan sosochiidhaan utuu hin ta'in, amatii isa dhugaa, amantii isa makaa hin qabneen, Waaqayyo isin simatee, hamma ofii keessanii Joobira taatanii baliitaniitti Sagalee isaatiin isin sooruu isaa in amantuu? Amntanii Waaqayyoon in barbaaddattu yoo ta'e, isin warri as iddoo aarsaa jirtan harka keessan ol qabaa. Waaqayyo isin haa eebbisu. Tokkoon tokkoon keessan harka keessan ol qabaa.

152 Amma dhugaadhumatti suuta jedheen, dhiirotaa fi dubartoota foonii fi dhiiga Gooftaa fudhatan, warra dhugaadhumatti Waaqayyon beekan gaafachuufan deema.

Baay'een isaanii, warrin agara iddoo aarsaatti waame dhiirota dha, waan amaleeffatme kan fakkaatu yoo ta'e illee, wanti kun waan keessummaa wayiiti. Akkuam beekamu haala kanaan duraa keessatti dubartoonnis turaniiru. Garuu asitti hundumtuu dhiirota. Akkan yaadutti galgala kana as iddoo aarsaa dubartii tokko qofaatu jira, tarii nama lama. Garuu yeroo baay'ee dubartoota turan. Garuu hamma tokko, akkan tilmaamutti dubartootaan waanan mormu namatti fakkaata. Obboleettii koo, ani kana hin godhu. Sadii, namni tokko ni hubatu naan jedhe. Ani, as iddoo aarsaatti isaan argaa hin jiru. Tole egaa.

Warri durumaan kristaanummaatti of laattanii jirtan, as kottaa, daqiiqaa muraasaaf anaa wajjin dhaabadhaatii kadhadhaa. Iddoo aarsaa irra, waltajjii irra, iddoo kamiin iyyuu warri jiratan, namni dhugaadhumatti Waaqayyoon beeku hunduu, akkamitti akka isaanii wajjin dhaabatee kadhatu in beeka, waliin kadhannee, sana booda sagantaa keenya har'aa xumurra. Hundumti keessan dhugaadhumatti warra of kennan ta'aa. Hin didinaa. Amma kottaatii as dhaabadhaa.

Namoota wanti kun dhugaa ta'uu isaa amantaniif, nuyi bara kan biraatti ce'aa jirra. Nuyi bara ol butamuutti ce'aa jirra. Baakee, waldaan haala kanaan isatti ce'uu hin dandeessu, foo'inas agarsiisuu hin dandeessu. Kana caalaa gadhee ta'aa deemti. Isa kana nama meeqatu beeka? “Ameen” jedhaa. [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Isa durii caalaa gadhee ta'eera. Haala kanaan immoo ol butamuu hin dandeessu. Hubattanii? Isheen waan ta'e tokko ta'uu qabdi, isas immoo yaa fira koo, kunoo amma deemsa irra jirti. Adeemsa irra jirti. Adeemsichi Misirroodhaaf itti fufee jira. Inni kun dhugaa dha. Isa kana WAAQAYYOTU DUBBATE.

Kiristaanonni of kennitan, warri waraabamuu barbaaddan, warri gadi of deebistanii dhuftan, warri isaanii wajjin aarsaa kadhataa dhi'eessuu dhuftan hunduu ol kottaa, akka obboleessaa fi obboleettiitti, gara iddoo aaarsaatti ol kottaa. In kadhannaatii, yeroo xiqqoodhaaf as dhaabadhaa. Namni kan biraan dhufee as dhaabachuu barbaadu jiraa? Isaanii wajjin jilbeenfadhu. Xiqqoo adeemaa, warri dhiiraa warra dhiiraa bira, warri dubartootaa warra dubartootaa bira deemaa. Bareechaatii, gadi of deebisuudhaan isaaniif kadhadhaa.

Yaa Waaqayyo jaallatama, gargaarsa…?...

153 “Ani hundumaa booji'eera. Ani dame amantii koo booji'eera. Ani gaa'ela koo isa jalqabaa booji'eera. Ani abbaa manaa koo isa jalqabaa booji'eera. Yaa Gooftaa, ani waan hundumaa booji'eera.”

…'eera hundumaa.

Hunduu kan keeti, fayyisaa koo eebbifama,

Hundumaa booji'eera.

Hundumaa booji'eera,

…booji'eera.

Yaada ofii keessanii boojitaniittuu? Yaada ofii keessanii boojitanii Sagalee Waaqayyootti of in laattuu?

Hunduu keeti, fayyisaa koo eebbifama,

Hundumaa booji'eera.

Hundumaa booji'eera,

Hundumaa booji'eera.

Hunduu kan keeti, fayyisaa koo eebbifama,

Hundumaa booji'eera.

154 Amantoonni warri dhaggeeffachaa jirtan hunduu, ka'aa dhaabadhaa. Amma mee walii wajjin haa faarfannu.

….booji'eera.

Warri hundumaa boojitan faarfachuuf qophooftanii?

Hundu…

Hunduu keeti, fayyisaa koo eebbifama,

Hudumaa…

Amma egaa, warri naannoo iddoo aarsaa jirtan, yoo dhuguma of boojitaniittu ta'e, gara isaatti harka keessan ol qabaa faarfadhaa. “Hundumaa booji'eera. Damee amantii booji'eera. Dame amantii booji'eera. Waldaa booji'eera. Ofii koo booji'eera. Yaada koo booji'eera. Hunduu keeti, fayyisaa koo eebbifama, hundumaa booji'eera. Hunduu kan keeti, …”

Hundumaa booji'eera.

Hundumaa booji'eera.

Hunduu kan keeti, fayyisaa koo eebbifama,

Hundumaa booji'eera.

Dhugaadhumatti laphee keessan irraa jettanii?

Hundumaa booji'eera,

[Teeppii irra iddoo duwwaatu jira.]

155 Isin iddoo aarsaa jirtu. Isin warri naannoo iddoo aarsaa jirtan, isiniif kadhatameera. Waldaan isiniif kadhatteetti. Isinis ofii keessanii kadhattaniittu. Karaan isin ittiin fayyuu dandeessan tokko qofaatu jira, innis, “Isin ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan; inni immoo kennaa Waaqayyooti malee gochaa ofii keessanii miti.” Ayyaanni Waaqayyoo isinitti dubbatee gara iddoo aarsaa kanaatti isin fide. Isin eebba Waaqayyoo warra barbaaddachaa jiranii dha. Isin Sagalee isaa barbaaddachaa jirtu. Isin Hafuura Qulqulluu isaa barbaaddchaa jirtu. Isin simboo Waaqayyoo barbaaddachaa jirtu. Yoo akkas taatan, yoo dhugaadhumatti garaa keessan guutuun dabaristanii of kennitan, isa kan hundumaa argachuu dandeessu. Amma, miira sosochii kamiin iyyuu hin barbaadinaa. Dhugaa barbaadaa, dhugaa tokkicha isa amantiidhaan laphee keessan keessa jiru barbaadaa. “Yaa Gooftaa, waan Sagaleen kee akkan raawadhuuf na abboomu hundumaa, nan raawwadha. Waan na keessa jiru hundummaa wajjin ofii koo dabarseen sitti laadha.”

Laphee keessan guutuudhaan in amantu yoo ta'e, miilla keessan ol kaatanii dhaabattanii, fuula keessaniin gara Waldaatti, gara warra dhaggeeffachaa jiraniitti garagaltanii, harka keessan ol qabdanii, isaanii wajjin faarfanna. “Yaa Waaqayyo waan ana keessa jiru hundumaa, dabarseen sitti kenna. Beekumsan qabu hundumaa, eenyummaa koo hundumaa booji'eera.”

Warri iddoo aarsaa jirtan gara Waltajjiitti ol ba'aa. Obboloota koo gara waltajjiitti ol ba'aa, oluma kotaa hundu keessaan, obboleessaa fi obboleettiin oluma kottaa.

Waldaan as ilaalaa.

[Obboleettiin tokko, “Obboleessa koo Branhaam, ani miseensa waldaan ture, amma booda garuu achi keessa jiraachuu hin barbaadu” jette.] Of kenniteettaa? [“Iddoon ani isaan itti geeggeeffamuu barbaadu eessa akka ta'e, Gooftaan in beeka. Ani kanan barabaadu…?...gara Waldaatti. Ani Hafuura Qulqulluun barbaada, Hafuuraan guutamuun barbaada. Kun hin ta'u taanaan, ani dhi'oottan du'a.”] Eeyyee. Inni kun sirrii dha. Waan hundumaa isaa fi Sagalee isaatti dabarsitee laatteettaa?

156 Obboleettiin asitti argitan kun dhaabbata amantii keessaa dhufte. Isheen, “Ani miseensa dame amantii tokkooti” jette. Maqaa dhaabbatichaa waamuu in dhiifna. Isheen hojjettuu dhaabbata sanaati. Garuu isheen, “Obboleessa koo Branhaam, ani isa keessaa gara dhugaatti ba'uun barbaada. Ani waan is asana caalmaatti gadi fageenya qabun barbaada” jette. Argitanii?

Mee Sagalee isaa keessaa iddoo tokkon isiniif tuqa. “Warri waan qajeelaa akka midhaanii beela'anii, akka bishaanii dheebotan haa gammadan, isaan geessifachuuf jiru.”

Amma egaa, warri waltajjii irra jirtan, warri amma dhuftan, eenyummaa keessan guutummaatti dabarsitanii isatti kennuuf qophaa'oo yoo taatan, Sagalee isaa hundumaatiif abboomamaa. Torbana kana

keessa waan gochuu qabdan namni isinitti hime hin jiru. Egaa, amma yoo ofii keessan isatti dabarsitanii kennuuf phooftaniittu ta'e, harka keessan akkasitti gara sabaatti ol qabaa. Amma egaa, warri as waltajjii irra jirtan, hundumaa booji'eera jennee walii wajjin faarfanna. Hundumti keessan, wal faana faarfanna. Baay'ee gaarii dha.

Hundumaa booji'eera,

Laphee keessan irraa jedhaa!...?...

157 Dhugaadhumatti laphee keessan irraa faarfattanii? “Ameen” jedhaa. [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Amma, “Ameen” jedhaa. [‟Ameen.] ”Gooftaa‟ jedhaa, [”Gooftaa,‟] ”Na barbaadi.‟ [”Na barbaadi.‟] ”Na qori.‟ [”Na qori.‟] ”Carraas naaf kenni.‟ [”Carraas naaf kenni.‟] ”Wanti ani galgala kana gochuu danda'u isa kana.‟ [”Wanti ani galgala kana gochuu danda'u isa kana.‟] ”Innis immoo sitti of kennuu dha.‟ [”Innis immoo sitti of kennuu dha.‟] ”Ati beela garaa kootii in beekta.‟ [”Ati beela garaa kootii in beekta.‟] ”Ati fedhii koo in beekta.‟ [”Ati fedhii koo in beekta.‟] ”Kakuun kees fedhii koo sana guutuu dha.‟ [”Kakuun kees fedhii koo sana guutuu dha.‟] ”Amma isa fudheera.‟ [”Amma isa fudheera.‟] ”Dabarsee sitti kenneera.‟ [”Dabarsee sitti kenneera.‟] Hundumti keenya wal faana,

Hundumaa booji'eera,

Hundumaa booji'eera

Hunduu keeti, fayyisaa koo eebbifama,

Hundumaa booji'eera.

www.messagehub.info

Kan Lallabame

Williyaam Maariyoon Biraanhaam

"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7